


Mana Murtii Waliigala Oromiyaa

Mootummaa Naannoo Oromiyaaatti
Mana Murtii Waliigala Oromiyaa
የኮርት ማኅበረ ጠቅላይ ፍርድ
Supreme Court Of Oromiya

ARSLG P/E 10717/2006

Murtilee Filatamoo Dhaddacha Ibbaataa Mana Murtii Waliigala Oromiyaa



Jiddii 1, Lakk. 01
Addoleessa, 2005
Finfinnee

Mana Murtii Waliigala
Oromiyaa

Dhaddacha Ijibbaataa
Murtiilee Filatamoo

Ergaa Pirezidantii Mana Murtii Waliigalaa



Obbo Damoozee Maammee
Pir/Mana Murtii Waliigala Oromiyaa

Manni Murtii Waliigala Oromiyaa Aangoo fi dirqama seera hiikuu heeraa fi seeraan kennameef bu'uura godhachuudhaan kenniinsa tajaajila Abbaa seerummaa bu'a qabeessaa ta'e, hojimaataa Iftoomina qabuun kan kennaa jirudha.

Sadarkaa Mana Murtii Waliigalaatti Dhaddachi Ijibaata dhimmoota naannicha murtii dhumaa argatanii "dogoggora seeraa isa bu'uura qabu jedhamanii komatamanii dhihaatan ilaalee Murtii kennuuf kan hundaa'e yommuu ta'u murtiilee dhaddacha Ijibaataa kana keessaa kan barsiisoo ta'an akka maxxanfamanii raabsaman qorannoo BSC Manneen murtii keenyaa gaggeeffameen taa'eera.

Murtiileen dhaddacha Ijibaata Maxxanfamanii raabsamuu isaanitinis:

- Abbootii seeraa Manneen Murtii Oromiyaa sadarkaa hundarratti argaman falmii dhimma tokko irratti hubannoo wal-fakkaataa ta'e akka qabaatan gochuun,
- Kenniinsa murtii haqaan wal-qabatu ilaalchisee iftoomni akka jiraatu taasisuun,
- Hubannoo seeraa uumatni akka argatu gochuun murtiileen tilmaamamoo faayidaan isaa ol'aanaadha.
- Murtiileen dhaddacha Ijibaataan kennaman kana tilmaamamoo fi barsiisoo taasisuuf yoo tattaafannus hanqinni jiraachuun kan hin ooledha. Hanqina gama kaminu mul'atan kana hanga danda'ametti muuxannoo Mana Murtii Federaalaa fi yaada dubbiftoota Murtiilee kanarraa nuuf dhihaatuun gabbisuun kan fooyyeessaa deemnu ta'uu ibsaa, murtiileen filatamoo dhaddacha Ijibaata Mana Murtii Waliigala Oromiyaan kennaman Jildiin 1^{ffaa} bara 2005 Maxxanfamee bahuu isaaf kanneen Murtiilee kana dubbisaniif бага gammadan jechaa, itti fufiinsa maxxansa Jildii Murtiilee kanaaf yaadni fi deeggarsi ogeessota Seeraa Abukaatoota dhuunfaa, Abukaatoota biroolee, Abbootii Seeraa keenyaa fi dubbiftoota irraa dhihaatu murteessaa waan ta'eef yaada fi deeggarsa keessan nuuf gumaachuudhaan Tajaajila abbaa seerummaa Manneen Murtii Naannoo keenyaan kennamu; qulqulluu, si'ataa fi haqa qabeessa ta'u waliin haa tumsinu.

Murtiilee Filatamoo Dhaddacha Ijibaata Mana Murtii Waliigala Oromiyaatti kennaman.

Lakk	Wal-Falmtoota		Gosa falmii	Lakk Galmee	Guyyaa murtii kenname	Fuula
	Iyyataa/ttoota	Deebii kennaa/tootaa				
1	Tsahaay Lammaafaa(n-2)	Maamituu Taaddasaa	Sivilii:- waliigaltee bittaa fi gurgurta mana jireenya	148114	14/01/2005	1-14
2	Maariyaa Birraatuufaa(n-2)	Gabiyaanash Fiqiyibaluu	Sivilii:-qabeenya dhaala	148479	14/01/2005	15-22
3	Hospitaalaa Adaamaa	EVE Waldaa maxxansaa dhuunfaa	Sivilii:-Raawwii waliigaltee hojii	146095	05/02/2005	23-38
4	Shambal Gazzahaanyi G/ mikaa'el	Taaddasaa Kabaafaa	Sivilii:-Qabeenya dhaala dhirs fi niiti	146585	05/02/2005	39-50
5	Alam Magarsaa	Faasiil Yohaannis	Sivilii:-Qabeenya dhirsaa fi niitii	146429	05/02/2005	51-61

6	Malaakuu Mangistee Dastaa	Abaataa Taaddasa	Yakkaa:- Ajjechaa lubbuu	128514	05/02/2005	63-68
7	Tazarraash Hayiluu	Dastaa Baqqalaa	Sivilii Qabeenyaa	135452	19/02/05	69-74
8	Waajjira lafaa fi Eegumsa Naannoo Bulchiinsa Magaalaa Bushooftuu(N-2)	Waldaa Ilillee Oomisha Albuuda Cirracha diima	Sivilii:- Falmii lafa investmentii	156662	22/04/2005	75-82
9	Saamunaa Nuur	Xaahiir Baqataa	Siviilii:-Kaasaa	108717	18/11/2003	83-85
10	Taamirat Tasfaa	Abbaa Alangaa		147611	08/04/2005	86-98

11	Junyadii Qaasiim	Mana Barumsaa Abbayyii Heebaa	Siviilii:-Falmii kira lafaa	147755	15/04/2005	100-115
12	Angaraasaa Baqqalaafaa(n-2)	Waldaa Aksiyoona Burqaa Gafarsaa	Siviilii:-Famii lafaa	109620	26/07/2003	117-143
13	Yooseef G/ sillaasee	Asaaffuu G/ kidaan	Siviilii:- Qabeenyaa dhaalaa	149057	27/05/2005	144-151
14	Haragawwyiin Alamuu	Araggash Tamamiraat	Siviilii:-Falmii qabeenya	148693	20/05/2005	153-162

15	Taatee Maammoo	Badhaatuu Beeksisaa	Siviilii:- Waliigaltee bittaa fi gurgurtaa	146671	27/05/2005	163-172
16	Asmarat Mokonnin	Kifluu G/ maariyaam	Siviilii:- Qabeenya	129921	20/05/2005	173-192
17	Seyifuu Wadaajoo	Mahaammad Abdusalaam	Siviilii:-Kira lafaa	148653	13/05/2005	193-200

Abbootii seeraa:

1. Damozee Maammee
2. Fiqruu Guutumaa
3. Qana'aa Qixxaataa
4. Abdusalaam Sirraaj
5. Darajjee Mangistuu

- Iyyatoonni-** 1. Tsahaay Lammaa dhihaate
 2. Gizaachoo Kabbadaa

Deebii Kenna -

- Maamituu Taaddasaa B/B Wandimu Habashaa

Galmee kana qorannee murtii kanaa gadii kannineerra.

MURTII

Galmee kun dhaddacha ijibbataaf dhihaachuu kan dandahe iyyatoonni ammaa murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Lakk.G. 113781 tahe irratti dhaddacha gaafa 25/07/2004 ooleen murtii Mana Murtii ol'aanaa Godina shawaa Lixaa diiguun kenne

14	የገቢት ገዢ						
13	የገቢት ገዢ						

Lakk G.1481 14

Guyyaa 14/01/2005

Abbootii seeraa:

1. Damozee Maammee
2. Fiqruu Guutumaa
3. Qana'aa Qixxaataa
4. Abdusalaam Siraaj
5. Darajjee Mangistuu

Iyyatoonni- 1. Tsahaay Lammaa dhihaate
 2. Gizaachoo Kabbadaa

Deebii Kenna -

- Maamituu Taaddasaa B/B Wandimu Habashaa

Galmee kana qorannee murtii kanaa gadii kannineerra.

MURTII

Galmee kun dhaddacha ijibbataaf dhihaachuu kan dandahe iyyatoonni ammaa murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Lakk.G. 113781 tahe irratti dhaddacha gaafa 25/07/2004 ooleen murtii Mana Murtii ol'aanaa Godina shawaa Lixaa diiguun kenne

kun dogoggora bu'ura seeraa kan qabu dha akka naaf sirraahu jechuun iyyannoo gaafa 12/08/2004 barreeffameen waan dhiheeffatanii fidha.

Ka'umsi falmii kanaa mana murtii ol'aanaa irraa yoo tahuu iyyatoonni (himatamtoota)deebi kennituun(himattuu)dha.Falmiin falmii waliigaltee bittaa fi gurgurtaa mana jireenyaa yoo tahu deebii kennituun himannaa mana murtii ol'aanaatti dhiheesiteen iyyatoonni abbaa manaa fi haadha manaa tahuun waliigaltee bittaa fi gurgurtaa gaafa 03/06/1995 godhameen mana jireenya isaani magaalaa Amboo gandaa 01 keessatti lafa baliina Km.360 irratti qubateefi maqaa iyyattuu 1^{ffaa}tiin galmaahe jiru mana balbala lama qabu qarshii 12,000(kuma kudha lamaan)anatti gurgurani boodaas qarshii 4000(kuma afur)dabaleefi waligaltee qarshii 16,000(kuma kudha jahaa)kafalee fi osoo jiru waligaltee bittaa fi gurgurtaa waajjira galmeessaa waliigaltee fi ragaa godina shawaa lixaa bitaa fi mirgi mallateessuuf waligaltee iyyatoonni har'aa boru osoo jedhanii waan didaniif heyyamamaa yoo tahan waligaltee mallateessanii maqaa akka naaf jijjiran yookaan mana kana eega ana harka galee booda mana moofaa haaromsuuf qarshii 34,087(Kuma soddonii afurii fi saddeetamii torba)waan itti baaseef

yeroo ammaa manichi kun yoo gurgurame qarshii 115,000(Kuma dhibba tokkoo fi kuma kudha shanii) ni baasa waan taheef kisaaraa sababa kanaan ana irra gahuuf iyyatoonni ittigaafatamoo waan tahaniif qarshii waligalaa 149,087(Kuma dhibba tokkoofi kuma afurtamii sagalii fi saddeetamii torba)akka naaf kafalan kan jedhu dha. Iyyatoonni gama isaanitiin deebii kennaniin Waligaltee bittaa fi gurgurtaa deebii kennitu waliin raawwanne hin jiru.waligaltee bittaa fi gurgurtaa jechuun kan dhihaate mallattoo waligaltee kennitootaa fi waligaltee fudhattu akkasumaas mallattoo ragaalee hin qabaannee fi akkaataa seeraatiin hin raawwataminitti qarshii 16,000(kuma kudha jahaa) kafaltii bittaa fi gurgurtaa manaa osoo hin tahin liqqi irraa fudhane,waligalteen jiduu keenya sila hin jireef deebii kennituun mana akka haarawoomsitu namni isiif heyyameef hin jiru kanaaf mirga tokko illee nu gaafachuu hin dandeessu jechun falmaniiru.

Manni murtii ol'aanaa bitaa fi mirgaa falmisiise murtii kenneen waligalteen bittaa fi gurgurtaa mana jireenyaa bitaa fi mirgaan akkasumaas ragaaleen yoo hin mallataahiin tahe illee iyyata gaafa 03/06/1995 irratti waan mallataaheef, mana dabarsanii deebii kennituuf kennuufi kaartaa fi pilaanii kan kannaniif irraa ka'uun

waligalteen bittaa fi gurgurtaa manaa jiddu isaanii ni jira. Garuu waligaltichi qaama walgaltee galmeessu biratti waan hin galmaahiniif yokaan hin taasifaminiif diriqisaa miti. Waan taheef iyyatoonni mallaqa bittaa fi gurgurtaa manaa sababeefachuun fudhatanii fi deebii kennituun mana harawoomsuuf baafte bakka buusuuf waan dirqamaniif qarshii 49,357(Kuma afurtamii sagalii fi dhibba sadihiifi shantamii torba)kafaltii abbaa seerummaa fi durgoo abukaatoo dabalatee akka deebii kennituuf kafalan jechuun murteeseera.

Deebii kennituun waligalteen bittaa fi gurgurtaa diigamuu hin qabu yokaan sababa waliigalteen diigameen bahiin mana harawoomsuuf baase hundi akka naaf deebi'u naaf hin murtoofne jechuun, iyyatoonni immoo waligalteen bittaa fi gurgurtaa osoo hin jiraatiin bahii mana harawoomsuuf deebii kennituun baafte akka kafalu nutti murtaahuun sirri miti jechuun komii qaban galmee adda addaatti mana murtii waliigala Oromiyaa dhaddacha jiddugaleessaatti kan dhiheeffatan yoo tahu manni murtii oliyyata dhagahe kunis galmee iyyatoonni ammaa kun itti komatan ilaalchise komiin oliyyannoo hin dhiheesisu jechuun yoo cufu galmeen debii kennituun itti oli iyattee immoo hin dhiyesisaa jechuun bitaa fi mirga eega falmisiise booda waligalteen bittaa fi gurgurtaa

bitaa fi mirga jiddu jiraachuun eega mirkanaahe sababa qaama waligaltee galmeessu duratti hin taasifaminiif kan diigamu yoo tahe illee deebii kennituun mana kana eega bitte booda qarshii guddaa ittibaastee kan haarawoomsite sila tahee fi bakka duraan turanitti deebisuuf rakkisaa waan taheef waligaltichi hanqina yoo qabaate illee akkuma jirutti haa turu jechuun murtii mana murtii ol'aanaa fooyyeessuun murteeseera.

Iyyatoonni ammaa murtii manni murtii waliigalaa galmee lachuu irratti kenne komachuun iyyata adda addaa barreessuun ijibbaataaf dhiheessaniin galmeen lama jechuun galmee lakk.135824 tahee fi galmeen Lakk.148114 tahan adda addatti banamanii dhaddacha kanaaf dhihaataniiru, komiin iyyattootaas waliigalteen bittaa fi gurgurtaa mana jireenyaa taasifne osoo hin jiraatin manni murtii jalaa waligalteen jira jechuun mana hin gurgurin deebii kennituu akka kennu yokaan mallaaqa deebii kennituun bittaa manaatiifi haarawoomsa manaatiif baaste kafalaa jechuun murtiin adda addaa kenname dogoggora waan taheef akka nu irraa diigamu jechuun gaafataniiru.

Dhaddachi kuniis komee iyyannoo dhihaate, murtii manneen murtii jalaan kannamee seera waliin ilaaluun deebii kennituun mana waligaltee bittaa fi gurgurtaatiin

bitte eega bitte booda haroomsuuf maallaqa guddaa waan itti baaftaaf waliigalteen diigamu hin qabu jechuun murtiin kanname seera qabeesummaa isaa bakka bitaafi mirgi jiranitti qulqulleesuuf ni dhiheesisa jedhamee deebii kennituun deebii akka itti kennitu taasifameera. Haaluma kanaan deebii kennituun deebii gaafa 13/09/2004 fi iyyata qaxxaamuraa gaafa 13/09/2004 barraahee fi deebii gaafa 04/10/2004 barreessitee dhiheessiteen iyyatoonni waligaltee bittaa fi gurgurtaan mana isaanii anatti gurgurani manni eega ana harka gale booda maallaqa guddaa itti baasee waligaltee naaf raawwachuun yokaan mallatteessu waan didaniif manni murtii waligalteen galmaahu baatu illee ni jira diigamu hin qabu jechuun murtiin kenname sirri waan taheef akka naaf cimuu jechuun falmiteerti. Akkasumaas deebii kennituun iyyata qaxxaamuraa gaafa 13/09/2004 barreessite dhiheessiteen manni murtii waliigala oromiyaatti yeroon ol'iiyannoo gaafadhu ragaa dabalataa (waligaltee bittaa fi gurgurtaa manaa gaafa 12/02/1995 taasifamee akkan dhiyefadhu gaafadhee seeraan ala biraa naaf darbamun isaa dogoggoraa seeraa waan ta'eef akka naaf sirrahu jechuun gaafateerti. Iyyatoonnis iyyata dhiyatee kana irrattii deebii akka itti kennan taasifamee deebii gaafa 18/10/2004 dhihessanin

ragaa dabalataa isheen jettu nuti iyyattooni hin beeknu, ragaan dabalataa sadarkaa dhaddacha kanaatti kan dhihaatu miti, ragaa sobaa gidiraan qophahe dha, yoo tahe illee ragaa gaafa 03/06/1995 fi 03/07/1995 bakka bu'e waan taheef akka ragaatti dhihaachuu hin qabu jechuun falmaniiru.

Kana booda daddachii kunis galmee lameenu hundeen isaa yokaan ka'umsi isaa waan tokko taheef bakka tokkotti qorachuun barbaachisaa tahe waan argameef akka d/f/s/s.kew.11 walitti deebisuun iyyata dhihaatee deebii Kennamee fi murtii manneen murtii jalaan kenname seera falmii kanaaf rogummaa qabu faana galmee qoranneerra. Akka qorannetti seerummaan deebii kennituun dursa mana murtii ol'aanaatti gaafate maali? hundee seera ni qaba? waligalteen bittaa fi gurgurtaa mana jireenyaa bitaa fi mirga jidduu ni jira moo hin jiru? ragaan barruu bittaa fi gurgurtaa mana falmii kaase deebii kennituun akka ragaa dabalataatti naaf fuudhamu qaba jettu ragaa rogummaa qabu moo miti? ragaan kun mana murtii jalaa fuudhe ilaalu qaba ture? Ragaa rogummaa qaba moo miti? Waligalteen yoo hin jiraanne iyyatoonni mana falmii kaase Kan iyyatootaati moo bittaa fi gurgurtaan kan deebii kennitu taheeraa?

Yokaan immoo iyyatoonni gatii bittaa fi gurgurtaa manaa fudhatani fi maallaqa mana haarawoomsuuf deebii kennituun baaste jedhame deebii kennituuf kafaluuf ni dirqamu moo hin dirqaman? Kan jedhu qabxiilee furmaata barbaadan tahnii argamaniiru.

Falmii bitaafi mirgaa irraa akka hubatamutti iyyatoonni waligalteen bittaa fi gurgurtaa mana jireenyaa jiddu keenya hin jiru yoo jedhan deebii kennituun immoo waligalteen jira jechuun kan falman akka tahee dha.

Bu'ura kanaan falmilee kana ka'umsa godhachuun abbaan qabeenyaa tokko qabeenya isaa keessaahu qabeenya hin sochoone abbaa qabeenyuummaa nama kan biraatiif karaan ittiin dabarsu dandahu keessaa inni tokko waligaltee bittaa fi gurgurtaatiin akka tahe tumaalee seera qabeenyaa kew.1184 fi 1185 irraa hubachuun ni danda'ama. Akkaataa kanaan namni tokko qabeenya isaa waligaltee gurgurtaatiin dabarsu yoo barbaade akka seera waligaltee 1675 fi 1680 irratti ibsameen dursa fedha isaan mamii yokaan shakki tokko malee nama isa bitatuuf dhiibbaa fi dirqama tokko malee ibsuu fi irratti waligaluu akka qaban kana malees waan irratti waligalan foormii addaa hordofu qaba jechuun seeraan akka dirqamaatti yoo jiraate

akkaataa formii sanatiin waligaltee isaan tasisuun akka qabaanif kuni ta'uu baanan waligalteen seeraa qabessa ta'e jira jechuun akka hin danda'amne kew.1678(c) gubbatti tumameera. Akkaatuma kanaan waligalteen bitaa fi mirga jiddutti falmii kaase waligaltee bittaa fi gurgurtaa qabeenya hin sochoonee(mana jireenya)sila taheef fi gurgurtaan mana immoo akka seera waligaltee kew.1723 barreeffamaan tahu akka qabu fi qaama waligaltee galmeessu yokaan mana murtii fulduratti tahu akka qabu dirqama kaaheera. Bu'ura kanaan waligalteen akkanaa kun fedha isaanii barreeffamaan taasisuu akka qabanii fi ragaan namni lama waligaltee barruu kana irra jiraachuu fi mallattoon ragaa fi warra qabeenya walitti gurguruuf Wal irraa bituu qabaachuu akka qabu seera waligaltee 1727 fi 2877 gubbatti tumameera.

Waligalteen bittaa fi gurgurtaa mana akkaataa olitti ibsameen yoo hin raawwatiin waligalteen seera qabeessaa jira jechuun hin dandahamu. Gara dhimma harkaa qabnu yoo deebinu waligalteen bittaa fi gurgurtaa mana jireenya jira moo hin jiru? kan jedhu yoo ilaalu waligalteen jirachuu bitaafi mirgi waan wal waakkataniif qaamni waligalteen jira jedhu waligaltee barreeffama

akkaataa seerri olitti kaawameen kan raawwatame tahu dirqama barreeffama dhiheessuutiin hubachiisuu akka qabu kew.2001 fi 2003 irraa hubachuun ni danda'ama.

Falmii bitaa fi mirgi taasisan irraa akka hubatamutti waligaltee bittaa fi gurgurtaa walfalmitoonni barreeffamaan kan taasisaniifi mallattoo isaanii akkasumaas mallattoo ragaa guutame akka ragaatti hin dhihaannee deebii kennituun mataan isii waligalteen akka bitaaf mirgaan hin mallateefaminiifi himata jalatti dhiheesite irratti ibsiteerti. Kanaaf waligalteen bittaaafi gurgurtaa qabeenya hin sochoone jiraachuu mirkaneessuuf dhihaatu ragaa barreeffama tahe bakka jirtuttifi ragaan barruu bakka hin dhihaatinitti waligalteen jira garu waxine jechuun kara diiguu yokaan mirkaneessu haalli itti deemamu jiraachuu hin dandahu. Maaliif yoo jedhame iyyatoonni waligalteen hin jiru jechuun waan haalaniifi deebii kennituun waligalteen jiraachuu ragaa rogummaa dhiheesite waan hin jireefidha.

Dhugaan jiru kana yoo tahe seerummaan deebii kenituun mana murtii jalaatti gaafatte maali kan jedhuuf iyyatoonni waligaltee bittaa fi gurgurtaa ana waliin akka raawwatanfi maqaa abbaa qabeenyummaa manaa

gara koo akka naanneessan naaf taasisa yokaan sababa waligalteetiin qarshiin bittaaafi gurgurtaa manaatiif mana moofa harawoomsuuf baase akka naaf deebisan naaf murteessaa kan jedhu akka tahe galmee jalaa fi falmii taasifame irraa hubanneera. Haa tahu malee waligalteen tokko namoonni fedha isaanitiin kan waligalani malee dirqamaan manni murtii akka dirqama waligaltee uuman waan hin taasifneef seerummaan gaafatame hundee seeraa hin qabu.

Maqaa abbaa qabeenyaa naanneessuun kan dhufu waligalteen bittaaafi gurgurtaa seera qabeessaa ta'e eega uumame booda kan dhufu fi maqaa abbaa qabeenyummaa naanneessuun gahe hojii mana murtii osoo hin tahin gahe hojii raawwachiiftu(Bulchiinsa magaalaa)waan taheefi kaartaafi pilaanni akkasumaas manni falmii kaase harka deebii kennitu jiraachuun ofii isitu kan ibsite waan tahef akka seera 2879 dhimma sababa himannaa qabu wan hin tahiniif jalqabumattu manneen murtii jalaa bu'uura d/f/s/s.231 hafa taasisu osoo qabanii bira kutuun murtii kan kennan dogoggora jenneera.

Deebii kennituun iyyata qaxxaamuraa dhiheesite keessatti manni murtii waligalaa ana irraa fudhuu dide

kan jettu ragaa waligaltee bittaa fi gurgurtaa manaa mulisuufi kan gaafa 12/02/1995 taasifame akka tahe dhaddachi kun ilaaleera. Himanni isii kan jalaa immoo waligaltee bittaa fi gurgurtaa gaafa 03/06/1995 taasifame waan taheef ragaan jalatti naaf fudhamu dide jettu kun waligaltee bittaa gurgurtaa falmii kanaaf ka'umsa taheef ragaa rogummaa hin qanbeefi waligaltee hafa tahe waan taheef ragaan kun naaf fudhamu qaba ture kan jedhu fudhatama hin qabu jenneera.

Walumaagalatti akkaataa olitti ibsameen waligalteen bittaa fi gurgurtaa mana jireenyaa walfalmitoota jidduu osoo hin jiraatiniifi bahii mana haarawoomsuuf bahe jedhame sababa waliigalteen kan bahe tahu bakka hin mirkanaahiniifi iyyatoonni deebisuuf seeraan hin dirqamnetti manni murtii ol'aanaa faallaa olitti balinaan ibsameen iyyatafi nagahee gurgurtaa mana bitaa fi mirga walii barressanii fi kaartaa fi pilaanii akkasumaas manni falmii kaase harka deebii kennitu jiraachuu isaa ragaa namaa falmii kanaaf rogummaa fi fudhatama hin qabne irratti hundaahuun waligalteen jira garu qaama waligaltee galmeessuuf Aangoon kennameef biratti waan hin raawwatiniif waligaltee diiggamu qabu jechuun murtiin kenne dogoggora jenneera.

Akkasumaas manni murtii waliigala oromiyaa falmii bitaa fi mirgi bu'uraa olitti ibsameen ilaluu osoo qabu fi galmee oliyyannoo bitaa fi mirgi adda addatti dhiheessan bakka tokkotti deebisee murtii walfakkaataa tokko itti kennu osoo qabu galmee iyyatoonni oliyyatan irratti hin dhiheessisu jechuun murtii mana murtii ol'aanaa eimsuun ol'iyannoo deebii kennituun dhiheessite irratti garuu faallaa kanaan waligalteen wahituu bitaa fi mirga jiddu osoo hin jiraatiin waligalteen jira garuu waligaltee diiguun bitaa fi mirga bakka duraan turanitti akka seera siviilii 1808(2) fi 1815 deebisuun deebii kennituun mana eega bitte bahii guddaa itti baasteerti waan taheef rakkisadha jechuun akka seera waligaltee 1817 waligalteen akka ragga'ee turu jechuun murtiin kenne dogoggora seeraa isa bu'uraa kan of keessaa qabu tahee argameera.

Ajaja

1. Murtii manni murtii ol'anaa godina shawaa lixaa galmee 41027 taheen dhaddacha gaafa 26/01/2004 ooleen kennee fi murtiin manni murtii waliigala oromiyaa lakk.g.113781 tahe irratti dhaddacha gaafa 25/07/2004 ooleen kennee fi galmee 113763

taheen dhaddacha gaafa 08/05/2004 ooleen cimsuun kenne bu'ura d/f/s/s.kew.348(1)tiin diigameera.

2. Waliigalteen bittaa fi gurgurtaa manaa bitaa fi mirga jidduu waan hin jirreef waligalteen diigamuu yokaan waliigaltee osoo hin diigamne mirkanaahe turu hin jiru waan taheefi mirgaa fi dirqamni waligaltee irraa madduus hin jiru jechuun murtaaheera.
3. G/galchi murtii kanaa manneen murtii jalaa haa dhaqabu
4. Baasii fi kisaaraa sababa falmii kanaan gahuu dandahu bitaa fi mirgi kan ofii haa dandahani
5. Dhorkiin kenname yoo jiraate ka'eera.
6. Galmeen kun murtii dhumaa waan argateef mana galmeetti haa deebi'u.

Lakk.Gal.148479
Guyyaa 14/01/2005

A/Murtii:

1. Bojaa Taaddasaa
2. Naasiir Faaris
3. Tuulii Baayisaa
4. Laggasaa Birraasaa
5. Fiixaa Dachaasaa

Iyyattoota:

1. Maariyaa Birraatuu fi
2. Betelhem Birraatuu-hindhiyane

Yaamamtoota:

1. A/e Gabiyaanash Fiqiyibaluu fi
 2. A/e Tigist Warquu
- Abukaattoo isaanii Birihaanuu Yimaane-dhiyaate

Galmeen qoratamee murtiin itti aanu kennameera.

MURTII

Galmeen kun dhaaddacha kanaaf dhiyaachuu kan danda'e sababa iyyattoonni iyyannaa gaafa 03/09/2004 barreessaniin murtiin manni murtii waliigala oromiyaa Gal.lakk 113155 irratti dhaddacha gaafa 30/08/2004 ooleen murtii manni murtii ol'aanaa G/addaa oromiyaa Naannawaa finfinnee Gal.lakk.04061 irratti dhaddacha

gaafa 06/08/2003 ooleen kenne bu'uura S.F.A.Y.kewt 348(1) tiin cimsuudhaan iyyannaa jiddu galtummaa iyyattoota irratti ammo:

Mana falmiif sababa ta'e abbaan iyyattootaa yeroo lubbuun jiru yaamamtuu 2^{ffaatti} gurguree kan du'e ta'uu qorannoon mallattoo abbaan isaannii laboratorii ykn forensikii komishinii poolisii oromiyaa fi poolisii federaalaatiin taasifame waan mirkaneesseef iyyattoonni mana kana dhaaluuf mirga hin qaban ykn manni kun qabeenyaa dhaalaa kan isaan abbaa isaanii irraa argatan miti jechuudhaan kan murteesse iyyattoonni komatanii kan dhiyaatan yoo ta'u ijoo komii isaanis gabaabinaan:

1. Waliigalteen bittaa fi gurgurtaa yaamamtuu 1^{ffaa} fi abbaa keenya jidduutti taasifame jedhamee akka ragaatti dhiyaatee fuula 1^{ffaa} irratti kan hin maallatteeffamnee fi mallattoon fuula 2^{ffaa} irra jiru kan abbaa keenyaati kan jedhamee dhiyaate kan abbaa keenyaa miti.
2. Waliigalteen kunis qaama aangoo qabu biratti dhiyaatee kan hin galmoonfe ta'ee utuu jiruu.
3. Bu'aan qorannoo poolsii akka ragaa dhumaatti fudhatamuu hin qabu jennee ragaa namaatiin bu'aa qorannoo poolisii kana sobsiifna jennee utuu iyyan-

nuu bira darbamuun isaa,

4. Mana kanas abbaan keenya yaamamtuu 2^{ffaa} utuu hin fuudhiin kan dhuunfaa isaatti horate ta'uu kan agarsiisu ragaa dhiyeessinee utuu jirruu fi
5. Waliigalteen kun ulaagaalaa seeraa kan hin guunne ta'ee utuu jiruu manni murtii waliigalaa iyyannaa keenya kufaa gochuun isaa dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan ta'eef diigamee sirreeffamee baasii fi kisaaraan akka nuuf murtaa'u kan jedhudha. Kanumaan dhaddachi kunis manni murtii tokko falmiin himataa fi himatamaa jidduu jiru sababa himannaa hin qabu(No cause of action)jedhee ejjennoo erga qabatee iyyannaa nama jidduu galuu fuudhee namni jidduu galu ammo qabiyyee ykn qabeenyaa falmiin irratti ka'e irraa mirga qaba ykn hin qabu jedhee murteessuu danda'a moo hin danda'u kan jedhu iddoo yaamamtoonni jiranitti qulqulleesuuf jecha yaamamtoonni deebii akka kennan ajamanii deebii gaafa 04/10/2004 iddoo tokkotti barreessaniin falmiidhuma manneen murtii jalaatti kaasan irra deebi'uudhaan akka waliigalaatti abbaan iyyattootaa fedhii fi hayyama guutuutiin mana kan yaamamtuu 2^{ffaatti} kan gurgure ta'uun isaa qorannoo laaboraatorii komishinii poolisii Oromi-

yaa fi federaalaatiin taasifameen kan mirkanaa'e waan ta'eef murtii manni murtii waliigalaa kallatti kanaan kenne dogoggora seera isa bu'uuraa kan hin qabne waan ta'eef cimuu qaba jechuudhaan baasii fi kisaaraan akka muramuuf gaafataniiru.

Kanumaan dhadachii kunis amma irradabi'uudhan bitaa fi mirgaa murti manneen murtii jala fi galmee hadhoo mana murtii waligalaa irraa dhiyesudhaan akka itti anuti qoratamee jira. Haala kanaan falmiin kun waa'ee walii-galtee bittaa fi gurgurtaa mana jireenyaa raawwachiisu-uf dhiyaate akka ta'e seenaa galmee jalaa irraa hubata-meera. Ka'umsi falmii kanaas himannaa yaamamtuu 1 ffaan ammaa yaamamtuu 2^{ffaa} ammaa irratti mana mur-tii ol'aanaa G/Addaa oromiyaa naannawwaa finfinneer-raatti dhiyeessiteen yoo ta'u innis "yaamamtuu 2^{ffaa}n abbaa warraa ishee waliin mana magaalaa Buraayyuu keessatti lakk.kaartaa BUR/20/96 fi lakk.mana 2732 tiin beekamu waliigaltee gaafa 27/04/2002 mallatteeffameen qarshii 305000 (Kuma dhibaa sadi fi kumaa shantama) nati gurguratee garaa maqaa kiyyatti naanneeffachuuf yoon jedhu sababa mallaqni guutuun naaf hin kaffal-amne jedhuun akka maqaan abbaa qabeenyummaa gara kiyyatti hin naannofne yaamamtuu 2^{ffaa} waan mormiteef

dirqamntee maqaa akka naaf naannessitu kan jedhu ture. Yaamamtuu 2^{ffaa}n deebii mana murtii aannaatti kenitee mana kana akka gurgurtee ammaantee Yaamamtuu 1^{ffaa}n qarshii 10,000,00(Kuma kudhan)waan naaf hin kaffal-leef mormuun kiyya dhugaadha. Amma qarshii kan yoo naaf kennite maqaan yoo naanna'eef hin mormu jettee deebii kenniteetti. kana booda manni murtii ol'anaa sababoota yaamamtuu 1^{ffaa} dirqamtee maqaa nannees-suu hin qabdu jedhu keessaa inni tokko namni tokko dirqamee maqaa abbaa qabeenyaa naaf yaa naanneessu jedhe himanaa dhiyyesuu hin danda'u ykn himanan kun sababaa himana hin qabu jechuudhaan murteesseera. kan booda iyyattuu 1^{ffaa}n murtii mana murtii ol'aanaa komattee ol'iyannoo mana murtii waliigala Oromi-yaatti yoo dhiyeeffattu manni murtii waliigala Oromi-yaas yaamamtuu 1^{ffaa} fi yaamamtuu 2^{ffaa} falmisiisaa otoo jiru iyyatooni amma mana murti waligalati iyyannaa ji-dugaltumaa dhiyeefatani mani kun kan abbaa keenyati malattonni waligaltee kan irraa jirus kan abbaa keenyaa miti. Waliigalteen kunis qaama angoo qabu biratti hin galmoofne waan ta'eef maqaan abbaa qabeenyummaa gara yaamamtuu 1^{ffaa}tti jijjiiramuu hin qabu jechuudhaan mormii dhiyeessaniiru. Kana booda yaamamtoonni ammaa lamaan mallat-

toon waliigaltee bittaa fi gurgurtaa falmiif sababa ta'ee jiru kan abbaa iyyattootaati jechuudhaan falmii waan kaasaniif manni murtii waliigala Oromiyaa mallattoo waliigaltee bittaa fi gurgurtaa irraa jiru laaboraattoriin ykn forensikiidhaan qorachiisuudhaan mallattoon sun kanuma abbaa iyyattootaa ta'uun mirkanaa'eera waan ta'eef iyyattoonni mana abbaan isaanii utuu lubbuun jiruu gurguree ta'uun mirkanaa'eera waan ta'eef iyyattoonni mana abbaan isaanii utuu lubbuun jiruu gurguree du'e irraa mirga hin qaban jechuudhaan falmii iyyattootaa kufaa godheera. Falmii yaamamtoota jidduu jiru ilaalchisee ammo gaaffiin ykn seerummaan yaamamtuu 1^{ffaa} mana murtiitti kan dhiyaatu miti jechudhaan murti mana murti olaanna cimseraa. Bu'uura kanaan manni murtii tokko himannaa ykn iyyannaa dhiyaateef ilaalee murtii kenneef angoo bu'uuraa(Material jurisdiction) kan hin qabne yoo ta'e bu'uura S.F.H.H.Kewt 231(1(b)) tiin iyyannaan ykn himannaan akkanaa fudhatama hin qabu jedhee galmee cufuu akka qabu tumameera. Kun ammo kan taasifamu manni murtii dhimma dhiyaateef sana ilaalee murtii kennuuf aangoo hin qabu jedhamee murtiin kennamu gara ijoo dubbiitti utuu hin seenamiin dura ykn akka S.F.H.H.Kewt.244(1)tiin ijoo dubbiirratti utuu walhin falmisiisiin akka ta'e hubatamuu qaba.

Kana jechuun manni murtii tokko dhimma ykn falmii tokko ilaalee murtii kennuuf aangoo hin qabu kan jedhu yoo ta'e gara ijoo dubbiitti seenee qabiyyee fi ykn qabeenyaan falmiin irratti ka'e kan himataati ykn kan himatamaati ykn ammo kan garee jidduseentotaati jedhee murtii kennuu kan hin dandeenye ta'uun hubatamuu qaba.

Manni murtii falmii himataa fi himatamaa jidduu jiru ilaalee murteessuuf aangoo kan hin qabne yoo ta'e jid-dugaltoota waa'ee falmii himataa fi himatamaa jidduutti geggeeffama jiru irratti falmuuf jidduugalurrattis aangoo kan hin qabne ta'a jechuudha. Sababiin isaas jid-dugalaan falmii tokko keessa kan galu falmiin himataa fi himatamaa jidduutti geggeeffamu mirga kiyya xuqa jedhee kan yaadee fi manni murtii sunis dhimma sana ilaalee murtii kennuuf aangoo kan hin qabne yoo ta'e falmii jiduu galalani falmii akkan irratti dhiyeesisus ilalee murtii kenuuf angoo hin qabaatu. Kun kana ta'ee utuu jiruu manni murtii waliigala oromiyaa falmii himattuu fi himatamtuu jalaa ykn yaamamtoota amma jiduu turee ilalee murtii keenuuf angoo hin qabu jechudhaan murtii manni murtii ol'aanaa kenne erga mirkaneessee booda gama biraatiin ammo falmii iyyattootaa ammaa ykn jid-duugaltoota jalaa fi yaamamtoota ammaa jidduu jiru

ilaalchisee ammo utuu aangoo hin qabaatiin iyyattoonni mirga irraa hin qaban jechuudhaan murtiin kenne faallaa hiikkoo S.F.H.H.Kewt.231 (B)fi244(1)ta'ee waan argameef iyyattoota ammaa ilaalchisee murtii manni murtii waliigalaa kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa ta'ee argameera.

Ajaja

1. Murtii manni murtii waliigala Oromiyaa Gal. Lakk.113155 irratti dhaddacha gaafa 30/08/2004 ooleen falmii iyyattootaa fi yaamamtoota jidduutti kenne ilaalchise bu'uura S.F.H.H.Kewt.348 tiin diiguudhaan akka waliigalaatti manni murtii idilee kallattidhaan falmii kana ilaalee murtii kennuuf aangoo hin qabu jechuudhaan murtaa'eera.
2. Manneen murtii jalaa lamaan akka beekaniif gargaalchi murtii kanaa yaa qaqqabu.
3. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanatti gaheef bita fi mirga kan mataa mataa isaanii yaa danda'an
4. Dhoorkaan dhaddacha kanarraa kennamee tures ka'eera.
5. Galmeen xumura waan argateef cufameera.

Lakk.Gal.146095

Guyyaa 05/02/2005

Abbotii Seeraa:

1. Bojaa Taaddasaa
2. Tuulii Baayisaa
3. Qana'aa Qixxaataa
4. Abdusalaam Sirraaj
5. Fiixaa Dachaasaa

Iyyatataa - Hospitaala Adaamaa

Abuk.Takkaaliny Baqqalaa - dhihate

Yaamamaa- "EVE", Waldaa maxxansaa dhuunfaa itti gaafatamumman isaa murtaa'e.

Abuk Gosaa Zagayyee - dhiyaate.

Galmeen qoratamee murtiin itti aanu kennameera.

Murtii

Galmeen kun dhaddacha ijjiibaataaf dhiyaachuu kan danda'e sababa manni murtii ol'aanaa G/Ad-daa Adaamaa gal.lakk.10629 irratti dhaddacha gaafa 15/01/2004 ooleen ijoo falmii "Dhaabbanni yaamamaa akkaataa waliigaltee bitaa fi mirgaatiin meeshaa qul-

qulina qabu maxxansee iyyataaf dhiyeessera moo hin dhiyeessine “jedhu qabachuudhaan:

Waliigaltee hojii bitaa fi mirgaa jidduutti mallatteef-fame irratti waraqaan maxxasaa addaa addaa dhaabbata yaamamaan hojjetamuuf waliigalame ilaalchisee waraqatichi abbaa giraama meeqaa ta’uu akka qabu waanti ibsame hin jiru.kana malees waliigaltee sana irratti dhaabbanni yaamamaan sampilii (fakkii)hospitaala iyyataa irraa fudhachuu ykn bituu fi akkaataa saampilii kanaatiin hojjetee dhiyeessuuf dirqama kan qabu ta’uun hin ibsamne. Garuu ammo bu’uura waliigaltee isaanii dhaabbanni yaamamaa hojii waliigaltee kanaa hojjechuuf fudhate meeshaa qulqulina qabuun hojjetee dhiyeessuuf dirqama seeneera.Yaa ta’uu malee waliigaltee kana biratti yeroo caalbaasiin bahu namoonni dhaabbata yaamamaa waliin caalbaasii dorgoman akka ragaatti dhiyaatanii dhaabbanni hundi(yaamamaa dabalee)saampilii bitee kan dorgome ta’uu mirkaneesseera. Meeshaalee hojjachuuf waliigalle keessaa “Gal-mee dhukkubsattootaa”waraqaa abbaa giraama 250 irra hojjachuu utuu qabuu abbaa 180 irra hojjateera.Abbaan taayitaa sadarkaa fi qulqullinaatis bu’aa kaardii dhukkubsattootaa yaamamaan hojjatee dhiyeessee qoratee

waraqaa abbaa giraama 191.27 irraa kan hojjetame ta’uu ibseera. Ragoonni namaa gama iyyataatiin dhiyaatanis namoonni caalbaasii dorgoman saampilii meeshaa maxafamuu dursa akka bitatanii fi saampiliin kaardii dhukkubsattootaa abbaa giraama 250 akka ta’e ibsaaniiru. Kana malees dhaabbanni yaamamaa meeshaalee isaan kaanis qulqulina kan qaban ta’uu isaaniif ragaan dhiyeesse hin jiru. Kanaafuu akka waliigalaatti dhaabbanni yaamamaa meeshaalee hojjachuuf caalbaasiin mo’ate bu’uura saampilii bitateetiin ykn fudhateetiin akkasumas bu’uura waliigaltee isaanii dhiyeessineef hospitaallii gatii meeshaalee himannaan irratti dhiyaatee kaffaluuf dirqama hin qabu jechuudhaan kan murteesse yaamamaan ammaa komatee ol’iyyannoo mana murtii waliigala oromiyaa dhaddacha dhaabbii Bahaatti yoo dhiyeeffatu manni murtii waliigalaa ammo bitaa fi mirgaa falmisiisee ijoo:

Meeshaan akka hojjatamu (maxxanfamu)waliigalame haalli qulqullina isaa waliigalticha keessatti ifatti kaayameera(ibsameera)manni murtii ol’aanaa hojii hojjatame hunda kufaa gochuun isaa sirrii dha moo miti”kan jedhu qabachuudhaan akka itti aanutti murti

kenneera.

Waliigaltee bitaa fi mirga jidduutti gaafa 14/12/2003 mallatteeffame keessatti dirqamni dhaabbata yaamamaa kewt 2.1 jalatti tumameera. Innis "Ani waliigaltee kennaan Tasfaayee Girmaa maxxansaa adda addaa maxxansuuf dorgomee Lakk 3,4,5,7,10,11,14,18,28,32,34, fi 37 irratti kan barreeffame waan mowadheef qulqullina isaa eegee hojjadhee kennuuf"kan jedhu dha. Kaardii dhukkubassattoota fi "prescription" ilaalchisee ibse (specification) jiru baayyina/hamma, gatii tokkoo fi gatii waliigalaa qofaadha. Kun ammo kan agarsiisu waliigaltee kana keessatti dhaabbanni yaamamaa kaardii dhukkubsattoota waraqaa abbaa giraama 250 irraa hojjachuu akka qabuu; bifa waraqaa pireskiripshinii maal ta'uu akka qabu kan hin ibsine ta'uu isaati. Iddoo waliigalteen ifa ta'ee jirutti ammo manneen murtii, murtii waliigaltee hiikuu kan hin qabne ta'uun S.H.H.Kewt.1733 jalatti tumameera. Gama biraan iyyataan ammaa meeshaa maxxansaa waliigaltee irratti lakk.3ffaa fi 4ffaa jedhamanii caqafaman yaamamaan fe'ee iyyaataa ammaatti kennuu isaa falmii keessatti amaneera. Kanaafuu iddoo waliigalteen ykn ragaan barruu ifaan jirutti bitaa fi mirga dirqama yaamamaa

ammaa turee waligaltee lakk 2.1 irratti ulagalee meeshaa maxxansaa yammaman dhiyeessuuf seenee giraama fi bifaan (diimaa, gurraachaa) jedhee hin teessifetti ragaa namaa caqasuun murteen kenne faallaa S.H.H.Kewt.2005 ta'ee waan argameef iyyataan mallaa himanni irratti dhiyaate qarshii 143,620.93 (Kuma dhibba tokkoo fi kuma afurtamii sadi'ii fi dhibbaa ja'aa fi diigdamaa santima sagaltamii sadi) kaffaluu qaba jechuudhaan kan murteesse iyyataan komatee kan dhiyaate yoo ta'u ijoo komii isaas gabaabinaan:

1. Dhaabbanni yaamamaa bu'uura saampilii iyyataan ammaa qopheesseen hojjatee Kan hin dhiyeesne ta'ee utuu jiruu.
2. Dirqamni yaamamaa waliigaltee keenya lakk.2.1.jalattii akka ibsametti "Meeshaa qulqullina qabu maxxansaa dhiyeessuuf" Kan jedhu bu'uura saampilii yaamamaan fudhatee of harkaa qabuutiin hojjachuuf akka ta'e ifa ta'ee utuu jiruu fi
3. Dhaabbanni yaamamaa caalbaasii kan dorgomee saampilii hospitaalli iyyataa baase bitachuun akka ta'e ragaan keenyaa fi dhaabbanni maxxansaa yaamamaa waliin dorgommii sanatti hirmaatee ture utuu ibsuu manni murtii waliigalaa sababa gahaa fi

amansiisaa malee murtii mana murtii ol'aanaa diiguudhaan meeshaa qulqulina hin qabnee fi sadarkaa isaa hin eegne fudhannee akka gatii meeshaa kana yaamamaaf kaffalu murtii kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan ta'eef diiggamee murtiin mana murtii ol'aanaa cimuu qaba kan jedhudha.

Bu'uura kanaan dhaddachi waliigaltee bitaa fi mirgaa jidduutti mallatteeffame keessatti kaardii dhukkubsattoota waraqata abbaa giraama meeqa irra hojjatamuu akka qabu yoo hin ibsamne, bifti ykn halluun waraqattoota isaan kaaniis waliigaltee keessatti yoo hin ibsamiin hafan bifa kamtu fudhatamuu qaba kan jedhuu fi dhimmoota ijoowwaan kana waliin walqabatan iddoo yaamamaan jirutti qulqulleessuuf jecha yaamamaan deebii akka kennu ajajamee deebii 15/08/2004 barreesseen:

1. Dhaabbanni yaamamaa waliigaltee gaafa 14/12/2002 iyyataa waliin mallatteessee keessatti kaardii dhukkubsattotaa waraqaa abbaa giraama 250 irraa hojjatee dhiyeessuuf dirqama seenee hin mallatteesne; utuu waliigalteen kun hin mallatteeffamiin dursa dirqama kana hin seenne ykn hin fudhannee,

2. Yaamaman sanada caalbaasii nagahee lakk.949589 ta'een iyyataa irraa kan bite keessattis dirqama kana hin seenne,

3. Iyyataan hojii maxxansaa fedhii isaatiin of harkaan erga gahateen booda tajaajila barbaadameef hin olu jedhee kan falme iyyataa waan ta'eef meeshaaleen kun tajaajila kennuu kan hin dandeenye ta'uu isaani mirkaneessuu kan qabu iyyataa dha malee yaamamaa miti jechuudhaan akka waliigalaatti murtiin mana murtii waliigala Oromiyaa dhaddachi dhaabbii bahaa dogoggora seeraa isa bu'uuraa kan of keessaa qabu waan hin taaneef cimuu qaba jechuudhaan baasii fi kisaaraa sababa falmii kaanaatiin yaamamaarra gaheef iyyataan akka kaffalu akka murtaa'u gaafateera.

Kanumaan dhaaddachi kunis falmii bitaa fi mirgaa, murtii manneen murtii jalaa, galmee haadhoo mana murtii ol'aanaa irraa dhiyeessudhaan seera dhimma kana waliin rogummaa qabu waliin akka itti aanutti qoratameera.

Haaluma kanaan falmiin kun waa'ee waraqaa addaa addaa tajaajila Hospitaalaaf oolan dhaabbanni yaamamaa iyyataaf hojjetaa ykn maxxansiisee akka dhiyeessuuf

waliigaltee gaafa 14/12/2002 bitaa fi mirga jidduutti mallatteeffame irratti kan hundaa'e dha. Mana murtii ol'aanaarratti yaamamaan ammaa himataa yoo ta'u iyyataan ammo himatamaa ture. Falmiin kan eegalee himannaa yaamamaan gaafa 20/03/2004 barreeseen yoo ta'u ijoo isaa gabaabinaan "Waraqaa adda addaa tajaajila hospitaalaaf oolu akkan maxxansee dhiyeessuuf bu'uura waliigalleen dhaabbanni yaamaas bu'uura waliigaltee gaafa 14/12/2002 seenameen haala pirfoormaa dhiyeesseen meeshaalee kana hojjatee iyyataa harkaan yoo gahellee yaamamaan meeshaalee kana mana hojii isaa keessatti galfatee gatii meeshaalee kanaa kaffaluu dideera. Sababiin iyyataan dhiyeessuus kaardiin dhukkubsattootaa akka hojjatamu irratti waliigalame waraqaa abbaa giraama 250 ta'ee utuu jiruu abbaa giraama 180 tiin waan hojjatameef kan jedhu waan ta'eef iyyataan gatii meeshaalee kana qarshii 143,620,93 (Kuma dhibba tikkoo fi kuma afurtamiisadi'ii fi dhibba ja'aa fi diigdama santima sagaltamiisadii) akka naaf kaffalu" kan jedhudha.

Iyyataan ammaa deebii kenneen yaamamaan meeshaalee kan hojjachuu qabu bu'uura saampilii fudhateen ta'uu utuu qabuu kaardii dhukkubsattootaa waraqaa abbaa

baa giraama 250 tiin hojjachuu utuu qabuu abbaa 180 tiin hojjeteera. Waraqaa ajajaa (prescription) akka hojjetu saampiliin kennameef sadarkaan waraqaa fi bifti isaa maal akka ta'uu qabu otoo ifatti ibsuu yaamamaan garuu waraqaa qulqullina hin qabneen maxxansee dhiyeesseera. Meeshaaleen isaan kaanis qulqullina kan hin qabnee fi fakkii (sample) kennameefin ala dha. Keessumaa maxxansi lamaan olitti ibsaman ammo hojii yaamamaan fudhate keessaa qarshii 105,700.00 (Kuma dhibba tokkoo fi kuma shanii fi dhibba torbaa) yoo ta'u parsantaan ammo 73.6 waan ta'eef yaamamaan akkaataa waliigaltee keenyaatiin meeshaa qulqullina qabu waan hin dhiyeessineef meeshaa kana fudhachuuf dirqama hin qabnu; mallaqas kaffaluuf dirqama hin qabu. Meeshaalee kanas iyyataan kan yaamamaa irraa fudhe utuu hin taane yaamamaatu hayyama iyyataa malee mooraa iyyataa keessati buusee deeme jechuudhaan falmeera. Seenaan falmii kanaa gabaabinaan kanuma armaan olitti ibsame yoo ta'u dhaddachi kunis akka itti aanutti falmii kana xiinxaleera.

Bu'uura kanaan waliigalteen akkanaa akka B.H.H.Kewt.2270 (2) jalatti tumametti waliigaltee bitaa fi gurgurtaa akka ta'etti tumameera. Kana jechu-

nis yaamamaan caalbaasiitti hirmaatee erga mo'ateen booda meeshaalee caalbaasiin mo'ate sana oomishee (maxxansiisee) iyyataaf dhiyeessuuf kan waliigalan waan ta'eef dha.

Falmii bitaa fi mirgaa keessatti akkuma manneen murtii jalaa ijoo godhanii qabatan dhaddachi kunis "Dhaabbanni yaamamaa kaardii dhukkubsattootaa, waraqa ajajaa (prescription paper) fi meeshaalee isaan kaan waraqaa abbaa giraama meeqa fi bifa ykn halluu gosa kamiin hojjetee dhiyeessuuf waliigalan" kan jedhu ijoo furmaata argachuu qaban jedhee qabateera. Kanumaan gara waliigaltee bitaa fi mirgaa yoo ilaallu dirqamni yaamamaa waliigalticha kewt. 2.1 jalatti "Dhaabbanni yaamamaa meeshaalee lakk. 3, 4, 5---- irratti tarreeffaman qulqullina isaa eegee hojjetee dhiyeessuu akka qabuu" fi Kewt. 2.2 jalatti ammo "Hojiin isaa qulqullina yoo dhabe baasii ofitiin hojjechiisuuf" akka ta'e tumameera. kana jechuun waliigaltee kana keessatti meeshaaleen hojjetaman "Qulqullina" qabaachuu akka qaban malee qulqullina jechuun maal jechuu akka ta'e waanti ibsame hin jiru. Kun ammoo meeshaaleen hojjetaman waraqaa abbaa giraama meeqaatiin yoo hojjetaman qulqullina qabu ykn hin qaban kan jedhan murteessuuf kan mana

dandeessisu miti jechuudha. Haala biraatiin ibsuun yoo barbaachise: waliigaltee bitaa fi mirgaa keessatti meeshaaleen dhaabbata yaamamaatiin hojjetaman waraqata abbaa giraama meeqaatiin hojjattamuu qabu kan jedhuu fi biftii yookiin halluun isanis maal fakkachuu qabu kan jedhuuf waligalteen kun deebii kan kennu miti. Gama biraan ammoo meeshaaleen dhabbanii yammama hojjechuuf dirqama gale meeshaalee barreessaa addaa waan ta'aniif giraama meeqa irraa hojjetamuu qabu kan jedhuu fi bifti/halluun isaanis maal fakkaachuu qabu kan jedhu ijoo waan ykn dhimmoota murteessoo keessaa tokko dha jechuudha. Kana jechuun meeshaaleen kun waraqaa abbaa giraama meeqaatiinii fi bifti/halluun isaanii maal fakkaachuu qabu kan jedhu murtaa'u malee gareen tokko dirqama isaa baheera ykn hin bane jechuun kan danda'amu miti. Akka manni murtii waliigala oromiyaa murtii isaa keessatti ibsetti giramni fi bifti/halluun meeshaaleen kun ittiin hojjetameen waligaltee irratti ibsamuu dhabuun waligalteen kun ifaa kan nama jechisisuu miti. Sababiin isaas sababaa waligaltee irrattii giramniifi bifti halluun ibsameemu dhabeef dirqamni dhaabbata yaamamaa gama kanaan hin ibsamne ykn hin jiru kan jedhamu yoo ta'e yaamaan waraqaa abbaa giraama 100 ykn sanaa gadii irraas

hojjetee yoo dhiyeesse iyyataan fudhachuuf dirqama qaba jechuu ta'a waan ta'eefidha. Kanaafu waligalteen bitaa fi mirgaa ijowwan kanaaf furmaata kennuu waan hin dandeenyeef waliigalteen kun ifa waan hin taaneef hiikoo kan barbaadu ta'ee argameera jechudha.

Akkaa S.H.H.Kewt.1734 jalatti tumametti waliigalteen tokko ifa ta'uu yoo dhabe(ambiguous) kan hiikamuu qabu:

1. Fedhii fi yaadni namoota waliigaltee sana mallatteessanii maal akka ture barbaaduunii fi
2. Gochaawwaan gareewwaan lamaanii kan waliigaltee duraa fi boodaa ilaalaamuu akka qabu tuma-meera.

Kana irraa ka'udhaan waliigaltee bitaa fi mirgaa keessatti himni”Hojii qulullina qabu...”jedhu ifa waan hin taaneef qulqullina jechuun waliigaltee kana keessatti maal dha? isa jedhu barbaaduun baraachiisaa ta'a jechuudha. Kana hubachuuf ykn arguuf ammo gochaawwaan bitaa fi mirgi waliigaltee kana utuu hin mallatteessiin dura gochaa turan ilaaluun barbaachisaa ta'a. Haalumaa kanan bitaafi mirgii waligaltee kana mallatesuu kan danda'an iyaataan dorgommii caalbaasi baasee yaamamaan ammo dorgomee caalbaasii mo'atee akka

ta'e waliigaltee bitaa fi mirgaa fi falmii bitaa fi mirgaa irraa hubatameera. Adeemsa caalbaasii kana keessatti iyyataan namoonni caalbaasii irratti hirmaatan hundi isaanii fakkii(saampilii)meeshaa irratti dorgomanii bitataniiti yoo jedhu dhaabbanni yaamamaa ammo fakkii(saampilii)kana hin bitanne jedhee falmeera. Kana irratti ragaan jiru ammo ragaa gama iyyataatiin dhiyaatan lamaanii fi dhaabbata manni murtii ol'aanaa gaafate(dhaabbata maxxansaa boolee jedhamu)yoo ta'an ragoonni namaa dhaabbanni yaamamaa caalbaasiitti hirmaachuuf yeroo dhufu fakkii ykn sampilii bitate kan dorgomee ta'uu isaa ibsaniruu. Dhaabbanni maxxansaa boolee jedhamuus mana murtiin gaafatamee dhaabbilee caalbaasii sanitti hirmataan hundii faakki ykn sapilii bitatanii akka ta'ee ibseeraa. Dhaabbannii yaammamaa garuu gamaa isaatiin fakkii ykn saampilii hin bitanee jechuu malee kan gochuu dhabuun isaa ragaan dhiheesse hin jiru. Kana malees dhaabbannii yaammamaa fakiiykn saampilii hin bitiin jechuu maale meeshalee kan waraqaa abbaa giraama meqaafi bifa/hallu gosa kamiin hojechuuf akka iyyataa waliin walii galee ilee falmii isaa keessatti wantii inni ibsee falmee hin jiru. Kanaafu akka waligalatti falmii bita fi mirga fi ragaa galmee haadhoo keessaa jiru irraa hu-

bachuun akka danda'amuutti dhaabbannii yammamaa waraqaa girama meeqaa fi halluu ykn bifa meeshaalee kan ittiin hojjachuu qabu iyyataa irraa bitatee utuu jiruu meeshaalee qulqullinni isaanii fi bifni isaanii fakkii ykn saampilii biteen ittiin dorgomeen ala ta'an ykn qulqullinni sadarkaa gadiirratti argaman dhiyeessuun isaa hubatameera.

Kanumaan gara murtii manneen murtii jalaatti yoo deebinu manni murtii waliigala oromiyaa waliigalteen bitaa fi mirgaa barreeffamaan kan raawwatame yoo ta'ellee dhimmoota waliigaltee barreeffame keessatti hin hammatamiin irratti manni murtii ol'aanaa ragaa dhagahuun isaa sirrii ta'ee utuu jiruu ragaa barreeffamee ragaa namaatiin sobsiisuun faallaa akka S.H.H.Kewt.2005ti jechuudhaan murtiin kenne dogoggora jedhameera. Sababiin isaas waliigaltee barreeffamaa kana keessatti meeshaaleen hojjetamuu qaban waraqaa abbaa giraama meeqaa fi halluu ykn bifa akkamiin akka ta'e waanti ibsame hin jiru. Iddoo kun hin jirreetti ammo manni murtii ol'aanaa ragaa barreeffamaa ragaa namaatiin diigeera kan jechiisuu waan hin taaneef dha.

Akka waliigalaatti akkuma kanaan olitti ball'innaan ibsuuf yaalametti waliigalteen bitaa fi mirga jidduutti mal-

latteeffame sababa giraamnii fi halluun/bifti waraqanni meeshaaleen falmiif sababa ta'an ittiin hojjetamuu qaban ifatti barreeffamu dhabeef dhaabbani yaamamaa kaardii dhukkubsattootaa waraqaa abbaa giraama 250 tiin akkasumas meeshaalee isaan kaan bu'uura iyyataan jedhuun hojjechuuf dirqama hin galle jechuudhaan manni murtii waliigalaa murtii mana murtii ol'aanaa diiguun isaa faallaa hiikoo S.H.H.Kewt.1734 fi 2005 waan ta'eef mutii dogoggora seeraa isa bu'uuraa qabu ta'ee argameera.

Ajaja

1. Murtii manni murtii waliigala oromiyaa dhaddachi dhaabbii bahaa gal.lakk.136752 irratti dhaddacha gaafa 01/05/2004 ooleen kennee bu'uura S.F.H.H.kewt.348 (1)tiin diiguudhaan murtii manni murtii ol'aanaa G/addaa Adaamaa Gal.lakk.10629 irratti dhaddacha gaafa 15/01/2004 ooleen kennee mirkaneessuudhaan murtaa'eera.
2. Manneen murtii jalaa lamaan akka beekaniif garagalchi murtii yaa qaqqabu.
3. Dhorkaan dhaddacha kanarraa kennamee tures ka'eera

4. Haasii fi kisaaraa ilaalchisee iyyataan waan hin gaafanneef bira darbameera.

5. Galmeeen xumura waan argateef cufameera.

Lakk.146585

Guyyaa 05/02/2005

Abbootiin Seeraa:

1. Bojaa Taaddasaa
2. Naasir Faaris
3. Laggasaa Birraasaa
4. Fiixaa Dachaasaa
5. Balaaynash Taaddasaa

Iyyataan-Shambal Gazzahaanyi G/mikaa'el -dhiyate

Waamamaan:

- Obbo Taaddasaa Kabaa
- Shaalaqaa Tashoomaa Taaddasaa
- Aaddee Immabeet Taaddasaa
- Obbo Tasfaayee Taaddasaa hin dhihane
- Obbo. Afawarq Taaddasaa
- Obbo. Xilaayee Taaddasaa

Galmee qorannee murtii kanaa gadii kennineera

MURTHI

Galmeeen kun banamee dhaddacha ijibbaataa kanaaf dhiyeechuu kan danda'eef iyyataan iyyannoo guyyaa 12/06/2004 barreessee dhiyeesseen murtiin manni murtii waliigala oromiyaa dhaddachi dhaabbii bahaa lakk.G.136509 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 22/05/2004

ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaa akka sirratuuf waan gaafateef.

Ka'uumsi dhimmichaa himattoonni jalaa (waamattoonni ammaa) himannaa himatamaa jalaa (iyyataa ammaa) irratti mana murtii aanaa Ada'aatti dhiyeessaniin yoo ta'uu himatichis gabaabinaan,"aaddee shawaayyee Taaddasaa fi himatamaan guyyaa 26/12/1982 akkaataa fuudhaa fi heeruma biyyoolessaatiin kan wal fuudhan yoo ta'uu, dhiirsaa fi niitummaadhaan osoo jiranuu aaddee Shawaayyeen guyyaa 20/05/1996 duuteerti. Aaddee shawaayyee Taaddasaa himataa 1^{ffaa} f intala, himattoota 2ffa-6ffaatiif obboleettii yoo taatu, himatamaaf haadha manaati. Duutuun ijoollee hin qabdu. Haatishee aaddee Turungoo Taklee ishee dursitee duuteerti. Himatamaa fi duutuun yeroo dhirsaa fi niitummaan jiran mana jireenyaa magalaa Bishooftuu ganda 05 kessatti argamu, maqaa himatamaatiin kan galma'e, lakk. manaa 1259 kan ta'e tilmaamaan qarshii 600,000.00 kan baasu, waldaa ijaarsa mana taagal jedhamu keessaati gurmaa'anii kan ijaarratan yoo ta'uu, himatamaan baroomsaaf biyya alaa(biyya Raashiyaa) deemee achumaan waan tureef duutuun mana kana walidicha irraa simattee idaa baankii maqaa walidichaatiin baankii konsitraaraakshiinii fi bizzinasi dame Bishooftuu irraa

liqeeffatame kanfaltee xumurteerti. Mana kana hanga himatamaan bara 2001 biyya alaati deebi'utti yeroo lubbuun jirtu duutuun kan itti jiraattuu yoo ta'u, erga isheen duutee booda nu dhaaltonni ishee bulchaa turreerra. Erga inni galyees walumaan kan bulchaa ture yoo ta'u, himataman mana kana gahee keenya dhaalaan argachuu qabnu osoo nuuf hin qoonne yeroo ammaa manicha keessaa nu baasuuf nu dirqisiisaa jira. kanaafuu manni falmii kaase kun waliita'uudhaan ykn gaalbaasiidhaan akka gurguramee gaheen keenya nuuf qoodamu"kan jedhuudha.

Himatamaan jalaa himannaa irratti dhiyaateef deebii kenneen,"duutuu waliin wal fuudhuuf waliif mallatteessine malee gaa'e hin raawwanne waan ta'eef gaa'lli gidduu keenya hin jiru. Ani biyya alaati yoon deebi'u isheen waan duuteef osoo fuudha hin raawwatiin hafneerra. Mana falmiif sababa ta'e kana osoo duutuu waliin waliif hin mallatteessiin dura waldaadhaan gurmaayee maallaqa baankii irraa dhuunfaatti liqeeffadhee ijaarradhee xumuramee baatii guraandhalaa bara 1982 kan simadhe waan ta'eef duutuun mirga irraa hin qabdu, idaan manichaa kunis osoo nuti wal hin fuudhiin dura kan kafalamee yoo ta'uu, yommuu gaa'elaan jirrutti kiraa manichaatiin idaan baankii kan kafalameedha.

Kan hafe erga duutuun dabartee booda dhuunfaan kanfalee kanan xumureedha kanafuu manichii qabeenyaa dhunfaa koo waan ta'eef nagafachuu hin danda'ani. Kun yoo bira darbame immoo himattoonni gaafachuu kan dandaa'an guyyaa 19/12/1982 hanga 19/05/1996 kanfaltii duutuun manichaaf jecha kanfalteedha malee manni guutuun akka qoodamuuf gaafachuu waan hin dandaanyeeff himanni dhiyaate kufaa akka naaf ta'u." Jechuudhaan ibseera.

Manni murtii aanaa ragaa fi falmii bitaa mirgaa erga dhagahee booda murtiin G.lakk.26521 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 26/8/2003 ooleen kenne gabaabumatti, "himatamaa fi duutuun gaa'ela isaani guyyaa 18/12/1982 mana mare Bulchiinsa magaalaa Finfineetti raawwachuu isanii waraqaa ragaa ga'ilaa akka ragaa bareeffamatti dhiyatee ni mirkaneessa waan taa'eef himataamaafi duutuun guyyaa 18/12/1982 hanga 18/05/1996tti dhiirsaa fi niitii turani jennerra. Manni falmii kaase kun gaa'ela fudhaa fi heeruma isaani dura kan calqabame ta'uu hin haalamne, ragaa-nis kanuma kan mirkaneesseedha. Kana malees mana falmii kaase kana duutuun walidicha irraa simattee idaa isaa baankiif kanfalaa jiraachaa akka turte ragaan bitaa mirgaatiin mirkana'eera. Duutuun bakka bu'ummaa

guyyaa 09/01/81 lakk .28/92/0/07/81 ta'een himataa irraa duraan kennameefiin mindaa ofirraa kuttee idaa-manichaa baanikii konsitraakshinii fi biizinzsiitiif kanfalaa akka turte ragaa dhiyaateen mirkanaayeera. Idaan kunis osoo himatamaan biyya alaatii hin deebi'iin kanfalamee kan xumurame ta'uu mirkanaayeera. Himataan erga aaddee Shawwaayyeen duutee asitti idaa sababa manichaatiif baankidhaa kafaluu isaa ibsu ragaa hin dhiyeeffanne. Bu'uura s/m/o kwt.73tiin qabeenyaa dhuunfaa ta'uu hanga hin mirkanoofneetti qabeenyi dhiirsaa fi niiti qabeenyaa waliinii ta'a. Dhimma mana calqabaan osoo jiruu gaa'ela keessatti xumuramee ilaalchisee manni murtii waliigala federaalaa dhaddachi ijibbaataa murtii galme lakk.26839 fi 25005 ta'e irratti kenneen qabeenyaa dhiirsaa fi niitii akka ta'u hiikkaa itti kenneera. Kanaafuu manni falmii kaase kun qabeenyaa himataa fi duutuu Aaddee Shawwayye Taaddasaa waan ta'eef himataan gahee isaa 50%akka fudhatu. Kan hafe 25% himataan 1^{ffaa}n abbaa duutuu waan ta'eef akka fudhatu,25% immoo himattoonni 2-6 haadha isaanii bakka bu'anii duutuu obboleetti isaanii dhaaluuf mirga waan qabaniif tokkoon tokkoo isaanii 5% yaa qooddatan. Manicha yoo waliigalan tilmaama waligalaniin gahee walii kennani kan manicha

barbaadu yaa oolfatu. Yoo waliigaluu hin dadndeenye ta'emmoo manichi ogeessaan tilmaamee caalbaasiin gurguramee bu'ura dhibbeentaa isaan gahuun qarshii isaa yaa qooddatan"jechuudhaan murtii kenneera.

Waamamaan ammaa murtii manni murtii aanichaa kenne komachuudhan waan oliyyateef, Manni Murtii olaanaa Godina Shawaa Bahaa dhimicha oliyyannoodhaan ilaalee bitaa mirga falmisiisee murtii G.lakk 28349 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 28/11/2003 ooleen kenneen,"manni falmii kaase kun osoo gaa'ellii himatamaa fi duutuu hin raawwatamiin dura ijaaramee kan xumurameedha. Idaa Baanikii mannichi ittiin ijaarame kanas himatamaan dhuunfaa isaatti manicha ittiin ijaarachuuf kan liqeeffate waan ta'eef idaa dhuunfaa isaati malee idaa waliinii miti. Idaa baankii manni kun itti ijaaramee qabeenyaa waliinii duutuu fi himatamaa(mindaa)irraa kanfalamuun isaa mana gaa'elaan dura ijaaramee xumurame qabeenyaa dhiirsaa niitii kan taasisuu miti. Himattoonni jalaa maallaqa erga gaa'elli raawwateen booda qabeenyaa dhiirsaa fi niitiirraa idaa dhuunfaa himatamaatiif kanfalame yoo jiraatee gahee duutuu maallaqaa akka deebi'uuf himatama gaafachuu irraa kan hafe qabeenyaa dhuunfaa himatamaan jalaa gaa'elaan dura horate akka qoodamuuf

murtaa'uun sirrii miti."jechuudhaan murtii manni murtii aanichaa kenne bu'uura AFSS.348(1)tiin diigee ture. Iyyatoonni murtii mana murtii olaanaa godinichaa kenne komatanii mana murtii waliigalaa oromiyaa dhaddacha dhaabbii bahaatti kan oliyyatan yoo ta'u,M/M/W dhiyesisee bitaafi mirgaan falmisiisee murtii kenneen,"falmii manneen murtii jalaa keessaa akka hubatamutti manni falmii kaase kun ijaarsi isaa jalqabamuu isaa hin haalamne. Mana waldaan ijaarame kanas baatii guraandhala bara 1982 himtamaan simachuun isaa kan falmisiisu miti. Garuu ijoo ilaalamuu qabaatu manni falmii kaase kun kan himatamaan jalaa kanaan ijaaramee xumarame simate moo? Duutuun gaa'ela isaanii booda xumursiiftee? Kan jedhu ilaalamuu qaba.ragaa bitaa mirgaan mana murtii jalatti dhagahame irraa akka hubatamutti manicha himatamaan yeroo simatu dhibbeentaa meeqa ijaarsi isaa akka raawwatamee fi hangam akka hafe wanti mirkanaa'e hin jiru. Karaa biratiin garuu ragootaa himatamaa dabalatee manichii guutumaa gututtii liqii Baankiitiin waldadhaan ijaramuun isaa mirkaana'eeraa. Kanaafuu himatamaan mana falmii kaasee kana irraa mirgaa daangaa hin qabnee kan qabaatuu, manichii idaa Baankitiin waldadhaan ijaramee kun gaa'ilaa isaanii duraa ijaaramee idaan isaa kan kafalamee xumuramee

yoo ta'eedha. Inumayyuu idaan baankii manni kun itti ijaarame erga gaa'ellii himatamaa fi duutuu raawwatee booda(19/12/82-19/05/96tti)qarshii 19,927.00 kan kanfalameef du'a ishee booda himatamaan qarshii 1195.14 qofa kafalee idaan bankichaa kan xumurame ta'uu xalayaa baankichi erge irraa mirkanaayeera. Himatamaan bara 1982 biyya alaa deemee bara 2001 kan biyyatti deebi'ee yoo ta'u duutuun idaa manni kun itti ijaarame Baankiif kanfalaa mana kana qabatee waggaa 14 guutuu kan keessaa turte ta'uu mirkanaayeera. Kanaafuu liqiin manni itti ijaarame yeroo gaa'ela isaanii keessatti kan kanfalmee xumurame ta'uu mirkanaayee osoo jiruu Manni Murtii Olaanaa Godinichaa manni falimii kaasee kun qabeenyaa dhirsaa fi niitii miti jedhee murti mana murtii aannichaa diiguun isaa sirrii miti." Jechuudhaan murtii mana murtii olaanaa godinichaa bu'uura AFSS. KWT,348(1)tiin diiguudadhaan murtii manni murtii aanaa kenne akka cimurteesseera.

Iyyataan iyayanni aamma dhaddacha kanaaf karaa abukaattoo isaatiin dhiyeesse gabaabumatti."iyyataan baasii mataa isaa baasee humnaan is gumaacha gochidhaan mana waldaadhaan ijaarame kana kan simate baatii Guraadhalaa bara 1982 yoo ta'uu duutuu haadha warraa isaa kan fuudhee Baatii jaha boodaadha. Ergasii

asitti dallaa ijaarsisuuf qarshii 17,000.00 iyyataan baaseera. Iidaa baankii erga haati warraa isaa duutee qarshii 1,196.41 iyyataan dhuunfaatti kanfaleera. Kanaafuu manni falmii kaasee kun qabeenyaa dhuunfaa iyyaataa ta'uu kan agarsiisu yoo ta'uu, manni murtii aanaa fi waliigalaa hiikkaa Manni Murtii Waliigala Federaalaa dhaddachi ijibbaataa g/lakk.26839 fi 25005 irratti kenneen ala bahuudhaan haala faallaa seera maatii oromiyaa Kwt.73 ta'een manni falmii kaasee kun qabeenyaa dhiirsaa fi niitiiti jechuun dhaaltoonni(waamamtoonni) akka qooddatan murteessuun isaanii dogoggora seeraati. Kanaafuu qabeenyaa waliinii ta'uu kan danda'u bu'uura s/m/o/kwt.78(1)tiin mindaa dhiirsaa fi niitii irraa maallaqa idaa Baankiif kanfalame qarshii 19,927.00 qofa waan ta'eef kana keessaa gaheen duutuu qarshii 9,963.00 qofa ta'uu waan agarsiisuuf dhaaltonni ishee argachuu kan dandaa'an qarshii haati warraa iyyataa mirga irra qabdu kana qofaadha jedhamee murtiin manneen murtii aanaa fi waliigalaa diigamee murtiin mana murtii olaanaa godinichaa akka naaf cimurteesseera.

Waamamtoonni deebii guyyaa 15/08/2004 barreessanii karaa abukaattoo isaaniitiin dhiyeessaniin, falmii manneen murtii jalaattii dhiyeesaa turan cimsanii falmuud-

haan murtii mana murtii aanaa Ada'aa fi mana murtii waliigala Oromiyaa dhaddacha dhaabbii bahaa Kennan dogoggora seeraa akka hin qabne ibsuudhaan akka cimuufta gaafataniiru.

Falmiin bitaa mirgaan dhiyaate kana yoo ta'uu nutis galmee qorannee akka ilaalletti ijoo falmii murtii seeraa argachu qabu, manni falmii kaase kun qabeenyaa iyyataa fi haadha warraa isaa aaddee Shawaayyee Taaddasaati moo mitii? Madi mallaqaa manni kun itti ijaaramee qabeenyaa waliin irraa moo qabeenyaa dhuunfaa iyyataa irrayi kan jedhuu fi KKF qabannee dhimmicha seera roga qabu waliin ilaalleera. Akkuma falmii manneen murtii jalaa irraa hubatamu manni falmii kaase kun ijaarsi isaa osoo iyyataa fi aaddee Shawaayyeen wal-hin fudhiin dura ta'uu waan haalamuu miti. Haata'u malee manni kun erga isaan lamaan walfudhaanii booda aaddee Shawaayyeen ijaarsaa isaa kan xumursiifte ta'uurrayyu, manni kun kan ijaarame mallaqaa bankii irraa liqeeffatameen kan ijaramee yoo ta'u idaa Baankii manni itti ijaramee kana haati warraa iyyataa kun mindaa isheera galii argamuun naannoo qarshii 19,927.00 baankichaa kan kanfalte ta'uu hubatameera. Maalaqni Baankii irraa liqeeffatamee fi idaan haati warraa iyyataa kanfaltee kana wal bira qa-

lamee yoo ilaalluu maallaqa liqeeffatame caalaa kan kanfalamee waan ta'eef haati warraa iyyataa kun idaa kana dhalaa isaa waliin kanfaluu ishee kan agarsiisuudha. Iyyataan maallaqa baanikirraa liqeeffate kanaan ala maallaqa biraa itti dabalee manicha kan ijaarsise ta'uu ragaadhaan hin mirkaneeffanne. Inumayyuu ragoonni iyyataa mataan isaanii manni kun guutummaa guutuutti liqii baankiitiin kan ijaarame ta'uu irra caalaatti hubachiisaniiru. Kanaafuu manni kun waan ijaarsa isaa gaa'ela isaanii dura eegalmeef qofa qabeenyaa dhuunfaa iyyata ta'aa hin jedhamu jedhee mana falmii kaasee iyyataa fi waamtoonni akka qooddatan murtiin manni murtii waliigala Oromiyaa dhaaddachi dhaabbii bahaa kenne dogoggora seeraa isa bu'uura kan qabu ta'ee hin argamne.

Ajaja

1. Murtiin manni murtii waliigala Oromiyaa dhaddachi dhaabbii bahaa lakk .G.136509 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 22/05/2004 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uura waan hin qabneef bu'uura AFSS.KWT.348 (1)tiin akka cimurteessineera.
2. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanaa iyyataan waamamtootaaf tokko tokkoo isaaniitiif qarshii

200.00 walumatti hundaa isaaniitiif qarshii 1200.00 akka kanfaluuf murteessnineera.

3. Dhoorkaan galmee kana irratti kenname ka'eera.
4. Garagalchii murtii kanaa mannee murtii jalaatiif yaa ergamu.
5. Galmeen murtii dhumaa waan argateef cufameera.

Lakk.G.146429

Guyyaa 05/02/2005

Abbootiin Seeraa-

1. Bojaa Taaddasaa
2. Tuulii Baay'isaa
3. Qana'aa Qixxaataa
4. Adusalaam Siraaj
5. Fiixaa Dachaasaa

Iyyattuun-----Aaddee Alam Magarsaa - dhiyatre

Waamamaan-----Obbo. Faasiil Yohaannis-dhiyate

Galmee qorannee murtii kanaa gadii kennineera.

MURTII

Galmeen kun banamee dhaddacha ijibbaataa kanaaf dhihaachuu kan danda'eef iyyattuun iyyannoo guyyaa 07/06/2004 barreessitee dhiyeessiteen murtiin manni murtii Ada'aa Bargaa lakk G12081 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 17/04/2004 ooleen kenee fi ajajin manni murtii olaanaa godina Shawaa Lixaa lakk G.48014 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 28/05/2004 ooleen kenne doggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaa akka sirratuuf waan gaafatteef.

Ka'uumsi dhimichaa himatuun jalaa (iyyattuun ammaa) himannaa himatamaa jalaa (waamamaa ammaa) irratti mana murtii aanichaati dhiyeessitee turteen, waamamaa ammaa kana waliin bara 1995 irraa eegallee dhiirsaa fi niitii akka turaanii fi ga'elli isaanii hiikkaadhaan bara 2001 jiguu ibsitee qabeenyaa waliin horatan gosa adda addaa fi mana amma falmiif sababa ta'e kana magaalaa burraayyuu keessaatti argamu waldaa ijaara manaa burraayyuu 2000 jedhamuun gurma'anii lafa kaaree meetira 200 irratti kan ijaarame maqaa waamamaatiin galmaa'ee lakk.kaartaa 2200/98 guyyaa 14/4/1982 kannameen kan beekkamu, qabeenyaa waliinii waan ta'eef akka qoodamuuf gaafattee turte. Waamamaan ammaa mana magaalaa Burraayyuu jiru kana ilaachisee deebii kenneen manni kun haadha warraa koo duraa waliin kan ijaaree fi osoo iyyattuu ammaa kana hin fuudhiin dura kan ijaarame ta'uu ibsee qabeenyaa waliinii waan hin taaneef iyyattuun mana kana irraa mirga hin qabdu jedhee falmee ture.

Falmiin waa'ee mana kanaatiin walqabatee iyyattuufi waamamaa ammaa gidduutti ka'ee ture hanga mana murtii waliigalaa dhaddacha ijibbaataa kanaatti falmamaa kan ture yoo ta'uu dhaddachi kunis galme lakk.108114 ta'e irratti murtii kenneen manni

falmii kaasee kun iddoon isaa gaa'elaan dura yoo fudhatameyyuu manniichi gaa'ela keessatti ijaarame moomii? Ijaarsi manichaa yoom calqabamee yoom xumuramee? qabxiin jedhu irra deebi'amee qaama dhimniichi ilaaluun qulqullaa'uu qaba jedhee bu'uura AFSS. WT.343(1)tiin falmii mana murtii aanichaatti kan gadi deebise yoo ta'uu, manni murtii aanichaa maallaqa nagabee mana kana xumursiisuuf meeshaan itti bitame irratti caqasame qofa argachuu qabdi jedhee murtii waan kenneef, iyyattuun ammaa akkaataa dhaddachi ijibbaataa ajajeen hin qulqulloofne jettee oliyyannoo M/M/olaanaa godinichaatti oliyyattee ture. Manni murtii olaanaa godinichaatis murtii G.lakk.42356 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 25/11/2003 ooleen kenneen,"dhuguma akkaataa dhaddachii ijibbaataa qabxii qabee gadi deebiseen osoo hin qulqulleessin Manni murtii aanna murtii kenne jechudhaan murti m/m/anichaa diigudhaan manni murtii aanicha akkaataa qabxii qabameetiin duraa taa'an waldaa ijarsaa manneen falmii kaasee ijarsii isaa yoom egalamee yoom akka xumurame? eenyuu akka ijaare? Ijaarsi manichaa yeroo amma sadarkaa maliirraa akka jiru? haalaa ifa ta'eefi dhugaa baasuu danda'uun akka qulqulleessu erga taasiseen booda murtii akka itti kennu jechuudhaan ammas falmicha mana murtii aan-

ichaattii bu'uura AFSSKWT.343(1)tiin gadi itti deebi-seera.

Manni murtii aanichaa akkaataa qajeelfamaan gadi deebi'een qulqulleessee jedhee falmii bitaa mirgaa erga dhagahee boodamurtiin kenne gabaabumatti,"Bulchiinsi Magaalaa Burraayyuu akkaataa qajeelfama kennameetii akka qulqulleessee bu'aa isaa dhiyeessuu bu'uura ajajameen koree namoota 10 of keesaa qabuun qulqulleessee gabaasa sadaasa 08-2004 barreessee dhiyeesse irraa akka hubatamutti, waldaa ijaarsa manaa burraayyuu 2000 jedhamee beekamu kuni mana falmii kaase kana ijaarsa isaa kan eegale guyyaa 21/5/1994 fi Bitootessa 17 bara 1994 ta'uun ibsameera. Manni falmii kaasee kun baasii waldichaatiin ijaaramee balabala, fodda, sarviisii kkf kan hin qabne guyyaa 2/2/1997 carraan bahee kana himatamaa Faasiil Yohaannisiif kanii kenname ta'uu, balballii fi lassanaan hojjatamee kan xumurame dhuma bara 1999 akka ta'ee dalani ijaramme kan xumurame bara 1999 akka ta'ee fikkf ibsaniruu. Manni falmii kaasee kun bara 1991-1997tti mallaqaa sasabameen kan ijaramme fi bara 1999 xumuramee waan ta'eef manni kunis haadha manaa waamamaa ishee duraa waliin hanga guyyaa 17/8/1995 yommuu gaa'laan jiran keessaa buusii buusaniin ijaarsi isaa kan eegale waan ta'eef

lyyattuun mana bara 1991 buusiin buufamee ijarsi isa bara 1993 egalamee irraa mirga abbaa qabeenyumaa waliinii hin qabdu. Kanaafuu himattuun guyyaa 17/8/95 hanga mannichi ijaaramee xumurametii (1999) baasii manicha ijaarsisuuf bahe gahee ishee qofa qooddachuuf mirga qabdi."Jechuudhaan murtii kenneera.

Manni murtii olaanaa godinichaa komii oliyyannoo dhiyaateef erga qorateen booda murtii manni murtii aanichaa kenne bu'uura AFSS.337tiin cimseera.

lyyattuun iyyannii amma dhaddacha kanaaf dhiyeessite gabaabumatti", ani fi waamamaan dhiirsaa fi niitumaadhaan bara 1995 hanga 2001 tti waliin kan turre yoo ta'uu mana falmii kaase kana yeroo gaa'ela keenyaa keessatti kan waliin ijaarranne ta'u ragaan waamamaan dhiyeesse dabalatee mirkaneessanii osoo jiranuu manni murtii jalaa kayyoo S/M/O/Kwt.78tiin ala manni kun qabeenyaa waliinii miti jedhee murtiin kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa kan qabuudha. Waamamaan osoo nuti wal hin fudhiin dura lafa fudhachuu malee ijaarsi irratti raawwate osoo hin jiraannee qabeenyaa waliinii miti jedhamuun sirrii miti. Ragaan barreeffamaa dhiyaatellee kanuma kan deeggarudha."Jechuudhaan murtiin mana murtii jalaa akka diigamuuf gaafateera.

Waamamaan deebiin guyyaa 15/08/2004 barreesse dhiyeesse gabaabumatti “haati warraa koo Kan duraa 17/8/1995 waan duuteef iyyattuu akka hojjattuu manaatti Bara 1996 qacaradhe malee bara 1995 irraa eegalee waliin hin jiraane. Manni falmii kaase kunis bara 1991 hanga bara 1993 kan ijaarame waan ta’eef murtiin mana murtii jalaa dogoggora seera hin qabu.”Jechuudhaan murtii mana murtii jalaa akka cimuuf gaafateera.

Falmiin bitaa fi mirgaan dhiyaate kana yoo ta’uu nutis galmee qorannee akka ilaalatti ijoon falmii murtii seeraa argachu qabu, manni ijaarsi isaa gaa’elaan dura eegalmee gaa’ela keessatti ijaarsi isaa xumurame qabeenyaa dhirraa fi niitii ta’a moo qabeenyaa dhuunfaa ta’aa? Waa’ee kanaan kan walfakkaatu murtiin dhaddachi Ijibbaataa mana murtii waliigalaa federaalaa kenne waliin akkamitti ilaalamaa? kan jedhuu fi kkf qabannee dhimmicha seera roga qabu waliin galmee haadhoo mana murtii jalaatii dhiyeessiifnee ilaalleera. Iyyattuu fi waamamaan bara 1995 hanga bara 2001tti gaa’elaan waliin jiraachuu isaani falmiilee Manneen Murtii jalaatti gaggeeffaman keessatti kan mirkanaaye ta’uurrayyuu dhaddacha kanattis akka ijoo falmisiisaa waan hin taaneef, walitti dhufeenyi iyyattuu fi waamamaa bara 1995 eegalame jenna. Itti aanee ijoonii ilaalamu qabu man-

nii falmii kanaaf sababa ta’e kun bara 1995 dura ijaaramee xumuramee moo sanaa asiidha? kan jedhudha. Ragaalee barreeffamaa(sanadoota addaa addaa waajjira waldaa ijaarsa manneen gamtaa Burraayyuu 2000 fi Bulchiinsa Magaalaa Burraayyuu irraa)dhiyaatan irraa hubachuun akka danda’amutti manni falmii kaase kun iddoo ijaarsaa mana bara 1993 dura waldaadhaan fudhatamuu isaa, iddoo manni itti ijaaramu haxaawuu fi qooforuun isaa guyyaa Bitootessaa 17/1994 eegalmuu isaa ergasii asitti ijaarsi manichaa yeroo yeroon itti fufee manni falmii kaase kun waldichaan ijaaramee kan girgidaan isaa hin maragamne, balbalaa fi foddaan kan itti hin gallee, walumaagalatti mana ijaarsi isaa hin dhumne carraa waldichi guyyaa 27/02/1997 buuseen kan waamamaaf kenname ta’uu isaa, balbala fi foddaan kan gale, girgidnaan akka maragamen bara 1998 keessa ta’uu isaa, dallaan kan ijaarame bara 1999 keessaa ta’u isaafi manni sadarkaan amma irraa jiru kan gahee ijarsaa hanga bara 1999tti gaggeeffameen ta’uu isaa, akkasumas baasiwwaan hedduun ijaarsa manichaaf godhame yeroo gaa’elaan waliin jiran keessatti baasii kan taasifaman ta’uu isaa fi kkf gabaasa bulchiinsi magaalaa fi waldaan ijaarsa manichaa mana murtii aan-

ichaatiif dhiyeesse fi sanadoota galmee haadhoo kes-
satti argaman irraa hubachuun dandaa'ameera. Walu-
maagalatti ragaalee kana irraa akka waliigalaatti kan
hubachuun dandaa'ame manni falmii kaase kun hanga
xiqqoo tokko gaa'ela iyyataa fi waamamaa dura baa-
sii qabeenyaa dhuunfaa waamamaatiin iddoon manni
irratti ijaaramu xaragamuu fi boolli qofforamuudhaan
ijaarsi isaa kan eegalmee ta'uu fi erga gaa'elli isaanii
hundaayee booda(bara 1995 asitti)ijaarsi manichaa har-
ki guddaan baasii qabeenyaa waliinii isaanii irraa baas-
aniin ijaaramee kan xumurame ta'uu isaati. Akka yaada
seeraa isa bu'uraatti S/M/O/kwt 73 jalatti akka tuma-
meen qabeenyii dhiirsaa fi niitiin gaa'ela isaanii dura
horatan qabeenyaa dhuunfaa ta'ee akkaa hafu tuma-
meera. Yaadni seeraa kun raawwatiinsa kan qabaatu aka-
kaataa S/M/O/Kwt 79(1) jalatti ibsameen qabeenyichaa
dhuunfaadhaan kan argate ta'uu isaa gareen qabeeny-
ichi kan dhuunfaa kiyyaati jedhu sun dirqama hubachi-
isuu isaa (burden of proof)yoo baheedha. Qabeenyaa
maqaa isa tokkotiin jiru tokko, gareen qabeenyaa
dhuunfaati jedhu sun qabeenyicha kan dhuunfaa isaa
ta'u yoo hubachisu baate qabeenyichii kan waliinii ta'a
jechuudha. Yaadni seericha irra jiru akkuma jirutti ta'e

qabeenyaa(mana)ijaarsi isaa gaa'elaan dura eegalamee,
ijaarsi harki caalu gaa'ela keessatti xumurame maal
ta'uu qabaa? gaaffii jedhu seerrii maatii naannichaa hin
deebisu. Kanaafuu ijoo kanaaf hiikkaa seeraa kennuun
barbaachisaadha. Qabeenyichaa tokko kan argame har-
ki caalaan isaa baasii qabeenyaa waliinii irraa argameen
yoo ta'e qabeenyichaa akka qabeenyaa waliiniitti lak-
kaawuun baay'ee haqa qabeessa ta'a. Ijaarsa qabeeny-
ichaa keessaati gaa'elan dura qabeenyaa dhuunfaarraa
argame hanga xiqqaan tokko waan itti makameef qofa
qabeenyicha akka qabeenyaa dhuunfaa dhiirsaa fi niit-
tii lakkaawun dhama qabeessa hin ta'u. Gama falmii
amma qabnee kanatti yoo deebinu manni falmii kaase
kun ijaarsi xiqqoon ka'umsaaf ta'u gaa'ila iyyatuu fi
waammama dura haa jalqabamuu malee ijarsii man-
ichaa harki baay'een kan hojjatamee sadarkaa amma
irra jiru kana irra kan gahe erga bara 1995 walfuudhanii
boodadha. Kanaafuu manni falmii kaase kun akka qa-
beenyaa waliinii iyyattuu fi waamamaatti fudhachuun
irra caalatti haqa qabeessa ta'a jenneera. Murtiin manni
murtii waliigala federaalaa dhaddachii ijibbataa galmee
lakk.26839 fi 25005 ta'e irratti kennellee ijannoo kana
kan deeggaru waan ta'eef yaada kana hordofuun im-
moo dirqama manneen murtii naannoolee fi manneen

murtii federaalaa dhaddachichaa gadi jiraniiti akka ta'e labsii lakk.454/97 Kwt.2(1)irratti tumameera. Kanaafuu ijaarsi manichaa gaa'elaan dura waan calqabameef qofa mannichi qabeenyaa dhuunfaa waamamaati jechuudhaan yaanni dhumaa manni murtii jalaa irra gahe dogoggora seeraa isa bu'uuraa kan of keessaa qabu ta'ee argameera.

Ajaja

1. Murtiin manni murtii aanaa Ada'aa bargaa lakk G.12081 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 17/04/2004 ooleen kennee fi ajajin manni murtii olaanaa godina shawaa lixaa lakk. G.48014 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 28/05/2004 oolee kenne dogoggora seeraa isa bu'rraa waan qabuuf bu'uura AFSS.KWT.348 (1) tiin akka diigamu murteessineera.
2. Manni falmii kaase kun qabeenyaa iyyatuu fi waamamaan gaa'ela keessatti horan qabeenyaa waliinii waan ta'eef manichi gosaan addaan qooduun ni dandaa'ama yoo ta'e akka qixxeetti qoodamuuf, ykn yoo waliigalan ta'e fedhii isaanitiin tilmaasisanii gahee tokkoo inni tokko isa

tokkoof kennee inni tokko manicha akka oolfatu, yoo waliigaluun hin dandaamne ta'ee fi manichis gosaan addaan qooduun mijaawaa ta'uu baate manniichi ogeessaan tilmaamamee caalbaasiidhaan gurguramee gati isaa qixxeeti akka qooddatan jenneera.

3. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanaa kan ofii ofii yaa dandaa'ani jenneera.
4. Dhoorkaan galmee kana irratti kenname ka'eera.
5. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaatiif yaa ergamu.
6. Galmeen murtii dhumaa waan argateef cufameera.

Abbootii Seeraa:

1. Bojaa Taaddasaa
2. Naasiir Faaris
3. Tuulii Baayisaa
4. Abdusalaam Siraaj
5. Fayyisaa Tolosaa

Iyyataan-----Malaakuu Mangistee Dastaa-Mana sirreessaa irraa hin dhiyaanne.

Yaamamaa-----A/A Abaataa Taaddasa-dhiyaate

Galmeen qoratamee murtii itti aanu kennameera.

Murtii

Galmeen kun dhaaddacha kanaaf dhiyaachuu kan danda'e sababa iyyataan iyyannaa gaafa 20/06/2003 barreesseen murtii manni murtii waliigala Oromiyaa Gal.lakk.120211 irratti dhaddachaa gaafa 12/05/2003 ooleen murtii manni murtii ol'aanaa G/Shawaa bahaa Gal.lakk.26613 irratti dhaddacha gaafa 13/03/2003 ooleen iyyataan du'aan akka adabamu murteesse

bu'uura S.F.A.Y.Kew.195 (1) tiin waan mirkaneesseef iyyataan komatee kan dhiyaate yoo ta'u ijoo komii isaas gabaabinaan:

1. Gocha ittiin himatame raawwachuun kiyya shakkiidhaan alatti hin mirkanoofne. Kunis ragoonni abbaa alangaa halkan irriba irraa ka'anii akkamiin yeroo ani gocha kana hunda raawwadhu ana arguu danda'an kan jedhu yoo ilaallamu jechi isaanii kan hin amanamne ta'ee utuu jiruu fi

2. Ani gocha kana hin raawwanne malee utuun raawwadheera ta'eellee sababiiwwaan adabbii namatti cimsan gama abbaa alangaatiin utuu hin dhiyaatiin manneen murtii jalaa adabbii isa dhumaa (du'aan) akkan adabamu murtiin kenname dogoggora seeraa isa bu'uuraa kan of keessaa qabu waan ta'eef diigamee bilisaan akkan geggeeffamu: yoo kun hin taane ammo adabbiin salphatee akka murtaa'u kan jedhudha.

Kanumaan dhaddachi kunis iyyataan gocha ittiin himatame raawwachuun isaa ragaa rogummaa qabuun mirkanaa'eera moo miti Kan jedhu iddoo abbaan alangaa jirutti qulqulleessuuf jecha abbaan alangaa deebii akka kennu ajajamee deebii gaafa 11/01/2004 barreesseen falmii adda adda dhiyeessuudhaan akka waliiga-

laatti murtiin manneen murtii jalaa lamaan dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan hin qabneef cimuu qaba jechuudhaan falmeera.

Kanumaan dhaddachii kunis murtii manneen murtii jalaa, falmii bitaa fi mirgaa akkasumas galmee haadhoo mana murtii waliigala ormiyaa irraa akkasumas galmee qorannoo poolisii dhiheessisuudhaan akka itti aanutti qorateera.

Du'uura kanaan falmiin kun kan eegalame mana murtii ol'aanaa G/Shawaa bahaatt yoo ta'u innis himannaa abbaan alagaa gaafa 29/02/2003 barreesseen himannaa 1ffaa jalatti" Iyyataan S.Y.kewt.539(1(A)) irra darbuudhaan nama ajjeessuuf itti yaadee gaafa 10/01/2003 tilmaamaan halkan keessaa sa'aa 4:00 yoo ta'u aanaa Boosat ganda Buttaa Dalasaa keessatti qee Mamiree Salamoon Abarraa dhaquudhaan yakka raawwachuuf akka itti tolu dursee mana citaa mooraa keessa jirutti ibda qabsiisee yeroo maatii fi ollaan nama maqaan isaa olitti ibsameetti gad ya'an namoota A/e Asalafach Taaddasaa, Obbo Abarraa Kabaddaa, fi Rattaa Tufaa qawwee kilaashiidhaan itti dhukaasee ajjeessee waan argameef, Himannaa 2ffaa jalatti ammo seeruma kana kewt.27 (1) fi 539 (1(A)) irra darbuudhaan guyyaa, sa'aa fi id-

doo himannaa 1^{ffaa} keessatti ibsametti shamarree Mahaleet Solomoon kan jedhamtu rasaasa itti dhukaasee miila bita rukutee lafee miila waan cabseef jechuudhaan yoo himatu himannaa 3^{ffaa} jalatti ammo seeruma kana kewt.491(1) irra darbuudhaan guyyaa, sa'aa fi iddoo himannaa 1^{ffaa} keessatti ibsametti mana citaa Mammiruu Solomoon Abarraa meeshaa keessa jiru waliin waan gubeef jechuudhaan himateera.

Kana booda iyyataan mana murtii dhiyaatee waan waakkateef manni murtii ol'aanaa ragaa abbaa alangaa dhagahee ragaa barreeffamas ilaalee iyyataa irratti waan dubbatameef akka of irraa ittifatu ajajeera. Kana booda iyyataan ragaa ittisaa hin qabu jechuudhaan iyyannaa gaafa 06/02/2003 barreesseen mana murtii ol'aanaa waan beeksiseef mirga ragaa ittisaa dhiyeeffachuu iyataa bira darbuudhaan murtii balleessummaa himannaa sadan jalatti erga kenneen booda adabbii ilaalchisees yaada bitaa fi mirgaa dhagahuudhaan iyyataan nama balaafamaa waan ta'eef uummata keessaa dhabamsii-famuu waan qabuuf du'aan adabamu qaba jechuudhaan murteesseera. Iyyataan murtii kana komachuudhaan ol'iyyannoo Mana Murtii Waliigala Oromiyaatti yoo dhiyeeffatu Manni Murtii Waliigala Oromiyaas murtii

mana murtii ol'aanaa bu'uura S.F.A.Y.Kewt.195(1)tiin waan mirkaneesseef ammas komatee dhiyaateera.

Bu'uura kanaan dhaddachi kunis komii iyyataa falmii bitaa fi mirgaa, murtii manneen murtii jalaa fi galmees haadhoo mana murtii jalaa irraa dhiyaate akka qoratetti iyyataan gocha ittiin himatame sadan isaa raawwachuu isaa jecha amantaa fi waakkii poolisii biratti fi mana murtii aanaatti dhiyaatee kenneen amaneera. Jecha amantaa isaa birattis ragoonni abbaa alangaa mana murtii ol'aanaatti jecha isaanii kennaniin jechuma iyyataan kenne mirkaneessaniiru. Akkasumas miidhamtoonni miidhaa himannaa abbaa alangaa keessatti ibsameen du'uu fi miidhaan kan irra gahe ta'uun mirkanaa'eera. Iyyataan ammo gocha kana kan raawwate sababa namni biraa Mammiree Solomoon Abarraa"Xinqolaa"ykn falfala naaf hojjechuuf qarshii 3000.00(Kuma sadii)fudhatee falfala kiyyas naaf hojjechuu waan dhabeef yoo isaa fi maatii isaa naaf fixxe qarshiin siif kaffala waan jedheef mallaqa fudhatee gocha kana raawwachuun isaas mirkanaa'eera. Kanaafuu akka waliigalaatti murtiin balleessummaa fi adabbiin manneen murtii jalaatiin kenname dogoggora seeraa isa bu'uuraa kan qabu ta'ee hin argamne.

1. Murtii manni murtii waliigala oromiyaa dhaddachi Bahaa Gal.lakk.120211 irratti dhaddacha gaafa 18/05/2003 ooleen kennee fi murtii manni murtii ol'aanaa G/Shawaa Bahaa Gal.Lakk.26613 irratti dhaddacha gaafa 13/03/2003 ooleen kenne bu'uura S.F.H.H.Kewt.195 (2(b (ii))) tiin mirkaneessuudhaan murtaa'eera.
2. Iyyataan akka beekuu: manni sirreessaa ammo murtiin manneen murtii jalaa Kan ciman ta'uu beekkee akkaataa murtiin akka raawwatuuf gargagalchi murtii kanaa yaa qaqqabu.
3. (Iyyataan mana sirreessaa G/kaaba Shawaa keesatti argama)
4. Galmeen xumura waan argateef cufameera.

Yaadachiisa: Murtiin Kun kan raawwatamu pirezi-daantiin Itoophiyaa yoo mirkaneessan qofa ta'a.

Guyyaa-19/02/2005**Abbootii seeraa**

1. Bojaa Taaddasaa
2. Tuulii Baayyisaa
3. Naasir Faaris
4. Fiixaa Dachaasaa
5. Fayyisaa Tolosaa

Iyyattuun –Tazarraash Hayiluu- B/B Tashomaa damisee-dhiyaate

Waamantuun-Dastaa Baqqalaa-dhiyaatte.

Galmeen qoratamee murtiin kanaa gadii kennameera.

MURTII

Iyyanni komii kun dhaddacha ijibbaataa kanaaf dhiyaachuu kan danda'e ,murtii M/M/O/Go/Shawaa Lixaa gal.lakk .43605 ta'e irratti dhaddacha gaafa 15/02/2004 ooleen kenneen murtii M/M/aanaa Dandii gal.lakk.21947 ta'e irratti dhaddacha gaafa 19/12/2003 ooleen kenneen gaaffiin dhaala qabeenyaa turtii yeroo irraan kan ka'e fudhatama hin qabu jedhe waan raggaas-

iseef komachuudhaani himateerti. M/M/aanichaas eega falmisiiseen booda murtii kenneen"iyyattuun ammaa waggaa 3 keessatti yoo hangam dheerate garuu hanga waggaa 15tti ykn ammo karaa nama isii guddiseetiin yeroon gaafachuu qabdi turee jechuun mormii waamtuun ammaa kaaste bu'uureffachuun himannaa iyyattuu kufaa taasisuun murteesseera. Iyyattuun kanuma komachuun gara M/M/Olaanaatti oliyyattullee M/M/Olaanaas akka S/S.lakk.1845n Waggaa 10 booda gaafachuuf mirga hin qabdu jechuun sababa qofa fooyyeessuun murtii M/M/aanichaa raggaasiseera. Iyyanni ammaas murtiiwwan kan komachuudhaani.

Iyyattuun komii gaafa 30/04/2004 qopheessitee dhiyeeffatteen, bara 1986 keessa yeroo abbaan koo Obbo Hayiluu Inseenee du'e umuriin koo waggaa lama waan tureef amma gaa'elaaf ga'eera jechuun qabeenya abbaa kiyyaa keessaa gahe koo waamamtuun qarshii 4450(Kuma afurii fi dhiibba afurii fi shantama)gaafannaan waamamtuun mormii sadarkaa duraa darbiinsa yeroo narratti kaastullee irratti falminee M/M/aanichaa dhaddacha gaafa 19/12/2003 ooleen mormii sadarkaa duraa kufaa taasisee bira darbee ijoo irratti nufalmisiisuu jalqabullee dhuma irratti ammo mormii sadarkaa duraa duraan kufaa taasiseetti deebi'ee cimsuun dogon-

gora seeraati. Gama biraatiin darbiinsa yerootiin himannaa koo kufaa taasisuun sirrii waan hin taaneef murtii M/M/jalaa diigamee qabeenya dhaalaa abba kiyyaa gahee koo waamamtuun akka naaf qooddu jechuun gaafatteetti.

Dhaddachis galmee qoratee qabxiin qulqullaa'uu qabu jira jechuun ni dhiyeessisa jechuun waamamtuun dhiyaatee akka deebii kennattu taasisee deebii gaafa 13/09/2004 barreessitee dhiyeessiteen, abbaan iyyattuu bara 1986 keessa waan du'eef waggaa 18 booda qabeenya dhaalaa akkan qooduuf yoo na himattuu M/M/jalaa darbiinsa yerootiin gaaffii iyyattuu kufaa taasisuun kan komachiisuu miti. Falmii iyyattuun yeroo abbaan isii du'u umuriin isii waggaa lama ture jettuuf karaa nama isii guddisee yeroodhaan gaafachuu dandeessi turte malee hanga kana turtee amma nagaafachuu hin dandeessu, komiin kun fudhatama hin qabu. Akka S/S/lakk.1000(1 fi 2)n waggaa 3 fi 15 gidduutti nagaafachuu utuu dandeessuu amma waggaa 18 booda nahimachuuf mirga waan hin qabneef murti M/M/jalaa dogongora seeraa waan hin qabneef komiin iyyattuu kufaa ta'ee murtii M/M/jalaa akka naaf cimuu fi baasii fi kisaaraan naaf muramu gaafadha jechuun gaafatteetti. Falmiin kanumaan xumuramee dhaddachi irra deebi'ee galmee

qorateera.

Haaluma kanaan, qabxii “gaaffii dhaala qabeenyaa iyyattuu ammaa M/M/jalaa darbiinsa yerootiin kufaa taasisuun dogongora seeraa bu’uuraa qabamoo miti? jedhu ijoo dubbiitti qabanneerra. Akka falmii irraa hubatamutii gaaffii iyyattuun qabeenyi abbaa isii akka waamamtuu biraatti hafee jiru kaaste irratti waamamtuun abbaa iyyattuu waliin quunnamtii hin qabu mormii jedhu hin kaasne. Gama biraatiin yeroo abbaan iyyattuu bara 1986 keessa du’e jedhametti umuriin iyyattuu waggaa 2(lama)akka ture mormiin ykn waakiin waamamtuun dhiyeessite hin jiru.kanarraa ka’uun M/M/jalaa himannaa iyyattuu darbiisa yerootiin kufaa taasisuun seeraa qabeessaa? qabxii jedhu yoo seeraa waliin qorannu seerri siivilii key.1000(1)daangaa waggaa sadii kan kaa’e walfalmitoonni ammaa garee waliin dhaaluuf mirga qaban akka obbolaa waan hin taaneef darbiinsi yeroo waggaa 3 isaan gidduutti hojii irra waan hin oolleef M/M/aanaa haala kanaan fayyadamun dogongora seeraati. Gama biraatiin ammo lak.1000(2)yoo ilaallu “gaafa danda’ee eegalee waggaa 15 booda bara 2003 keessa yoo ta’u umuriin isii waggaa 19 ta’uutu mullata. Darbiisi yeroo iyyattuu yoom irraa kaasee

lakkawama ?kan jedhuuf gaafa abbaan isii du’u waggaa 2 eegaltaatee kan iyyattuun mirga ofiitiin fayyadamtee waamamtuu gaafachuu dandeessu bara 2002 keessa umuriin iyyattu waggaa 18 waan guutuuf bara kana irra(2002)irraa eegalteeti.Eega umuriin iyyattuu kan gaa;ela guutu bara 2002 ta’ee kana booda waggaa 15 utuu hin taane akk S/S/lakk.1845tti hanga waggaa 10tti gaafachuuf seerri mirga isii daangessu hin jiru. Kana jechuun iyyattuun eega mirga isiitiin fayyadamuu dandeessee waggaa tokko booda waamamtuu ammaa himatte waan ta’eef darbiinsi yeroo M/M/jalaa bu’uureffatee himannaa iyyattuu kufaa taasise dogongora seera bu’uuraa kan qabu ta’ee waan argameef murtii M/M/olaanaas ta’ee M/M/aanichaa bu’uura S/D/F/S/lakk.348(1)n diignee himanni dhaala qabeenya gahee abbaa iyyattuu darbiinsa yerootiin kan kufaa ta’uu miti jenneerra.

Ajaja

1. Murtiin M/M/O/Go/Sha/lixaa gal lakk.43605 ta’e irratti gaafa 15/02/2004 kennee fi M/M/aanaa Dandii gal.lakk.21947 irratti gaafa 15/01/2004 kenne waan diigameef M/M/aanichaa dhimma kana irra deebi’ee qabxiwwan biroo waama-

mtuun ammaa(himatamtuun jalaa)kaasaa turee bu'uureffachuun qabeenyi waamamtuu fi abbaan iyyattuu yeroo inni lubbuun ture waliin qaban maal ture? eega abbaan iyyattuu du'ee qabeenyi niitiin du'aa kan biraa waamamtuu ammaa irraa qooddatte jiramoo miti?kan jedhuu fi kkf qabeenya baargamoo fi mana jireenyaa iyyattuun gaafatte ilaalchisee qulqulleessuun murtii akka kennu bu'uura S/D/F/SGkk.341 n gaddeebi'eera.

2. Akka murtii kanaatti akka raawwatanu gargagalchi murtii kanaa M/M/jalaaf haa ergamu.
3. Baasii fi kisaaraa gareen lamaanuu of hadanda'anuu
4. Galmeen cufameera mana galmeetti haa deebi'u.

Lakk. Gal.156662

Guyyaa 22/04/2005

Abbotii Seeraa:

1. Bojaa Taaddasaa
2. Tuulii Baayisaa
3. Abdusalaam Sirraaj
4. Fiixaa Dachaasaa
5. Huseen Kamaal

Iyyattoota:

1. Waajjira Lafaa fi Eegumsa Naannoo Bulchiinsa Magaalaa Bushooftuu

Bakka bu'aan - Masfin Kormee dhiyaate.

2. Waldaa Michillee Oomisha Albuuda Cirracha Diimaa

Bakka bu'aan - Shaambal Damisee Sayifuu dhiyaate.

Yaamamaa..Waldaa Ilillee Oomisha Albuuda Cirracha Diimaa - bakka bu'aan Abrahaam Tasfaayee - dhiyaate.

Galmeen qoratamee murtiin itti aanu kenname

Murtii

Galmeen kun dhaddacha ijjiibaataaf dhiyaachuu kan danda'e sababa manni murtii aanaa Ada'aa Gal. Lakk.34565 irratti dhaddahca gaafa 08/12/2004 ooleen:

Waajjirri iyyataa ammaa fi waldaan iyyataa ammaa lafa waldaan yaamamaa investimentiidhaaf seera qabeessaan fudhatee oomihsa cirracha diimaa irraa oomishaa jiru irratti gaafa 02/10/2004 fi gaafa 13/10/2004 jeequmsa uumuudhaan waldaan yaamamaa akka lafa kana irraa oomisha hin oomishanee fi isa oomishes akka hin fudhanne gochuun isaa ragaa barreeffamaatiin qaamiileen mootummaa adda addaa barreessanii fi iddoo irratti qaamaan argamanii ibsan irraa waan mirkanaa'eef iyyattoonni jeequmsa lafa waldaa yaamamaa irratti uuman akka dhaaban lafa sana akka gadlakkisan jechuudhaan kan murteesse iyyattoonni ammaa komatanii ol'iiyannoo mana murtii ol'aanaa G/Shawaa Bahaatti yoo dhiyeeffatan illee manni murtii ol'aanaas murtiin mana murtii aanaa dogoggora seeraas ta'e kan firii dubbii hin qabu jechuudhaan bu'uura S.F.H.H.Kewt.337 tiin komii iyyattootaa kufaa waan godheef iyyattoonni ammas komii iyyannoo gaafa 01/02/2005 iddoo tokkotti barreessaniin murtiin manneen murtii jalaa dogoggora seeraa isa bu'uraa waan qabuuf diigamee sirreeffamuu qaba jechuudhaan sababii murtiin manneen murtii jalaa dogoggora qaba itti jedhan ibsanii falmaniiru.

Dhaddachi kunis ajaja gaafa 20/02/2005 kenneen iyyattoonni waldaa yaamamaa irratti jeequmsa uumuun isaa-

nii ragaa rogummaa qabuun mirkanaa'eera moo miti kan jedhu iddoo yaamamaan jirutti ququlleessuf jecha yaamamaan deebii akka kennu ajajamee deebii gaafa 08/04/2005 barreesseen falmiiwaan manneen murtii jalatti kaasaa ture irra deebi'ee kaasuudhaan akka waliigalaatti garuu murtiin manneen murtii jalaa dogoggora seeraa isa bu'uraa waan hin qabneef cimuu qabu jechuudhaan falmeera.

Kanumaan murtii manneen murtii jalaa, falmii bitaa fi mirgaa seera dhimma kana waliin rogummaa qabu waliin akka itti aanutti qoratameera.

Bu'uura kanaan falmiin kun waa'ee abbaa qabiyyummaa fi jeequmsa lafa albuudaa (cirracha diimaa) irratti kan ka'e ta'uun isaa murtii manneen murtii jalaa fi falmii bitaa fi mirgaa irraa hubatameera.

Bu'uura kanaan komii fi deebiin dhaddacha kanatti dhiyaataa jiruu fi manneen murtii jalaa ijoo dubbii keessa seenaanii murtii kan kennan yoo ta'ellee dhaddachi kun falmiin mirga abbaa qabiyyummaa lafa albuudaa irratti nama hayyama qabuu fi qaama hayyama kennuu jidduutti akkasumas qaama hayyama fudhatan lamaan jidduutti falmii ykn waldiddaa ka'u manni murtii idilee ilaalee murtii kennuuf aangoo sadarkaa duraa qaba moo

lafa yaamamaa keessa seenuudhaan jeequmsa uumeera waan ta'eef iyyattoonni lamaan lafa investimentiidhaan waldaa yaamamaaf kenname irratti jeequmsa uuman dhaabuudhaan lafa waldaa yaamamaa akka gadlak-kisan jechuudhaan kan himate ta'uun ifa dha. Iyyataa 1^{ffaa}n ammoo lafti falmiif sababa ta'ee waldaa iyyataa 2^{ffaa} ta'uu qaba yoo jedhu, iyyataa 2^{ffaa}nis lafti falmiin irratti ka'e anaaf kenname waan ta'eef yaamamaan mirga irraa hin qabu jechuudhaan falmeera. Kun ammoo kan agarsiisu waldaan yaamamaa abbaa hayyamaa ta'ee qaama mootummaa lafa kana kennuuf aangoo qabu waliin kan walfalmaa jiru ta'uufi iyyataa 2^{ffaa} fi yaamamaan ammoo abbootii hayyamaa ta'uudhaan abbaa qabiyyumma lafa falmiif sababa ta'eerratti walfalmaa waan jiraniif dhimmi kun bu'uura labsii magalata Oromiyaa Lakk.91/1997 Kewt.51 (5 fi 6) tiin durse marii garee sadan jidduutti taasifamuun furmaata argachuu qaba ture. Mariidhaanis kan waliif hin galamne yoo ta'e ammoo bu'uura waliigaltee iyyataa 2^{ffaa} fi yaamamaan yeroo lafa kana fudhatan waajjirri iyyataa 1^{ffaa} waliin ykn garee lafa kana isaaniif kenne waliin seenaniin dhimma isaanii jaarsummaadhaan ilaallatani kan xumuratan ta'a malee kallattiidhaan manni murtii idilee dhimma kana fuudhee keessummeessee mur-

tii kennuudhaaf aangoo kan qabuu miti. Manni murtii dhimma akka kanaa ykn falmii bitaa fi mirgaa irratti aangoo argachuu kan danda'u qaamni investmentii irratti hayama kennu falmii isaatti dhiyaatu manni murtii idilee ilaalee akka murteessu yoo itti qajeelche qofa akka ta'e labsii armaan olitti tuqame Kewt.51(3) jalatti tumameera. Falmii kana keessatti garuu falmiin kun qaama hayyama kennuun gara mana murtii aanaatti kan qajeelfame ta'uu waanti agarsiisu hin jiru.

Kanaafuu manni murtii aanaa dhimma kana ilaalee ykn falmisiisee murtii kennuuf aangoo bu'uuraa (Material jurisdiction) utuu hin qabaatiin falmii kana ofitti fuudhee ilaalee ijoo dubbii keessa seenee murtii kennuun isaa faallaa hiikoo labsii magalata Oromiyaa Lakk.91/1997 Kewt.51(3, 5 fi 6) ta'ee utuu jiruu manni murtii ol'anaas dogoggora mana murtii aanaa sirreesuu utuu qabuu kana bira darbuudhaan murtii mana murtii aanaa dogoggora seeraa ta'ee kan firii dubbii hin qabu jechuudhaan murtiin kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan ta'eef diigamuu qaba jechuudhaan murtaa'eera.

Ajaja

1. Murtii manni murtii ol'anaa G/ Shawaa Baha Gal.Lakk.32104 irratti dhaddacha gaafa 15/01/2005 ooleen kennee fi murtii manni murtii aanaa Ada'aa Gal.Lakk.34565 irratti dhaddacha gaafa 08/12/2004 ooleen kenne bu'uura S.F.H.H.Kewt.348(1) tiin diiguudhaan manni murtii idilee dhimma kana falmisiisee murtii kennuuf aangoo hin qabu jechuudhaan murtaa'eera.
2. Manneen murtii jalaa lamaan akka beekaniif garagalchi murtii kun yaa qaqqabu.
3. Baasii fi kisaaraa sababa falmii kanaatiin bitaa fi mirga irra dhaddacha kanatti gaheef bitaa fi mirgi kan mataa mataa isaanii yaa danda'an.
4. Dhorkaan dhaddacha kanarraa kennamee tures ka'eera. Galmeen xumura waan argateef cufamee mana galmeetti yaa deebi'u.

Lakk. Gal. 108717

Guyyaa 18/11/2003

Abbootii Seeraa:

1. Taaddalaa Nagishoo
2. Ashanaafii Baatuu
3. Tuulii Baayisaa
4. Qana'aa Qixxaataa
5. Abdusalaam Sirraaj

Iyyattuu...A/e Saamunaa Nuur

Yaamamaa...Obbo Xaahiir Baqataa

Galme qorannee murtii itti aanu kennineerra.

Murtii

Iyyannoon kun dhaddacha ijibbaataaf dhiyaachuu kan danda'e sababa manni murtii aanaa Adaamii Tulluu Gal.Lakk.12224 irratti dhaddacha gaafa 13/09/2002 ooleen "Harreen iyyattuu daa'ima yaamamaa ciniinee miidhaa daa'ima yaamamaarraan waan gaheef beenyaa hamilee bu'uura S.H.H.Kewt.2116 tiin qarshii 1000.00 (Kuma tokko) iyyattuun yaamamaadhaaf akka kafaltu" jechuudhaan kan murteesse iyyattuun komattee ol'iyyannoo mana murtii ol'aanaa G/Shawaa Bahaatti yoo dhiyeeffattu manni murtii ol'anaas murtiin manneen murtii aanaa dogoggora seeraas ta'ee kan ijoo dub-

bii waan hin qabneef komiin iyyattuu hin dhiyeesisu jechuudhaan kufaa waan godheef iyyattuun komattee waan dhiyaatteef yoo ta'u ijoo komii ishees:

1. Manneen murtii jalaa harreen kiyya daa'ima yaamaama ciniinee miidhaa irraan gahuun isaa ragaa mana yaalaatiin utuu hin mirkanaa'iin fi
2. Miidhaan hamilee yaamamaarraa gahuu isaa ragaan utuu hin dhiyaatiin manneen murtii jalaa qarshii 1000.00 (Kuma tokko) akkan yaamamaadhaaf kaffalu murtiin kennan dogoggora seeraa isa bu'uura waan ta'eef diigamee akka sirreeffamu kan jedhudha.

Dhaddach kunis hamileen yaamamaa miidhamuu ykn tuqamuun isaa ragaadhaan mirkanaa'eera moo miti kan jedhu iddoo yaamamaan jirutti qulqulleessuudhaaf jecha yaamamaan deebii akka kennu ajajamee deebii gaafa 03/12/2002 barreesseen murtiin manneen murtii jalaa dogoggora seeraa isa bu'uura waan hin qabneef cimuu qaba jechuudhaan falmeera.

Kanumaan dhaddach kunis falmii bitaa fi mirgaa murtii manneen murtii jalaa seera dhimma kana waliin walitti dhufeenya qabu waliin akka itti aanutti qorateera. Haala kanaan harreen iyyattuu daa'ima yaama-

maa kalee isaarra ciniinee miidhaa cimaa irraan gahuun isaa ragaa namaatiin mirkanaa'eera. Miidhaan namarra gahuu isaa ragaa mana yaalaatiin qofa mirkanaa'uu qaba jettee iyyattuun komiin dhiyeestes deggersa seeraa kan qabu miti. Namni tokko ammoo miidhaan yoo irra gahe ofii isaa ykn namoonni sababa miidhaa sanaatiin hamileen isaa tuqame beenyaa gaafachuu akka danda'u S.H.H.Kewt.2116 jalatti waan tumameef iyyattuun yaamamaadhaaf beenyaa hamilee qarshii 1000.00 (Kuma tokko) akka kaffaltu murtiin kennan dogoggora seeraa isa bu'uura kan qabu ta'ee hin argamne.

Ajaja

1. Murtii manni murtii aanaa Adaamii Tulluu Gal.Lakk. 12224 irratti dhaddacha gaafa 09/09/2002 ooleen kenne fi murtii manni murtii ol'aanaa G/ Shawaa Baha Gal. Lakk. 24972 irratti dhaddacha gaafa 26/09/2002 ooleen kenne bu'uura S.F.H.H.Kewt.348 (1) tiin mirkaneessuudhaan murtaa'eera.
2. Manneen murtii jalaa lamaan akka beekaniif garagalchi murtii yaa qaqqabu.
3. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanatti yaamamaarra gaheef iyyattuun qarshii 600.00 (Dhibba ja'a) akka kaffaltu murtaa'eera. Dhorkaan kennamee tures ka'eera. Galmeen xummura waan argateef cufameera.

A/Murtii:

1. Bojaa Taaddasaa
2. Tuulii Baayisaa
3. Qana'aa Qixxaataa
4. Abdusalaam Sirraaj
5. Darajjee Mangistuu

Iyyataa...

Taammiraat Tasfaa - mana sirreessaa waan jiruuf hin dhiyaanne.

Yaamamaa...A/A

Galmeen qoratamee murtiin itti aanu kennameera.

Murtii

Galmeen kun dhaddacha ijjiibaataaf dhiyaachuu kan danda'e sababa manni murtii ol'aanaa G/Qellem Wallaggaa Gal.Lakk.05964 irratti dhaddahca gaafa 01/03/2003 ooleen:

Himannaa 1^{ffaa} jalatti iyyataan S.Y.Kewt.32(1(B)) fi 539(1(A fi C)) irra darbuudhaan miiltoo isaa nama Mitikkuu Taaddiyooos (himatamaa 2^{ffaa} jalaa) waliin

ta'uudhaan nama ajjeessanii qaama namaa gurgura-chuudhaan mallaqa seeraan alaa argachuuf dursanii itti yaaduudhaan gaafa 13/03/2002 halkan keessaa sa'aa 8:00 irratti miidhamaa dhuunfaa nama Yirgaalam Taaddasaa jedhamaa ture mana inni keessa rafee ture seen-uudhaan iyyataan ammaa cuupheedhaan qaama isaa bakka garagaraa waraanee erga ajjeessaheen booda kalee fi nyaara miidhamaa keessaa baasee mana himatamaa 2^{ffaa} (aanaa Sayyoo ganda Maaxxaa) jedhamutti halkanuma sana sa'aa 11:00 irratti yoo geessu himatamaa 2^{ffaa}nis yakkicha irraa bu'aa argamutti fayyadamuuf jecha yaadaan deggaree qaama miidhamaa kana qarshii 8000.00 (Kuma saddeetiin) irraa bittuu fi himannaa 2^{ffaa} jalattis iyyataan ammaa fi himatamaa 2^{ffaa}n jalaa S.Y.Kewt.32(1(A)) fi 573(3) irra darbuudhaan iddoo, sa'aa, guyyaa, ji'aa fi bara akkasumas miidhamaa himannaa 1^{ffaa} keessatti ibsamee iirraa iyyataan ammaa fedhii fi hayyama miidhamaa malee kalee fi nyaara isaa muree himatamaa 2^{ffaa}tti qarshii 8000.00 (Kuma saddeetiin) yoo gurguratu himatamaa 2^{ffaa} ammoo kalee fi nyaara miidhamaa kana dabarsee G/ Wallaggaa Lixa aanaa Anfilloo geessuudhaan nama Sheek Abduljaliil Mahammad jedhamutti qarshii 50,000.00 (Kuma shanatan) gurgurachuun isaa ragaa namaa fi barreef-

famaatiin yoo mirkanaa'u iyyataa fi miiltoon isaa ragaa ittisaatiin of irraa ittisuuf yoo yaalii godhan illee ragool- ee ittisaa iyyataas ta'ee kan miiltoo isaa irraa hin ittifne jechuudhaan himannaa lamaan jalatti iyyataan ammaa du'aan akka adabamu; miiltoon isaa ykn himatamaan jalaa 2^{ffaa}n ammoo hidhaa cimaa umurii guutuutiin akka adabamu jechuudhaan kan murteesse iyyataan ammaa fi miiltoon iyyataa jalaa komtanii ol'iiyannoo mana murtii waliigala Oromiyaa dhaddacha dhaabbii Lixaatti yoo dhiyeffatan manni murtii waliigalaa ammoo bitaa fi mirga falmisiisuudhaan:

Miiltoo iyyataa ammaa ykn himatama 2^{ffaa} jalaa ilaal- chisee: himatamaa 2^{ffaa}n qaama miidhamaa iyyataa ammaa fi ragaa abbaa alangaa 1ffaatiin isaaf dhiyaate bitee gurguruu isaa malee miidhamaan akka ajjeeffamu yaadaan ta'ee gochaan gargaarsi ykn hirmaannaan ykn gumaachi inni godhe hin jiru jechuudhaan himannaa isa irratti dhiyaate lamaan jalaa bilisa gochuudhaan garuu ammoo himatamaa 2^{ffaa}n iyyataa fi ragaan abbaa alan- gaa 1ffaan miidhamaa ajjeessanii kalee fi nyaara yoo fidanii itti dhufan qaama seeraatti beeksisuu utuu qabuu kana utuu hin godhiin waan hafeef S.Y.Kewt.443(1(a)) jalatti balleessaa dha jechuudhaan keewwata kana jalat- ti hidhaa salphaa ji'a ja'aatiin akka adabamu jechuud-

haan yoo murteessu iyyataa ammaa laalchisee garuu gocha raawwachuun isaa ragaa rogummaa qabuun itti mirkanaa'eera. Adabbii ilaalchisees gochi inni raaw- wate sukkaneessaa waan ta'eef murtiin mana murtii ol'aanaa kan komachiisu miti jechuudhaan adabbii du'aa manni murtii ol'aanaa iyyataa irratti kennee ture waan mirkaneesseef iyyataan komatee kan dhiyaate yoo ta'u ijoo komii isaas gabaabinaan:

1. Gocha ittiin himatame kana kan hin raawwanne ta'uu kiyya qajeelcha poolisii godina Qellem Wallaggaa fi mana murtii ol'aanaa irratti wakkadhee utuun jiruu fi ragaa abbaa alangaa 1^{ffaa} ta'ee kan ana irratti ragaa bahe namni Milkiyaas Tarfaa jedhamu dhimmuma kanaan himatamee mana murtii ol'aanaa G/Qellem Wallaggaa irratti Gal.Lakk.05995 irratti hidhaa cimaa waggaa 15 tiin kan adabame ta'ee utuu jiruu manneen murtii jalaa jecha yakkamaan kun miidhamaa ana waliin akka ajj- eessetti fakkeessee kan dubbate irraatti hunda'uu isaa- nii,

2. Ragaadhumti kun dirqisiifamee jecha isaa kan ken- ne ta'uu mana murtii waliigalaa dhaaddacha dhaabbii Lixaa irratti ibsaa utuu jiruu manneen murtii jalaa jecha ragaa kanarratti hunda'uu isaanii faallaa heera mootum-

maa federaala Itoophiyaa Kewt.19(5) waan ta'eef akkasumas

3. Miidhamaa dhuunfaa irras kalee fi nyaarri kan fuudhame ta'uu ragaan mana yaalaa utuu hin mirkaneessiin akkasumas himatamaan 2^{ffaa}n mana murtii waliigalaatiin gocha kana akka hin raawwatiin qulqulla'ee bilisaan geggeeffamee utuu jiruu ana ilaalchisee ammoo kana dura yakka raawwadhee kuusaan yakka utuu narratti hin dhiyaatiin hafuun isaa harki kiyya qulqulluu ta'uu isaa kan agarsiisu ta'ee utuu jiruu murtii ballessaa fi adabbii du'aa mirkaneessuun mana murtii waliigala Oromiyaa ta'ee murtiin mana murtii ol'aanaa dogoggora seeraa isa bu'uura waan ta'eef diigamee irra deebi'amee ilaalamee murtiin haqa qabeessi tokko akka naaf kenamu kan jedhu dha.

Dhaddachi kunis galmee kana qoratee ajaja gaafa 02/12/2004 kenneen "Ragaan abbaa alangaa 1ffaan (iyyataa ammaarratti ragaa namaa tokkicha) dhimmuma ajjeechaa miidhamaa kanaatiin iyyataa ammaa waliin ajjeeffaneera jechuudhaan mana murtii ol'aanaa G/Qellem Wallaggaa irratti waan amaneef Gal.Lakk.05995 irratti balleessaa qaba jedhamee hidhaa cimaa waggaa 15 tiin adabamee utuu jiruu jecha ragaa kanaa qofaan

iyyataa irratti murtiin balleessummaa fi adabbiin kenname sirriidha moo miti" ijoo jedhu iddoo abbaan alangaa jirutti qulqulleessuuf jecha galmeen kun dhaddacha ijibbaataaf akka dhiyaatu waan murteesseef abbaan alangaas deebii akka kennu ajajamee deebii gaafa 14/01/2005 barreesse:

1. Iyyataa ammaarratti himanni kan hundeeffame gaafa 28/01/2003 yoo ta'u ragaan abbaa alaangas guyyuma sana dhiyaatee jecha isaa erga kenneen booda isa irratti ammoo himanaan gaafa 03/02/2003 kan dhiyaate yoo ta'u ragaan kun iyyataa irratti bu'uura raa baheen ofii isaas yoo himatamu mana murtii ol'aanaarratti fedhii isaatiin dhiibbaa tokko malee waan amaneef waggaa 15n adabamuun isaa jecha ragummaa inni iyyattaa ammaa irratti kenne gatii kan dhabsiisuu miti.

2. Iyyataan miiltoon kiyya dhimma kana irraa bilisaan gaggeeffame kan jedhus bilisaan gaggeeffame utuu hin taane keewwaatatu jijjiirame waan ta'eef komii fudhatama qabu miti akkasumas

3. Ragaan mana yaalaa miidhamaa dhuunfaa keessaa kaleen fuudhamuu fi nyaarri isaa mirgaan muramee fudhatamuu mirkaneessee utuu jiruu iyyataan gama kanaan mormiin inni dhiheesse fudhatama hin qabu.

Akka waliigalaatti iyyataan gocha kana raawwachuu isaa ragaa abbaa alangaatiin mirkanaa'ee utuu jiruu inni ammoo ragaa ittisaatiin gargaaramee of irraa ittisuu waan hin dandeenyeef komiin isaa guutummaan guutuutti kufaa ta'ee murtiin manneen murtii jalaa cimuu qabu jechuudhaan falmeera.

Kanumaan dhaddachi kunis irra deebi'ee murtii manneen murtii jalaa, falmii bitaa fi mirgaa fi seera dhimma kana waliin rogummaa qabu waliin akka itti aanutti qorateera. Bu'uura kanaan falmiin kun waa'ee ajjechaa namaa haala ameenyaa fi suukkanneessaa ta'een raawwatameera jedhee abbaan alangaa dhiyeesse fi himatamaan ykn iyyataan ammaa ammoo waakkatee falme akka ta'e falmii bitaa fi mirgaa fi murtii manneen murtii jalaa irraa hubachuun ni danda'ama.

Kanumaan iyyataan murtii balleessummaa fi adabbii komachaa waan jiruuf jecha ragoota bitaa fi mirgaa ilaaluun barbaachisaa ta'ee argameera. Bu'uura kanaan ragaan iyyataa kana irratti mana murtii ol'aanaatti jecha isaanii kennan nama tokko qofa akka ta'e seenaan galmees kanaa ni agarsiisa. Innis gocha kana iyyataa waliin raawwanneerra jechuudhaan iyyataa irrattis jecha ragummaa isaa yoo kennuu fi ofii isaas himatamee jecha

yoo kennu kan amane ta'uu falmiin bitaa fi mirgaa ni mirkaneessa. Kana irraa ka'uudhaan akka waliigalaatti namoonni yakka tokkotti waliin shakkaman wal irratti ragaa ta'uu danda'u moo hin danda'an kan jedhu irratti seerri biyya kana maal jedha isa jedhu yoo ilaallu biyyi kun seera ragaa of danda'ee iddoo tokko qindaa'ee bahe kan hin qabne waan ta'eef afaan guutanii ni danda'uykn hin danda'an jechuun rakkisaa dha. Garuu ammoo duudhaa seera ragaa akka waliigalaatti biyyoonni adda addaa hordofan yoo ilaallu namoonni yakka tokkoon shakkaman wal irratti ragaa ta'uun kan hin danda'amne ta'uu isaa ilaaluun ni danda'ama. Biyyuma kanattis seera naamuusaa fi farra malamaltummaa kan mootummaa federaalaa fi kan mootummaa naannoo Oromiyaa yoo ilaallu namnoonni waliin malamaltummaatti shakkaman yoo haalduree lama guutan qofa wal irratti ragaa ta'uu akka danda'an hayyamameera. Kun ammoo kan inni agarsiisu yakkoota biraa irratti namoonni dhimma tokkoon ykn yakka tokkoon shakkaman wal irratti ragaa ta'uu ni danda'an ejjennoo jedhu kan jabeessu ta'ee argama.

Kanumaan gara dhimma amma of harkaa qabnuutti yoo deebinu ammoo iyyataa fi ragaan abbaa alangaa lffaan gocha kana waliin kan raawwatan ta'uu isaa ragaan ab-

baa alangaa kun mirkaneesseera. Ragaan biraan iyyataa ammaa irratti dhiyaate ammoo jecha iyyataan bu'uura S.F.A.Y.Kewt.35 tiin mana murtii aanaatti kenne dha. Kanaafuu akka waliigalaatti iyyataan jecha ragaa abbaa alangaa kan ofii isaayyuu shakkamu qofa irratti hunda'uudhaan murtiin balleessummaa anarratti kenname jechuudhaan komiin inni dhiyeesse fudhatama kan qabu miti jedhameera. Iyyataan komii dhaddacha kanatti dhiyeesseen waa'ee jecha ofii bu'uura S.F.A.Y.Kewt.35 tiin kennee waanti inni kaasee komate hin jiru. Gama biraatiin ammoo namoonni waliin yakka tokkotti shakkaman akka wal irratti ragaa hin taane kan dhorkamu tokko ofii bahuuf jedhee isa kaan irratti sobaan raguu danda'a jedhamee yoo ta'u ragaan iyyataa irratti dhiyaate garuu dursee ofii utuu hin himatamiin jecha ragummaa isaa kennee booda yoo himatamus ofii isaas gocha kana keessa akka jiru amanee jecha isaa kenneera.

Ijoo ittisaa iyyataan qabsiifate ammoo "Gaafa 03/02/2003 ragaan abbaa alangaa 1^{ffaa}n poolisiin na tumnaan Taammiraat Tasfaa wajjiinan ajjeesse jedhe malee inni gochicha hin raawwanne jedhee yeroo mana sirreessaa galetti akka dubbate naaf beeku" kan jedhu dha. Ijoo kun mataa isaatti ragaan abbaa alangaa kun

poolisii biratti dirqamee jecha isaa kenneera kan nama jechiisu miti malee utuudhuma dirqiidhaan poolisii biratti jecha isaa kenne ta'eellee yeroo iyyataa irratti ragaa ta'ee mana murtii ol'aanaatti dhiyaatuu fi gaafa ofii isaas himatamee mana murtii ol'aanaatti dhiyaatu waakkachuu waanti isa dhorku hin jiru ture. Ragoonni ittisaa iyyataas mana murtiitti dhiyaatanii bu'uura ijoo qabameetiin hin ragne malee utuudhuma ragaan isaanii iyyataan gocha ittiin himatame hin raawwanne kan nama jechisiisuu ta'uu hin danda'u.

Gama biraatiin iyyataan miiltoon kiyya yakka kana kan hin raawwanne ta'uun isaa mirkanaa'ee bilisaan geggeeffameera kan jedhu komii sirrii miti. sababiin isaas miiltoon isaa bilisaan geggeffame utuu hin taane keewwata ittiin himatametti jijjiirame waan ta'eef dha. Akkasumas iyyataan miidhamaa irra miidhaan jedhame gahuu isaa ragaan mana yaalaa hin dhiyaanne kan jedhus ragaan dhiyaatee waan jiruuf komii fudhatama qabu ta'ee hin argamne.

Akka waliigalaatti iyyataan kun ofii isaayyuu mana murtii aanaatti dhiyaatee miidhamaa haala ragaan abbaa alangaa 1^{ffaa} fi himannaa abbaa alangaa keessatti ibsameen:

Dursee itti qophaa'ee ragaa abbaa alangaa 1^{ffaa}n akka isa gargaaru godhee gaafa gocha kana raawwatan halkan sa'aa 8:00 irratti mana miidhamaan keessa rafee jiru keessa ragaa abbaa alangaa 1^{ffaa} kara aarri bahu seensiisuudhaan akka ragaan kun balbala irraa banu erga taasiseen booda iddoo miidhamaan jirutti darbanii ragaa abbaa alaangaa waliin ta'uudhaan miidhamaa rafee jiru cuupheedhaan qaama isaa iddoo addaa irra waraanuudhaan erga ajjeessaniin booda iyyataan ammaa goowaantii adii harka lamaanitti godhatee garaa miidhamaa baqaqsee kalee lama keessaa fuudhee; nyaara mirgaa miidhamaas qalee irraa baasee pestaalii keessa kaawwatee halkanuma sana deema bulanii sa'aa 11:00 irratti mana miiltoo isaa ykn himatamaa 2^{ffaa} geessanii qarshii 8000.00 (Kuma saddeettitti) gurguratani iyyataan kun qarshii 400.00 (dhibba afur) ragaa abbaa alangaa 1^{ffaa} kennee deebi'anii kan galan ta'uun mirkanaa'ee waan jiruuf murtii balleessummaa ilaalchisee komiin iyyataan dhiyeesse akka waliigalati fudhatama kan qabu ta'ee hin argamne.

Adabbii ilaalchisees iyyataan kana dura yakka raawwatee kuusaan yakka itti dhiyaachuu baatullee illee bu'uura S.Y.Kewt.82 (1(A)) jalatti tumameen kuusaa

yakka dhabuun haalduree tokko malee qabxii adabbii salphisuu danda'uu miti. Sababiin isaa akka keewwata kanaatti namni kuusaa yakka duraan hin qabne amma yoo yakka raawwate adabbiin kan hirdhifamuuf yakki sun kan raawwatame walalummaa irraa haala madden ykn akka tasaa yoo ta'e malee nama akka iyyataa ammaa kanaaf kan fayyaduu miti. Gochi iyyataa ammoo yoo ilaalamu fedhii maallaqa argachuuf qabu irraa ka'uudhaan itti yaadee tooftaa qopheeffatee halkan yeroo namni rafee jirutti mana miidhamaa seenuudhaan haala sukkanneessaa ta'een ajjeessuu bira darbee qaama miidhamaa babbaqaqsee qaama miidhamaa mumuree gurguruun isaa yoo ilaallamu iyyataan nama dhala namaatiif garalaafina hin qabnee fi gara jabeenyaa fi hameenya qabu ta'uu isaa waan agarsiisuuf manneen murtii jalaa iyyataan hawaasa kanaaf hin barbaachisu waan ta'eef du'aan adabamuu qaba jechuudhaan murtiin isaan kennan dogoggora seeraa isa bu'uuraa kan qabu ta'ee hin argamne waan ta'eef cimuu qaba jechuudhaan murtaa'eera.

Ajaja

1. Murtii manni murtii waliigala Oromiyaa Gal. Lakk.114809 irratti dhaddacha gaafa 15/06/2004 ooleen kenne fi murtii manni murtii ol'aanaa G/Qellem Wallaggaa Gal.Lakk.05964 irratti dhaddacha gaafa 01/03/2003 ooleen kenne mirkaneessuudhaan murtaa'eera.
2. Iyyataan mana sirreessaa G/Qellem Wallaggaa waan jiruuf akka beekuuf garagalchi murtii kanaa karaa mana sirreessaa kanaa isa yaa gahu; manni sirreessaas akkaataa murtii kanaa fi ajaja mana murtii ol'aanaatiin akka raawwachiisuuf garagalchi murtii kun yaa qaqqabu.
3. Galmeen kun xumura waan argateef cufameera.

A/Murtii:

1. Bojaa Taaddasaa
2. Tuulii Baayisaa
3. Abdusalaam Sirraaj
4. Huseen Kamaal
5. Darajjee Mangistuu

Iyyataa...Obbo Junyadii Qaasiim

Yaamamaa...Mana Barumsaa Abbayyii Heebaa

Galmeen qoratamee murtiin itti aanu kennameera.

Murtii

Galmeen kun dhaddacha ijjiibaataaf dhiyaachuu kan danda'e sababa manni murtii Agaarfaa Gal.Lakk.10825 irratti dhaddahca gaafa 12/03/2004 ooleen ijoo "Iyyataan ammaa lafa waliigalteedhaan yaamamaa irraa kireeffate guutummaan guutuutti deebiseera moo miti? Lafa kiraan fudhateen alatti daangaa darbee qotataa tureera moo miti? kan jedhu qabachuudhaan:

Bitaa fi mirgi waliigaltee gaafa 11/11/2000 barreeffameen lafa hektaara 12 daangessitoonni isaa:

1. Bahaan-lafa Aloo Huseeniin
2. Dhihaan- lafa mana bursaa Abbayyii Heebaatiin

3. Kaabaan-lafa mana burumsaa fi
4. Kibbaan-laga Heebaa (madda Heebatiin) ta'e yaamaan iyyataa ammaatti kan kireessan ta'uun hubatameera.

Bu'uura kanaan iyyataan lafa mana burumsaa guutummaan guutuutti deebiseera jedhee yaa falmuu malee ragoonni namaa gama iyyataatiin dhiyaatan lafti iyyataan mana burumsaa irraa kireeffate daangaan isaa kara Kibbaatiin lafa Junyaadii Qaasiim (iyyataatiin) daangeffame yoo jedhan ragoonni namaa, ragaan barruu fi waliigalteen gama yaamamaatiin dhiyaatan garuu lafti iyyataan yaamamaa irraa kireeffate kallattii Kibbaatiin laga Heebaa ykn madda Heebaatiin kan daangeffamu ta'uu mirkaneessaniiru. Kana malees iyyataan lafti kireeffadhe ball'inni isaa hektaara 12 waan ta'eef hektaara 12 yaamamaaf deebiseera waan jedheef waajjirri lafaa fi eegumsa naannoo aanaa Agaarfaa lafa balli'innii fi daangaa isaa waliigaltee bitaa fi mirgaa irratti caqafame ball'inni isaa meeqa akka ta'e ogeessaan safaree akka dhiyeessu bu'uura ajajameen xalayaa Lakk.WLEN A05/847-04 gaafa 15/01/2004 mana murtiif barreesseen ball'inni lafa daangaa waliigaltee bitaa fi mirgaa irra jidu jidduutti argamu hektaara 15.7565 ta'uu isaa ibseera. Kana malees iyyataan yeroo lafa

famiif sababa ta'e yaamamaa irraa kireeffatu iddoo sanaa ykn daangaa mana barumsaa biraa lafa kan hin qabne ta'uun isaa mirkanaa'eera. Kanaafuu waliigaltee kiraa lafaa irratti ball'inni lafaa hektaara 12 yoo jedhame illee qabatamatti lafti daangaa waliigaltee irratti caqafame jidduu jiru yoo ogeessaan safaramu hektaara 15.7565 ta'uun isaa mirkanaa'eera. Akka waliigalaatti iyyataan lafa waliigaltee irratti caqafame guutummaan guutuu isaa yaamamaaf deebiseera yaa jedhuu malee lafti mana barumsaa harka isaatti hafee waan jiruuf lafa daangaa isaa waliigaltee irratti caqafame kan amma ogeessaan safaramee hektaara 15.7565 ta'e guutuu isaa yaamaadhaaf akka gadlakkisu jechuudhaan kan murteesse iyyataan ammaa komachuudhaan ol'iyyannoo mana murtii ol'aanaa G/Baaleetti yoo dhiyeeffatu manni murtii ol'aanaas bitaa fi mirga falmisiisee ijoo "Iyyataan lafa hektaara meeqa yaamamaa irraa kireeffate kan jedhuu fi bu'uura waliigaltee isaaniitiin lafa kireeffate deebiseera moo hin deebifne" kan jedhu qabachuudhaan: Waliigalteen kiraa lafaa gaafa 11/11/2000 bitaa fi mirga jidduutti mallatteeffame iyyataan lafa hektaara 12 yaamamaa irraa kan kireeffate ta'uu ni agarsiisa. Akkasumas iyyataan lafa hektaara 12 yaamamaadhaaf kan deebise ta'uun kallattii adda addaatiin mirkanaa'eera.

Waliigalteen tokko ammoo kan raawwatamu bu'uuruma waliigaltee sanaatiin ta'uu akka qabu seera biyya kanaatiin tumeera. Kanaafuu yaamamaan lafa iyyataatti kireesse hektaara 12 deebisee fudhatee utuu jiruu sababa lafti kun yeroo safaramu hektaara 15 ta'eef hektaara 3 dabalataan akka nuuf deebisu jechuudhaan gaaffiin dhiyeessee fi manni murtii aanaas bu'uura himannaa ykn gaaffii yaamamaatiin iyyataan lafa hektaara 15 akka deebisuuf jechuudhaan murtiin kenne waliigaltee bitaa fi mirgaatiin ala waan ta'eef sirrii miti jechuudhaan murtii mana murtii aanaa diiguudhaan himannaa yaamama kufaa gochuudhaan murteesseera.

Kana booda yaamamaan ammaa ammoo murtii mana murtii ol'aanaa komachuudhaan ol'iyyannoo mana murtii waliigala Oromiyaa dhaddacha dhaabbii Kibbaatti yoo dhiyeeffatu manni murtii waliigalaas bitaa fi mirga falmisiisee:

Bitaa fi mirgi waliigaltee gaafa 11/11/2000 taasisan irraa hubachuun akka danda'amutti lafa hektara 12 kan jedhame ogeessaan safaramee osoo hin taane tilmaamaan jedhame daangeesitoonni kallattii arfaniin tuqamanii iyyataa ammaatti kan kennamedha malee ogeessaan safaramee waan hin taaneef kan yeroo ammaa ogeessaan safarame hektaara 15 tahees lafuma

mana barumsaa daangeessotiinni beekamanifii harka iyyataa kanaatti hafe waliin ta'uun waan hubatameef jechuudhaan murtii mana murtii ol'aanaa diiguudhaan murtii mana murtii aanaa mirkaneesseera. Komiin amma dhiyaates murtii mana murtii waliigalaa fi kan mana murtii aanaa komachuun yoo ta'u ijoo komii isaas gabaabinaan:

1. Bu'ura waliigaltee kiraatiin namoonni waliigaltee tokko keessa seenan qabiyyee waliigaltee sanaatiin qofa dirqamuu utuu qabani manneen murtii aanaa fi waliigalaa qabiyyee waliigaltee keenyaatiin ala bahuudhaan lafa ani hin kireeffatiin akkan deebisu murtii kennuun isaanii,
2. Lafti amma ana harkatti hafe jedhamee yaamamaan akka iyyataan naaf kennu ykn gadlakkisu jechuudhaan na himatu kun kiyya ta'ee bara dheeraadhaaf ragaa utuu itti qabuu fi
3. Yaamamaan lafa kiraadhaan natti kenne deebisee fudhatee utuu jiruu manneen murtii aanaa fi waliigalaa lafa waliigaltee kiraa keessa hin jirre akkan yaamamaadhaaf deebisu murtiin kennan dogoggora seeraa isa bu'uraa waan qabuuf diigamee murtiin mana murtii ol'aanaa cimuu qaba kan jedhudha.

Dhaddachi kunis galmee kana qoratee ajaja gaafa 10/11/2004 kenneen "Waliigaltee kiraa gaafa 11/11/2000 bitaa fi mirga jidduutti mallatteeffameen iyyataan ammaa lafa hektaara 12 kan kireeffate yoo ta'u ammas iyyataan lafa hektaara 12 yaamamaaf deebise utuu jiruu manneen murtii aanaa fi waliigalaa iyyataan lafa waliigaltee irra hin jirre yaamamaaf akka deebisu" jechuudhaan murtiin kennan sirriidha moo miti kan jedhu iddoo yaamamaan jirutti qulqulleessuuf jecha galmeen kun dhaddacha ijibbaataaf akka dhiyaatu waan murteesseef yaamamaanis deebii akka kennu ajajamee deebii gaafa 28/01/2005 barreessen falmii duraan manneen murtii jalaatti dhiyeessaa ture irra deebi'ee dhiyeessuudhaan akka waliigalaatti murtiin manneen murtii aanaa fi waliigala Oromiyaa dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan hin qabneef cimuu qabu jechuudhaan falmeera.

Kanumaan dhaddachi kunis irra deebi'ee murtii manneen murtii jalaa, falmii bitaa fi mirgaa fi galmee haadhoo mana murtii aanaa Agaarfaa irraa dhiyeessuudhaan seera dhimma kana waliin rogummaa qabu waliin akka itti aanutti qorateera. Bu'ura kanaan falmiin kun waa'ee waliigaltee kiraa lafa qonnaa baadiyyaa irratti taasifame waliin walqabatee lafa kiraadhaan kennamee

ture deebifachuu waliin kan walqabate akka ta'e murtii manneen murtii jalaa fi falmii bitaa fi mirgaa irraa hubachuun ni danda'ama. Kanumaan dhaddachi kunis galmees kana akka qoratetti bitaa fi mirgi waliigaltee kiraa lafaa qonnaa irratti gaafa 11/11/2000 taasisaniin yaamamaan lafa iyyataatti yoo kireessu akka itti aanutti laftichi ibsameera. Ball'inna ilaalchisee hektaara 12 akka ta'ee fi daangessitoonni isaa ammoo:

1. Bahaan-lafa Aloo Huseen
2. Dhihaan- lafa mana bursaa Abbayyii Heebaa
3. Kaabaan-lafa mana burumsaa fi
4. Kibbaan-laga Heebaa (madda Heebaa) akka ta'e ibsaniiru.

Kana irraa ka'uudhaan lafti manni barumsaa ykn yaamamaan iyyataatti kireesse meeqa kan jedhu fi iyyataan lafa hangam yaamamaaf deebise isa jedhu akka itti aanutti xiinxalameera. Yaamamaa fi iyyataan yeroo ammaa kana iyyataan lafa hektaara 12 yaamaamaaf kan deebise ta'uu isaa falmiin hin jiru. Falmiin kan jiru iyyataan lafa kireeffate yaamamaaf guutummaan guutuutti deebiseera moo keessaa hanbifateera kan jedhu dha. Kana deebisuuf ammoo qabiyyee waliigaltee bitaa fi mirgaa ilaaluun barbaachisaa ta'a. Waliigalteen bitaa fi mirgaa jidduutti mallatteeffame irra

keessa yoo ilaalamu sababa ball'inni lafaa hektaaraan ibsameef ifa fakkaatee hiikoo kan hin barbaachifne fakkaata. Yaa ta'uu malee waliigalteen kana keessatti lafti bitaa fi mirgi walitti kireessan haala lamaan ibsameera. Innis ball'inna lafaa fi daangessitoota ibsuudhaan akka ta'e ifa dha. Kana waliin walqabatee lafti kun yeroo kiiraadhaan iyyataatti kennamu ogeessaan safaramee hektaarii isaa ifatti beekamee akka hin taane murtii manneen murtii jalaa keessaa hubatameera. Amma yeroo ogeessaan safaramu ammoo hektaara 12 utuu hin taane hektaara 15.7565 akka ta'e irra gahameera. Kanaafuu waliigaltee kiraa bitaa fi mirgaa jidduutti taasifame keessatti lafti waliigalteen irratti taasifame hektaaraan kan ibsamee fi daangessitootaan kan ibsame jidduu garaagarummaan jiraachuun ifa. Kun ammoo waliigalteen kun ifa akka hin taane namatti agarsiisa. Waliigalteen ifa hin taane mana murtiin hiikoo argachuu akka qabu S.H.H.Kewt.1733 jalatti tumameera. Waliigalteen yeroo hiikamu ammoo duudhaan manni murtii hordofuu qabu seeruma kana Kewt.1732, fi Kewt.1734-1739 jalatti tumameera.

Keewwattootni kun hundi isaanii waliigaltee amma ilaalla jirru kanaaf fala ykn furmaata kennuuf barbaachisoo yoo ta'an iyyuu Kewt.1734 fi 1736(1)

irra caalaa dhimma kanaaf rogummaa waan qabaniif akka itti aanutti xinxalamaniiru. Bu'uura kanaan akka Kewt.1734(1) jalatti tumametti waliigalteef hiikoon kan kennamu namoonni waliigaltee sana keessa seenan yeroo waliigaltee sana mallatteessan akeekni ykn yaadni isaanii maal ture isa jedhu barbaaduun barbaachisaa akka ta'e kan akeeku dha. Kana jechuun namoonni waliigaltee tokko keessa seenan yeroo waliigaltee sanatti seenan maal yaadanii ykn maal irratti maal gochuuf akka waliigalan barbaaduun murteessaa akka ta'e ifa. Yaada waliigaltootaa kana eessaa barbaadna ykn arganna gaaffiin jedhu murteessaa yoo ta'u ijoo yaada bitaa fi mirgaa sababii bitaa fi mirgi waliigaltee sana keessa itti seenan, dhimmoota yeroo waliigalteen sun taasifamu naannoo sana turan fi haala waliigalaa waliigalteen sun irratti bu'uureffame tilmaama keessaa galchuudhaan yaadni waliigaltootaa kana malee kana hin turre jechuudanda'uun kan nurra jiru ta'uun hubatamuu qaba.

Yaada bitaa fi mirgaa ykn waliigaltootaa (common intention of the parties) qofa utuu hin taane haallan gochaawwaan bitaa fi mirga utuu waliigaltee sana keessa hin seeniinii fi erga waliigaltee keessa seenaniin booda agarsiisanis tilmaama ykn yaada keessa galchuun barbaachisaa akka ta'e seeruma kana Kewt. 1734(2) jalatti

tumameera. Kana jechuun gochaawwaan bitaa fi mirgi waliigaltee sana keessa seenuuf taasisanii fi erga seenaniin boodas taasisan ilaaluun barbaachisaa akka ta'e kan agarsiisu dha.

Dabalataanis akka S.H.H.Kewt.1736 (1) jalatti tumametti qabiyyeen waliigaltee hiikoo argachuu kan qabu keewwatni tokko keewwata isa kaan waliin bifa wal hin falleessineen ykn keewwatni tokko keewwata isa kaan irratti hirkatee hiikamuu akka qabuu fi hiikoon keewwata tokkoof kennamu hiikoo waliigaltichaaf akka waliigalaatti kennamu waliin bifa deemuun ta'uu akka qabu dha. Kana jechuun waliigaltee tokko keessatti hiikoon keewwata ykn yaada tokkoof kennamu keewwata sana qofaa isaatti utuu hin taane qabiyyee waliigaltichaa akka waliigalaatti bifa walsimuum hiikamuu ykn ilaalamuu kan qabu ta'uu isaati.

Kana irraa ka'uudhaan gara waliigaltee amma ilaalaa jirruutti yoo deebinu bitaa fi mirga lafa falmiif sababa ta'e yoo ibsan gama tokkoon ball'ina isaatiin; gama biraatiin ammoo daangessitootaa isaatiin akka ta'e armaan olitti ibsuuf yaalameera. Ball'inni lafaa hektara 12 yoo jedhu lafti daangeessitoota ibsame jidduutti argamu ogeessaan yoo shallagamu ykn safaramu ammoo hektaara 15.7565 ta'uu agarsiiseera. Kana biratti

iiyayaan utuu lafa kana hin kireeffatiin dura iddoo sanaa lafa biraa ykn lafa mataa isaa ykn kan nama irraa kireeffate kan hin qabne ta'uun isaa manneen murtii jalaatti kan mirkana'e yoo ta'u falmii bitaa fi mirgi dhaddacha kanatti dhaddacha gaafa 15/04/2005 irratti taasisan keessattis iyyataan yeroo waamamaa irraa lafa kireeffatu iddoo kana lafa akka hin qabnee fi erga mana barumsaa irraa lafa kireeffatee booda lafa amma falmiin irratti ka'e ykn waamamaan harka iyyataatti hafe jedhu kan gandi naaf kenne jechuudhaan ibseera. Dabalatanis iyyataan manneen murtii jalaatti ta'ee dhaddacha kanatti falmii dhiyeessen lafa daangaa waliigaltee kiraa fi himannaa irratti ibsame kireeffachuu isaa hin waakkanne ykn daangessitoonni sun dogoggora jedhee falmiin dhiyeesse hin jiru. Ykn ammoo ogeessi WLEN lafa kana yoo safaru dogoggora safare ykn sirrii miti jedhee falmiin kaase hin jiru. Iyyataan erga waamamaa irraa lafa kireeffatee lafti biraa bulchiinsa gandaatiin iddoo sanaa naaf kennameera jechuudhaan falmii afaanii keessatti yaa kaasuu malee gama tokkoon falmii kana manneen murtii jalaatti hin kaafne. Gama biraatiin lafa kana irratti ragaan qabu maal akka ta'e gaafatamee nagahee gibiraa qofa ta'uu ibseera. Falmiin iyyataa lafa hektaara 12n kireeffadhe; lafa hektaara 12 deebiseera

kan jedhu qofa dha. Yaa ta'uu malee akkuma armaan olitti ibsuuf yaalametti ibsi lafa kanaaf kenname hektaaraa fi daangissitootaa tarreessuun taa'ee waan jiruuf ibsa kana lamaan (method of discription) walitti araarsuun dirqama ta'a.. Ibsa tokko fudhatanii isa tokko gatuun kan danda'amu miti. Lamaan isaaniyyuu lafa kana addaan baasuuf faayidaa walqixxee qabu. Kanaafuu lamaan isaanii walitti araarsuun kan danda'amu ammoo lafa daangissitoota waliigaltee irratti tuqame jidduu jirtu ogeessan safaruun filannoo kan hin qabne ta'ee argameera. Bu'uura kanaan lafti kun hektaara 15.7565 ta'ee aragameera. Akka waliigalaatti iyyataan ammaa ibsa waliigaltee bitaa fi mirgaa keessatti ibsaman hundaaf bifa hiikoo kennuu danda'uun deemuu dhiisuudhaan ibsa lafti kireeffame hektaara 12 jedhu qofa irratti rarra'uudhaan lafa duraan iddoo sanaa hin qabne argachuuf tattaaffiin taasisu fudhatama kan qabu miti. Kanaafuu bitaa fi mirgi waliigaltee isaanii keessatti lafa hektaara 12 yaa jedhanii malee lafti kun safaramee hanga iyyataatti hin kennamnetti, iyyataan duraan iddoo sanaa lafa hanga hin qabnetti ykn erga lafa kana kireeffatee karaacera qabeessa ta'een iddoo sanaa lafa qabaachuu isaa

hanga hin mirkaneessinettii fi lafti daangessitoota waliigaltee irratti ibsame jidduutti argamu ogeessan safaramee hektaara 15.7565 ta'uun isaa erga mirkanaa'ee iyyataan lafa hektaara 12 waamamaaf yoo deebisellee lafa waamamaa of harkaa waan qabuuf lafa ogeessaan safaramee dhiyaate ykn lafa hektaara 15.7565 iyyataan waamamaaf akka deebisu jechuudhaan murti manneen murtii aanaa fi waliigala Oromiyaatiin kenname doggora seeraa isa bu'uura kan qabu miti jechuudhaan sagalee caalmaatiin murtaa'eera.

Ajaja

1. Murtii manni murtii aanaa Agaarfaa Gal.Lakk. 10825 irratti dhaddahca gaafa 12/03/2004 ooleen kennee fi murtii manni murtii waliigala Oromiyaa dhaddachi dhaabbii Kibbaa Gal.Lakk.119940 irratti dhaddacha gaafa 25/07/2004 ooleen kenne bu'uura S.F.H.H.Kewt.348 (1) tiin sagalee caalmaatiin mirkaneessuudhaan murtii manni murtii ol'aanaa G/Baalee Gal.Lakk.13176 irratti dhaddacha gaafa 27/03/2004 ooleen kennee diiguudhaan murtaa'eera.
2. Kanaafuu iyyataan ammaa lafa waliigaltee bitaa fi mirgaa irratti hektaara 12 jedhamee daangessi-

toonni isaa ammoo

- A. Bahaan-lafa Aloo Huseen
 - B. Dhihaan- lafa mana bursaa Abbayyii Heebaa
 - C. Kaabaan-lafa mana burumsaa fi
 - D. Kibbaan-laga Heebaa (madda Heebaa) jedhamee ibsame kan yeroo ogeessa WLEN aanaa Agaarfatiin safaramu ammoo hektaara 15.7565 ta'ee argame yaamaaf gadlakkisuu qaba jechuudhaan murtaa'eera.
3. Manneen murtii jalaa sadan akka beekaniif garagalchi murtii yaa qaqqabu.
 4. Baasii fi kisaaraa sababa falmii kanaatiin dhaddacha kanatti mana barumsa yaamamaa irra gaheef iyyataan qarshii 800.00 (dhibba saddeeti) yaa kafalu.
 5. Dhorkaan dhaddacha kanarra kennamee tures ka'eera.
 6. Galmeen xumura waan argateef cufameera.

YAADA ADDAA

Nuti abbootiin seeraa maqaan keenya lakkoofsa 3^{ffaa} fi 4^{ffaa} irratti barreeffame murtiisagalee caalmayaan kenname waan nu hin amansisiiniif akka itti aanutti yaadaan adda baaneera.

Iyyataan kun qabiyyee lafa heektaara 12 tahuufi qabiyyuummaan isaa kan deebii kenna tahe caalbaasii akka tahe adda baasuun waligaltee kiraa gaafa 11/11/2000 taasifameen harka kan galfate akka tahe waligalteen dhihaateen mirkanaaheera. Haata'u malee iyyatan dursa qabiyyee heektaara 12 iyyatan akka deebisuuf gaafate osoo jiru iyyataan qabiyyee waligaltee irra jiru hunda deebise moo niti? kan jedhu manni murtii qulquleeffachuuf qabiyyeen ogeessan safarame akka dhihaatuuf eega taasise booda bu'a ogeessi dhiheese irratti hundaahuun himata naan fooyeefadha sababa jedhuun qabiyyee heektaara 15.7565 waligalteen nu irraa fuudhe akka nuuf deebisu jechuun dhiheessuuf yoo yaale illee himanni fooya'e kun ragaan wanni deegarame bakka hin jiretti waligalteen bitaa fi mirga jiddu akka seera waliigalte kew.1731 jiddu isaanitti seera tahe kan ittiin dirqaman tahe osoo jiru fedha isaani fi wanta ifatti waligaltee irraa mullatu bira taruun heektaari sadeen hafe kan deebii kenna yokaan kan iyyataa tahuun illee bakka hin mirkanaahinitti iyyataan bu'uura waligalteeitiin

heektaara 15 kireefate jechuun hiikka itti kennuun fedha bitaa mirgaa malee nutu isiiniif beekaa kana isiniif haa tahu jechuu waan taheefi seera qabeessa tahe nutti hin mul'anne. Akka amantaa keenyaatti qabiyyeen heektaari 12 bu'ura waliigalteetiin deebii kennaaf deebi'u yoo mirkanaahe kana irraa kan hafe falmiin tahu qabu falmii abbaa qabiyyee malee falmii waligaltee tahu hin danda'u.

Waan taheef iyyataan qabiyyee heektaara 12 deebii kenna irraa kireefate akka waligaltetti yeroo waligalteen dhumetti deebisu isaa waan mirkanaaheef dhimmi waligaltee irratti hundahe akkaatuma waligalteetiin xumura aragte bakka jirutti kana bira darbuun dhimma falmii qabiyyee tahe waligaltee keessatti fedha bitaa fi mirga maal ture jechuun daangaa qabiyyee lafaa irraa ture keessa heektaari sadeen hafe hanga jirutti kanuma deebii kennaati iyyatan deebisu qaba jechuun murtiin sagalee caalmaayaan kenname waan nu hin amansisiiniif yaadaan adda baaneera.

Abbootii Seeraa:

1. Taaddalaa Nagishoo
2. Bisoo Baqqalaa
3. Tuulii Baayisaa
4. Qana'aa Qixxaataa
5. Abdusalaam Siraa

Iyyattoota:

1. Obbo Angaraasaa Baqqalaa
2. Obbo Kumalaa Hayiluu Gurumuu
3. Obbo Asfaaw Gaarummaa
4. Obbo Biraanuu Zawudee
5. Obbo Isaayyas Yamanebirhan
6. Obbo Hasan Mahammad.

Hakka Bu'oota Namoota 28

Abu.Miidhakasaa Qayessaa-dhiyaate

Waamamtoota:

1. Waldaa Aksiyoona Burqaa Gafarsaa-bakka bu'aa.
Tolasaa Kiishee-dhiyaate

2. Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu-bakka bu'aa

80 Namni dhiyaatee hin jiru.

Galmee qorannee murtii itti aanu kennineerra.

Murtii

Iyyannoon kun dhaddacha ijibbaataaf dhiyaachuu kan danda'e sababa manni murtii ol'aanaa G/ Shawaa Lixaa gal.lakk.17580 irratti dhaddacha gaafa 23/04/2002 ooleen ijoo waldaan waamamaa 1^{ffaa} qabeenyaa fi mallaqa dhuunfaa iyyattootaa tiin gurmaa'e moo miti? Galii iyyattoonni dhabne jedhaniif waldaan yaamamaa itti gaafatamummaa qaba moo hin qabu kan jedhuu fi yaamamaa 2^{ffaa} lafa iyyattoonni kaartaa irratti qaban yaamamaa 1ffaadhaaf kennuudhaan kaartaa irratti kaartaa kenneera moo hin kennine? kan jedhu qabate bitaa fi mirga walfalmisiisee ragaa barruu fi namaa wal bira qabee ilaalee dhuma irratti waa'ee galii waldaan yaamamaa iyyattoota dhabsiiseera jedhame ilaalchisee.

"Iyyattoonni waldaa yaamamaa lafa kana irratti ykn suuqii iyyattootaatti iyyattoonni akka hin hojjenne dhorkuu ykn taasisuu isaa ragaan iyyattootaa hin mirkaneesne. Ragoonni iyyattootaa ammayyuu miseensonni gariin iddoo falmii kaase itti hojjechaa kan jiraniin fi kaan ammo ofii isaanii kan dhiisan ta'uu malee waldaan

yaamamaa iyyattoonni lafa kana qabatee iyyattoota hojii dhowu isaa waan hin mirkaneesneef waldaa yaamamaa galii dhabame jedhameef itti gaafatamummaa hin qabu" jechuudhaan waa'ee ijoo yaamamaa 2^{ffaa} kaartaa irratti kaartaa kennuudhaan lafa iyyattoota waldaa yaamamaatiif kenneera moo hin kennine isa jedhu ilaalchisee.

"Iyyattoonni lafa kanarratti kaartaa fi pilaaniin nuuf keennameera yaa jedhanii malee kaartaa isaaniif kenne hin dhiyeesne. Kaartaan keennameera kan jedhamu lafa ykn iddoo tokko kan kenname hanga hin dhiyeesnetti kaartaan keennameera kan jechisiisu hin jiru.

Waajjirri yaammaa 2^{ffaa} lafa falmiidhaaf sababa ta'e dura iyyattootaaf suuqitti kireessee kan jiru yoo ta'u sababa isaan akkataa waliigaltee isaanii keewwata 7 tiin wagga waggaatti kiraa kaffaluudhaan haaromsu utuu qabaniin haaromsuu waan didaniif beeksisa baasee waldaa yaammaatiif lafa kana kennuun isaa seera qabeessa dha. Iyyattoonni lafa kana misoomsuu didaniif iddoon kun bakka kashallabbee fi hattuun itti walgeessu waan ta'ef guddina magaaliichaaf jecha waajjirri waamamaa bu'uura labsii magalata Oromiyaa lakk.2/88 kwt.7(5)tiin iyyattootaaf akkeekkachisa kennee irraa

fuudhuu waan danda'uuf gochi yaamamaa 2^{ffaa} adeemsa dambii kanaa kan hordofedha. Waldaan yaamamaa 1^{ffaa} illee namni miseensa ta'uu barbaade yoo jiraate akka dhiyaatu beeksisa adda addaa baasee yaamicha godhee waan hundaa'eef qaama seerummaa argateera waan ta'eef akka waliigalaatti himannaan iyyattootaa seeraan fi ragaadhaan kan deeggarama waan hin taaneef kufaa dha jechuudhaan yoo murteessu iyyattoonni komatanii ol'iiyannoo mana murtii waliigalaa Oromiyaatti yoo dhiyeeffatan manni murtii waliigalas bitaa fi mirga falmisiisee ijoowwan:

1. Waldaan "Misooma gabaa burqaa gaafarsaa" jedhamu iyyattootaa ammaatiin seeraan gurmaa'eera moo miti? waliigalteen kiraa iyyattoonnii fi namoonni biroo bara 1994 magaalaa buraayyuu waliin taasisan addaan citeera moo hin cinne?
2. Waliigalteen olitti ibsame addaan cite lafti waldaan yaamamaa 2^{ffaa} tiif kennamee yaamamaa 2^{ffaa} n kan qabate yoo ta'e yaamamaa 2^{ffaa} n lafa kanarratti jeequmsa uumeera moo miti kan jedhu qabatee akka itti aanutti murteesseera.

Waldaan tokko jira kan jedhamu bu'uura S.H.H.Kewt.404 fi kan itti aananiitiin barreeffamu

hundeeffamaa fi danbiin ittiin bulmaataa miseensota jidduutti mallaatteeffamee qaama angoo qabuun mirkanaa'ee yoo dhiyaate qofa dha.

Iyyattoonni ammo waldaan kun jiraachuu ykn hundaa'uu isaa ragaan barreeffamaa dhiyeessan hin jiru. Sayti pilaaniin dhiyeessan illee "Gabaa Burqaa Gafarsaa" "jechuudhaan maqaa iddoo sana kan ibsu malee waldaan "Misooma Gabayaa Burqaa Gafarsaa" kan jedhu miti. Ragaan kun iddoo hin dhiyaannetti ammo qaboo yaa'iirratti maqaan "Misooma Gabayaa Burqaa Gafarsaa" jedhamu qofaan waldaan kun hundaa'uu ykn jiraachuun isaa kan mirkaneeffamu miti. Iyyattootni Mataan isaanii himannaa dhiyeesuun isaanii waldaan kun kan hin jirre ta'uu isaatiif ragaa kan biraati jedhee, Waliigalteen bara 1994 iyyattootaa fi namoota biroo jidduutti yaamamaa 2^{ffaa} waliin mallaatteeffame addaan citeera moo miti kan jedhu ilaalchisee ammo:

Iyyattoonni ammaa namoota biroo waliin 1420 ta'anii waliigaltee gaafa 1/9/1994 yaamamaa 2^{ffaa} waliin mallatteessaniin iddoo "Gabayaa Burqaa Gafarsaa" jedhamu waggaa tokkoof nama tokko lafa M29 suuqii yeroof irratti ijaaruuf waliigalameera. yaa ta'uu malee iyyattoonnii ammaa fi namoonni lafa kana fudhatan bu'uura

waliigalteen waan hojjachuu dhabaniif yaamamaa 2^{ffaa}n beeksisa maxxansaa, Raadiyoo fi Televisiziniidhaan taasisee of eegannoo xalayaa gaafa 01/08/1994 25/09/98 fi 09/01/1998 barreeffameen kennee ammas iyyattoonni dhiyaatanii wanta irraa barbaadamu raawwachuu waan dhabaniif waajjirri yaamamaa 2^{ffaa} bu'uura labsii magalata oromiyaa lakk.65/1995 kewt.8(D)fi labsii lakk.2/1998 kewt.7(5)tiin waliigalteen kiraa diigamuun isaa mirkanaa'eera.Lafti kun durumaan iyyattootaaf yoo kennamu bu'uura waliigalteen isaanii kewt.7 fi 8 tiin iddoon kun yerodhaaf kan kennamee fi ijaarsi dhabatan kan irratti hin ijaaramne ta'ee fi namoonni lafa kan kireeffatan akkaataa waliigalteetiin dirqama isaanii bahuu waan dhabaniif yaamamaa 2^{ffaa}n irraa fuudhee waldaa yaamamaa 1ffaatiif kennuun isaa sirriidhuma. Akka waliigalaatti iyyattoonni lafa kan waggaa tokkoof kireeffatatanii akkaataa waliigalateetiin hojjechuu waan dhabaniif yaamamaa 2^{ffaa}n iyyattoonni dhiyaatanii bu'uura danbii fi qajeelfama jiruutiin irraa fuudhee waldaa yaamamaa 1ffaatiif iddoo kennee jirutti iyyattoonni lafa kana irraa mirgi qaban kan hin jirre waan ta'eef jeequmsi iyyattoota irratti uumame hin jiru. Jechuudhaan walumaagaltti murtii mana murtii

Ol'aanaa waan mirkaneesseef iyyattoonni ammas komatanii dhiyaatan.

Ijoon Komii isaaniis gababinaan.

A. Manni murtii waliigala oromiyaa ijoo falmii keenyaa jallisuudhaan waldaan" Misoomni Gabaa Burqaa Gafarsaa" jedhamu hundeeffamee hin jiru kan jedhu iyyattoonni himannaa mana murtii ol'aanaatti yoo dhiyeesnus ta'ee mana murtii waliigalttii falmii geggeesneen namoota dhuunfaa 268 taanee utuu jirruu akka waan himannaan keenya waldaadhaan dhiyaateetti fudhatee dhimma ijoo falmii hin taane ijoo taasisee murtii kennuun isaa sirrii yoo ta'uu baatellee bara 1994 irraa eegalee waldaan "Misooma Gabaa Burqaa Gafarsaa" jedhamu hundaa'ee utuu jiru,

B. Beekisfini waajjira yaamamaa 2^{ffaa} irraa gaafa 1/8/1994 barreeffamee dhabbata press tiif erge waliin yaamamaa 2ffaan akka ragaatti mana murtii ol'aanaatti kan dhiyeesse kan gaafa 25/07/1994 barreeffame yoo ta'u beeksfin kunis "Namoonni iddoo gabaa carraadhaan argattan hundi namoota olla keessanitti aanu hubattanii ijaarsa suuqii akka jalqabdan "akkaataa waliigalteetiin raawwachuu waan dhabdaniif kan jedhu utuu hin qabaatiin.

C. Beekisfinni gaafa 25/7/1998 fi 9/1/1998 kenname ammoo mana murtii ol'aanaatti utuu hin dhiyaatiin ykn iddoo kanatti argama utuu hin jedhamiin manni murtii waliigalaa of eegannoon iyyattootaaf kannamee itti hin fayyadamne kan jedhu sirri mit. Sababiin isaas of eegannoon kun hin kenname malee utuu kennameera ta'ee illee lafti falmiif sababii ta'e yaamamaa 1ffaadhaaf kan kenname bara 1997 keessa waan ta'eef bara 1998 keessaa of eegannoo iyyattootaaf kennuun sirrii akka hin taanee utuu agarsiisuu,

D. Walumaagalatti waajjirri yaamamaa 2^{ffaa}n iyyattootaaf of eegannoo utuu hin kenniin manni murtii waliigala oromiyaa fi manni murtii ol'aanaa akka waan of eegannoon iyyattootaf kennameti fudhatanii murtiin kennan ragaadhaan kan hin deggeramne waan ta'eef murtii doggora seera isa bu'uuraa waan ta'eef diigamee.

1. Kaartaa fi pilaanii waajjirri yaamamaa 2^{ffaa}n seeraan ala yaamamaa 1ffaatiif kenne akka haqamu
2. Waldaan yaamamaa 1ffaan qabeenyaa iyyattootaarratti waan hundaa'eef akka diigamu,
3. Yaamamaa 1ffaan iyyattoonni galii waggaa lamaa iddoo kana irraa akka hin argannee waan godheef ykn taasiseef walumatti galii iddoo kana irraa waggaa la-

matti argachuu qabnu qarshii 860,000.00(Kuma dhibba saddeetii fi kuma jaatamaa)yaamamaa 1ffaan akka nuuf kaffalu kan jedhuu fi sababa falmii kanaatiin qarshii abbaa seerummaa,durgoo abukaatoo fi baasii fi kisaaraa adda addaa yaamamtoonni akka nuuf kaffalan akka itti murtaa'u kan jedhudha.

Dhaddacha kunis waajjirri yaamamaa 2^{ffaa}n iddoo falmiidhaaf sababa ta'e yeroodhaaf suuqii dhaabata hin taane irratti ijaaranii akka itti fayyadaman kenneefi bu'uura labsii magalata Oromiyaa labsii Lakk.2/88 fi 65/95 tiin of eegannoo barbaachisaa kenneefi irraa fuudhe moo miti?of eegannoon iyyattootaaf kenname jedhame iyyattoonni fi namoonni biroo lafa haala olitti ibsameen fudhatan dhiyaatanii bu'uura waliigalteetiin nama olla isaanii jiru baranii akka hojii itti fufan jechaa utuu jiruu manneen murtii jalaa ammo iyyattoonni of eegannoo kennameefii dhiyaatanii bu'uura of eegannootiin raawwachuu waan dhabaniif irraa fuudhamuu isaa sirriidha jechuun isaanii sirriidha moo miti?Waajjirri yaamamaa 2^{ffaa} gama tokkoon bara 1998 fi 2000 iyyattootaan dhiyaatanii bu'uura waliigalteetiin ijaarsa lafa akka itti fufan jechaa gama biraan ammo kaartaa lakk.BUR/1696/97 gaafa 27/11/1997 tiin lafuma kana waldaa yaamama 1^{ffaa}tiif kennee utuu jiruu

manneen murtii jalaa waajjirri yaamamaa 2^{ffaa} lafa kana seeraa fi danbii irratti hundaa'ee irraa fuudhe jechuu isaanii sirriidha moo miti.kan jedhu idoo yaamamtoonni lamaan jiranitti qulqulleessuuf jecha yaamamtoonni deebii akka kennan ajajamanii mata mataadhaan deebii gaafa 29/02/2003 barreessaaniin komiin iyyattootaa deggersa seeraa waan hin qabneef akkasumas murtiin manneen murtii barreessaaniin komiin iyyattootaa deeggersa seeraa waan hin qabneef akkasumas murtiin manneen murtii jalaa dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan hin qabneef jechuudhaan bal'inaan falmanii dhiyeessaniiru.

Kanumaan falmii bitaa fi mirgaa murtii manneen murtii jalaa lamaanii fi galmee haadhoo lakk isaa 83982 ta'e mana murtii waliigala irraa dhiyeesisnee seera dhimma kana waliin walitti dhufeenya qabu waliin akka itti aanutti qoranneera. Kallattiidhaan utuu gara ijoo qabameetti hin seeniin dura walitti dhufeenyi bitaa fi mirgaa maal irratti hundaa'a isa jedhuu fi ragaa bitaa fi mirgaan dhiyaate ilaaluun barbaachisaa ta'ee argameera.

Ku'umsi walitti dhufeenya iyyattootaa fi waajjirrayaamamaa 2^{ffaa} kan ta'e waajjirri yaamamaa 2^{ffaa} lafa suuqiidhaaf ta'u ballinni isaa kaare metira sagal sagal

kan ta'e iyyattoota kana dabalee namoota 1420itti waliigaltee gaafa 01/09/1994 mallatteeffameen kireessuun isaa ragaa akka naamunaatti mana murtii olaanaa dhiyaatee irraa kan hubatamu yoo ta'u waliigalteen kun jiraachuu isaa bitaa fi mirgii wal hin waakkanne. Haalli waliigaltee kanaas bu'uura labsii magaala Oromiyaa lakk .2/88 kewt 8(h) tiin waggaa toffoof yoo ta'u lafa kanarrattis ijaarsi dhaabbataa ijaaramuu kan hin qabnee fi waliigalteen kun waggaa waggaa dhaan haaromsuu akka qabu waliigaltee fi labsii kanarratti ibsameera. Kana booda waajjirri yaamamaa 2^{ffaa} beeksisa ykn xalayaa lakk.BU/10417/G/9 gaafa 01/08/1994 dhaabbata Piresii Itoophiyaatiif barreesseen dhaabbanni piresii kun beeksisa xalayaa kan waliin walqabate Raadiyoodhaan akka himamuuf ittiin gaafateera. Beeksifni piresii itoophiyaaf xalayaa olitti ibsame waliin qabamee ergames kan gaafa 25/07/1994 barreeffame yoo afaan oromoo fi Amaaraatiin bareeffame ta'e ergaan isaas" Akkuma kana dura gaafa 11/06/1994 namni hundi waan hin argamiinfuu beeksisa Raadiyoodhaan dabarsiisna jennee gaafa 07/08/1994 gama sa'aa 2:30 irratti dhiyaatanii hollaa keessan waliin walbartanii ijaarsa akka jalqabdan isin beeksifna "kan jedhudha.Akkasumas waajjirri yaamamaa 2^{ffaa} xalayaa gaafa 09/01/2000

mata duree “Kireeffattoota Lafa Suuqii Jidu-gala gabaa Burqaa Gafarsaatiif”jedhee barreesseen lafti suuqiidhaaf kiraadhaan yeroodhaaf bara 1994 irraa eeglee kan kireeffamee akka ta’e yaadachiisee garuu hanga ammaatti kireeffattoonni hojii ammoo hin eegalin kiraa duguugdani yeroo taa’e keessatti kaffaluu baannaan:

- a. Adabbii waliin kan kaffaltan ta’uu,
- b. Qabeenyaan eddicha irra gurguramee idaan mootummaa kan kaffalamu ta’uu,
- c. Waliigalteen nu jidduu jiru cite seeraan lafa nama biraaf kan kireesnu ta’uu beeksifna kan jedhus dhiyaateera.

Gama biraan ammo waajjiirri yaamamaa 2ffaa waldaa yaamamaa 1^{ffaa}dhaaf lafuma kana kaartaa lakk. BUR/1696/97 gaafa 27/11/1997 barreeffameen kenneeraaf. Iyyattoonni lafa kana namoota 1420 ta’anii yoo caarraadhaan fudhatan miseensonni waldaa yaamamaa kudha lammanis nu waliin abbaa carra waan ta’aniiif dura taa’oota godhannee filanneerra jedhanii yoo falman waldaan yaamamaa 1ffaa falmiin kun ykn dhimmi kun soba ykn miti jedhee falmiin dhiyeesse hin jiru. Gama biraatiin iyyattoonni lafa kan dhuunfaa dhuunfaadhaan waan fudhanneef booda irra gara waldaa

jijjiruu waan barbaanneef “waldaa misooma gabaa Buurqaa Gafarsaa”jedhamu itti moggaafnee miseensonni yaamamaa 1^{ffaa} dura taa’oota ta’anii filtamaniiru jedhaniiru. Miseensonni waldaa yaamamaa 1^{ffaa}s qaboo yaa’ii gaafa 04/07/1999 waldaa yaamamaa 1^{ffaa},”Bakka bu’oota miseensa waldaa misooma Gabaa Burqaa Gafarsaa”fi bakka bu’aa waajjira Daldala, Geejjibaa fi Idustirii magalaa Buraayyuu”jiduutti taasifame fi qaboo yaa’ii waldaan kun gaafa 29/07/1999 taasiseen dhimma ykn ijoo kana amaneera. Kana waliin walqabatee bakka bu’oonni waldaan yaamamaa qaboo yaa’ii gaafa 04/07/1999 irratti waldaan Aksiyoona Burqaa Gafarsaa ykn yaamamaa 1^{ffaa}n miseensota 12 qofaan kan hundaa’uu danda’e “Mootummaan lafa kana fudhachuu danda’a shakkii jedhuu fi shakkii miseensota jidduutti uumamerraa ka’ameeti malee iddoon kun kan miseensa 1420 ti”jedhanii amananii miseensonni hundi gara Aksiyoonichaa galuudhaan bu’uuresitoota ta’uu danda’u jedhanii amananiiru.

Kana irraa ka’uudhaan walitti dhufeenya iyyattoota fi yaamamaa 1ffaa dhaddachii kun akka hubatetti misceensoonni waldaa yaamamaa 1^{ffaa} dura taa’oota namoota 1420 ta’anii akka hojjetaa turanidha. Kanaafuu walitti

dhufeeny isaanii, iyyattoonni bakka buuftoota fi mis-
eensonni waldaa yaamamaa ammo bakka bu'oota
iyyattootaa kan turan ta'uu isaaniiti.

Waa'ee ragaa galmee haadhoo keessatti argamuu fi
walitti dhufeenya bitaa fi mirgaa hanga kana erga jen-
nee amma ammo kallattiidhaan gara ijoo dubbiitti
deebi'uun barbachisaa ta'ee argameera.

Bu'uura kanaan wajjirri yaamamaa 2ffaa lafa kana
iyyattoota irraa bu'uura labsii magalata oromiyaa
lakk.2/88 fi 65/1995 tiin irraa fuudheera moo miti isa
jedhu akka itti aanutti ilaalleerra. Waajjirri yaamamaa
2ffaa lafa kana bulchisaa ta'eef kennuu fi akkaataa wali-
igalteen qaamni kireeffate yoo hojjechuu baate danbii
fi hojjimaata irratti hundaa'ee bulchuu fi irraa fuudhuu
kan danda'u ta'uun isaa labsii 2/88/kewt.7(5) fi labsii
lakk.65/1995 kewt.8(1(d)) jalatti tumameera. Kees-
summaa ammo bu'uura labsii lakk.2/1988 kew.7(1(h))
jalatti tumameen mana socho'a ykn konteneri yerood-
haaf bulchiinsi magaalaa kiressuu kan danda'uu fi
keewwatuma kana keewwata xiqqaa 5 jalatti ammo
bulchiinsi magaalaa lafa haala kanaan kireesse"yeroo
kamiyyuu tajaajila biraaf kan barbaadamu yoo ta'e of
eegannoo baatii sadi'ii kenneefii waliigaltee addaan ku-

tuu kan danda'uu fi sababa waliigalteen addaan citeefis
beenyyaa kaffaluuf kan hin dirqamne "ta'uun tuma-
meera.kanaaf falmii kana keessatti bulchiinsi magaalaa
ykn yaamama 2^{ffaa} haala olitti ibsameen iyyattoota ir-
raa lafa kana fuudheera moo miti isa jedhu yoo ilaallu
akkuma olitti ibsame bulchiisi magaalaa beeksisa bara
1994 Raadiyoodhaan himsiiseen iyyattoonni dhiyaata-
nii nama olla isaanii baranii ijaarsa akka jalqaban kan
itti gaafate fi beeksisa gaafa 09/01/2000 baaseen am-
mas namoonni lafa suuqii jiddu-gala Gaba Burqaa Ga-
farsaatti fudhattan dhiyaatanii hojii akka eegaltan kan
jedhu malee dhiyaatanii hojii eegaluu waan dhabdaniif
isin irraa fuunneera kan jedhu miti. Keessummaa beek-
sifni gaafa 09/01/2000 ifatti kan argarsiisu yoo xiqqate
lafti Gabaa Burqaa Gafarsaa hanga guyyaa beeksifni
kun baheetti karka iyyattootaa fi namoota isaan waliin
lafa kana fudhataniitti kan argamu ta'uu isaa ni mir-
kaneessa. Kaayyoo fi akeeka labsii magalata Oromiyaa
labsii lakk.2/88 kewt7(5) yoo ilaallus bulchiinsi magaa-
laa namoota lafa yeroodhaaf fudhataniif beeksisa ykn
of eegannoo kennee irraa fuudhuu danda'a kan jedhu
namoonni lafa fudhatanii akkaataa waliigalteetiin hojje-
echaa hin jirre akka dhiyaatanii hojii eegalan yaamuun
qofti of eegannoo kennuudha kan jedhu hin agarsiisu.

Bulchiinsi magaalaa beeksisa olitti caqafame kanaan iyyattoonni dhiyaatanii hojii akka eegalan yaadachisa kan ittiin godhe malee of eegannoo kan ittiin kenneefi waliigaltee addaan kute miti. Kunis kan hubatamu mata duree xalayichaa fi ergaa xalayaan waan diddaniif isin irraa fuudhameera kan jedhu miti.

Kana waliin walqabatee bulchiinsi magaalaa gama tokkoon beeksisa gaafa 09/01/2000 iyyattootaaf kenneen kottaati lafa kanarratti hojii itti fufaa jechaa gama biraan ammo lafuma kanarratti waldaa yaamama 1ffaa haaf kartaa lakk.Bur/1696/97 gaafa 27/11/1997 mallatteeffameen kennuun isaa falmii waajjirri yaamamaa 2^{ffaa} lafa kana bu'uura labsii lakk.2/88/fi 65/1995 tiin of eegannoo iyyattootaaf kenneen irraa fuudhe kan jedhu dhugaa kan hin taane ta'uu isaa agarsiisa Bulchiisni magaalaa ykn yaamamaa 2^{ffaa}n deebii dhaddacha kanatti kenneen iyyattoonni lafa kana gaafa 1/09/1994 kireeffatanii utuu hin haaromsiin waan hafaniif waliigalteen nu jidduu jiru gaafa 02/09/1995 addaan citeera kan jedhan 1^{ffaa}n bu'uura labsii lakk 2/88tiin waliigaltee waggaa waggaadhaan haaromsuun dirqama yoo ta'ellee waliigalteen haaromsuu dhabuun haal duree tokko malee waliigaltee addaan kuta kan hin jenne ta'uu

caalaa waajjirri yaamamaa 2^{ffaa}n mataan isaa beeksisa bara 1998 fi gaafa 09/10/2000 baaseen iyyattoonni fi namoonni biroo dhiyaatanii bu'uura waliigalteen akka hojii eegalan kan gaafate waan ta'eef falmiin kun fudhatama kan qabu ta'ee hin argamne .Kara biraan ammo manneen murii jalaa iyyattoonni lafa kana irratti ragaa abbaa qabiyyummaa ykn kaartaa hin qaban kan jedhan lafti kun yeroodhaaf kan kennamu waan ta'eef bu'uura labsii magalata oromiyaa lakk.22/88,65/1995 fi danbii liizii 4/89tiin lafa kanatti kaartaan kan kennamu miti waan taa'eef ejjennoon manneen murtii jalaa lamaan ijoo kanarratti qabatan fudhatama kan qabu ta'ee hin argamne.

Akkasumas bakka bu'oorni waldaa yaamamaa 2^{ffaa} qaboo yaa'ii olitti ibsame (kan qaamani mootummaa dhimmi kun ilaallatuun ooganameen fudhatan lafa iyyattootaa fi kan namoota biroo fi kan miseensota waldaa yaamamaa 1ffaa ta'uu amananii xalayaa lakk. GBG/12/99 gaafa 25/07/1999 waajjira yaamamaa 2ffaa fi waajjira daldala indastirii fi geejjiba magaalaa Buraayyuutiif barreessanii "iddoo Gabaa Burqaa Gaafaarsaa misoomsuuf hojiilee Investmentii biraas gaggeessuuf namoota 12 taanee waldaa aksiyoona Burqaa

Gafarsaa jedhamu dhaabuun keenya ni yaadatama. Haa ta'uu malee waldaa aksiyoona kun namoota iddoo Gabaa Burqaa Gafarsaa irraa suuqii qaban hunda akka bu'uuresistootaatti qabachuu waan qabuufuu dhimma kanarratti dubbannee murtee dabarsine akka nuuf beekamu"jedhanii qaboo yaa'ii walgahii miseensota isaanii kan gaafa 22/07/99 qabame fuula tokko erganiiru.Qaboon yaa'ii kunis akkuma olitti ibsuuf yaalletti Aksiyoonna yaamamaa 1^{ffaa} iddoo iyyattootaa irratti waan hunda'eef iyyattoonnii fi namoonni biroon iddoo kanaa lafa qaban garuu ammo ulaagaa guutan miseensa bu'uuresitootaa akka ta'an kan ittiin gaafatan ta'uun isaa utuu ifatti mula'tuu Manneen murtii jalaa iyyattoonni lafa kanarraa mirga qabaachuu isaanii hin mirkaneesne kan jedhan sirrii ta'ee hin argamne.

Haaluma walfakkaatuun waldaan yaamamaa 1ffaa iyyannoo gaafa 01/11/1997 waajjirra magaalaa Buraayyuu-tiif barreessaniin yaamamaa 2^{ffaa}n"Lafo Gabaa kanaan dura maqaa waldaa burqaa Gafarsa tiin "irratti hoojjetamaa jiru akka maqaa "Waldaa Aksiyoona Burqaa Gafarsaatiin" Kaartaa fi pilaaniin kennamuuf gaafatanii waajjirri yaamamaa 2^{ffaa}s kaartaa lakk.BUR/1696/97 gaafa 27/11/1997 tiin iddoo kana waldaa yaamamaa

1ffaatiif kennuun isaa ifatti mul'ateera.

Akkasumas bulchiinsi magaalaa Buraayyuu ykn yaamamaa 2^{ffaa}n xalayaa lakk.W/M/Q/03010/G gaafa 30/11/1999 komishinii poolisii oromiyaatiif bareesseen lafti falmiif sababa ta'e iyyattoota amma fi namoota birotiif dhuunfaadhan kennameef hanga ammaa harka iyyattoota kan jiruu fi waldaan yaamamaa 1ffaas lafuma kana irratti kaartaa fi pilaanii olitti ibsamaa ture kan itti fudhate ta'uu isaa ibsee Aksiyoona diiguun angoo waajjira yaamamaa 2^{ffaa} akka hin taane ibseera. Kun kan agarsissu wajjiirri waamamaa 2^{ffaa}n lafa kana utuudhuma iyyattoonni qabatanii jiranii yaamamaa 1ffaadhaaf kaartaan kanirratti kenname ta'uu isaa dhaaddachii kun hubateera. Dabalataanis waldaan yaamamaa 1ffaan barreeffama hundeeffama isaa kewt.4 jalatti kaayyoo isaa yoo ibsu waldaa kana kan dhaabu iddoo Gabaa suuqii adda addaatiif qabame tajaajila addaa addaatiif akka oolu gochuuf kan hundaa'e ta'uun isa lafa iyyattootaa irratti hundaa'uu waldaa kana agarsiisa.

Kanaafuu akka waliigalaatti bulchiisni magaalaa ykn yaamamaa 2^{ffaa}n lafa kana iyyattotaa fi namoota biroo dhuunfaa baayyinni isaanii 1420 ta'anitti kireessee utuu jiruu fi bu'uura labsii lakk.2/88.65/95 fi danbii lakk.4/89

tiin ala iyyattootaaf of eegannoo kennee utuu irraa hin fuudhiin lafa harka iyyattootaa fi namoota dhuunfaa biroo harka jirurratti yaamamaa 1^{ffaa} dhaaf kaartaan kenne deemsa labsii fi danbii olitti ibsame akkasumas hojjimaataan ala waan ta'eef ragaan abba qabiyyummaa ykn kaartaa fi pilaaniin waldaa aksiyoona yaamamaa 1ffaatiif Lakk.BUR/1696/97 gaafa 27/11/1997 kenna me bu'uura S.H.H.kewt.1196(1(a))tiin seera irratti kan hundaa'e waan hin taaneef gatii kan qabu miti jedhameera.

Waa'ee walitti dhufeenya iyyattoota fi waldaa yaamamaa 1^{ffaa} ilaachisee akkuma olitti ibsame iyyattoonni namoota biroo waliin ta'uudhaan miseensonni waldaa yaamamaa 1ffaas lafa kana keessaa akka nama tokkootti gahe waan qabaniif qabiyyee dhuunfaa dhuunfaadhaan qaban gara waldaatti fiduudhaaf akka miseensonni yaamamaa 1ffaa isaan gurmeessan kan filatan ta'ee utuu jiruu miseensoonni waldaa yaamamaa kaayyoo bakka bu'aniif dhiisanii lafa iyyattootaa fi kan ofii illee itti dabalani waldaa Aksiyoona Burqaa Gafarsaa irratti ijaarachuu isaanii ifatti qaboo yaa'ii olitti ibsaman laamaanii fi xalayaa waajjirri yaamamaa 2^{ffaa} fi Daldala, Indastirii fi Geejjiba magaalaa Buraayyuutiif barrees-

saaniin amananiiru. Waldaan yaamamaa 1^{ffaa} miseensonni keennya bakka bu'oota iyyattoota miti jedhanii falmii dhiyeessan jiraatuu baatullee gochaa fi qaboo yaa'ii armaan olitti ibsame irraa bakka bu'oota namoota kanaa ta'uu isaanii dhaddachi kun itti amaneera. Bakka bu'ummaa ammo bu'uura S.H.H.Kewt.2180 tiin foormii addaa waan hin barbaachifneef ragaan bakka bu'ummaa barreeffamaan dhiyaachuu baatullee bakka bu'oota iyyattootaa ta'uun isaanii hubatameera. Miseensonni waldaa yaamamaa 1^{ffaa} iyyattoota kan bakka bu'an qabiyyee namoota 1420 gara "Waldaa Misooma Gabaa Burqaa Buraayyuutti" akka guddisaniif ykn jijjiiraniif akka ta'e falmii fi qaboo yaa'ii dhiyaate irraa hubatameera. Miseensonni waldaa yaamamaa 1ffaa garuu fedhii fi kaayyoo bakka buustota isaanii haala miidhuun ykn gongumaa mirga bakka buustota isaanii balleessuun lafa bakka buustota isaanii irratti ofii isaaniitiif waldaa dhaabbatani lafa kanarrattis kaartaa fi pilaanii fudhantaniiru. Kun ammo bakka bu'aan hojii bakka bu'ummaa yeroo hojjetutti faayidaa bakka buusaa isaa dursuu akka qabu S.H.H.kewt.2208 fi 2211 jalatti tumameera. Kunis bakka bu'aan hojii bakka bu'ummaa yeroo hojjetutti akka abbaa gaariitti hojjechuu akka qabuu fi yaada gaariidhaan (goodfaith) tiin hojjechuu akka

qabu tumamuu isaati.

Haala kanaan waldaan Aksiyoona yaamamaa 1ffaa diigamuu qaba moo miti isa jedhu yoo ilaallu bu'uura seera Daldala Itoophiyaatiin fudhatama kan qabu ta'ee hin mul'atu .Sababiin isaas iyyattoonni miseensota waldaa kanaa waan hin taaneef bu'uura keewwata kanaatiin waldaan kun akka diigamuuf gaafachuuf iyyuu kan danda'an miti.Garuu ammo kana jechuun yoom iyyuu bakka bu'aan tokko hojii bakka buusaa isaa yeroo hojjetutti qabiyyee fi qabeenyaa bakka buusaa isaa irratti gocha seeraa ala dalaguudhaan abba qabiyyee fi qabeenyaa sana ta'uu danda'a jechuus miti. Kanaaf gaaffiin iyyattoonni waldaan yaamamaa 1^{ffaa} akka diigamu jedhanii dhiyeessan deggersa seera qaba moo hin qabu isa jedhuu yoo ilaallu seeraa bakka bu'ummaa S.H.H.Kewt.2187(1)tiin gocha bakka bu'aa faayaduu bakka buusaan gaafachuu akka danda'u tumameera. Kanaaf miseensonni waldaa yaamamaa 1ffaa dura bu'oota"Waldaa Misooma Gabaa Burqaa Buraayyuu"kan reefuu hundeeffama irra jiru ta'anii fedhii fi akeeka bakka buufatoota isaanii galmaan ga'uu dhiisanii lafuma iyyattootaarratti waldaa mataa isaanii hundeeffachuun isaanii mirga iyyattootaa akka malee kan miidhu ta'ee waan argameef waldaan

yaamamaa 1^{ffaa}(Waldaa Aksiyoona Burqaa Gafarsaa) fi gochi miseensonni waldaa kanaa lafa iyyattootaa irratti raawwatan martii isaa diigamuu qaba jedhuudhaan murtaa'eera.

Waa'ee galii waggaa lamaa qarshii 860,000.00(Kuma dhibba saddeetii fi kuma jaatama)lafa kanarraa iyyattoonni nudhabasiisaniiru jedhan ilaalchisee ammo iyyattoonni himannadhuma isaanii irratti illee waldaan yaamamaa 1^{ffaa} ji'a fi bara kam akka iyyattoonni iddoo lafa isaanii hin geenye dhowwee kan hin ibsine ta'uu caalaa lafa kana irratti ijaarsa raawwatani galii argachaa kan turan ta'u ykn ammo argachuu haala isaan dandeessisu irra kan turan ta'uu isaa hin mirkaneesne. Gama biraan ammo iyyattoonni mataan isaanii falmii kana keessatti haala adda addaan yoo ibsan lafti kun hanga ammaa harka isaanii kan jiru ta'uun hubatameera.Waajjirri yaamamaa 2^{ffaa}s xalayaa komishinii poolisii oromiyaatiif barreesseen lafti kun hanga ammaa harka iyyattoottaatti kan argamu ta'uu kan ibsan ta'uu caalaa iyyattoonni mataan isaanii qaboo yaa'ii waldaa yaamamaa 1ffaa fi bakka bu'aa waajjira isaanii kan jiru ta'uu isaa amananiiru. Akkasumas iyyattoonni sababa gocha miseensota waldaa yaamamaa 1^{ffaa} tiin galii dhabuu isaanii ragaadhaan waanti mirkaneessan

waan hin jirreef manneen murtii jalaa ijoo kana irratti iyyattoonni galiin dhaban waan hin argamneef cimuu qaba jedhameera.

Gara dhumaarratti ammo waa'ee kafaltii tajaajila abbaa seerummaa, durgoo abukaatoo fi baasii fi kisaaraa ilaalchisee bitaa fi mirgi dhimmuma kanaan mana murtii ol'aanaa irraa hanga dhaddacha kanatti walfalmaa waan jiraniif baasii fi kisaaraa ilaalchise kan Gal.Lakk.109622 fi kan galmee kanarratti gaggeefame galmeedhuma kanarratti iddoo tokkoti akka itti aanutti ilaalleerra. Kaffaltii abbaa seerummaa ilaalchisee, iyyattoonni Mana murtii ol'aanaatti qarshii 9,650.00(Kuma sagalii fi dhibba ja'aa fi shantama) fi mana murtii waliigala Oromiyaatti ammo qarshii 173.00(dhibba tokkoo fi torbatamii sadii)kan kaffalan ta'uun galmee manneen murtii jalaarraa hubatameera.Yaa ta'uu malee iyyattoonni maallaqa kana kan kafalan seerummaa galii dhabne jedhanii himannaa dhiyeessaniif akka ta'e hubatameera. Gaaffii gama kanaan dhiyeessan ammo kufaa waan ta'eef kaffaltii kanaaf yaamamtoonni sababiin itti gaafataman hin jiru jechuudhaan kufaa godhameera. Durgoo abukaatoo ilaalchisee ammo abukaatoon iyyataa qarshii meeqaan akka waliigale ragaan dhiyeesse hin jiru.Falmii kana keessatti iyyattootaaf kan murtaa'e lafa

qofa yoo ta'u lafti ammo qarshiitti waan hin tilmaamamneef durgoo abukaatoof kaffalamuu qabu yeroo falmii kun itti fudhate gaafa himannaan dhiyaate 23/01/2000 irraa eegalee hanga har'aatti deddeebi'uu iyyattootaaf sababa kan ta'e miseensota waldaa yaamamaa 1ffaa fi waajjirri yaamamaa 2ffaa waaan ta'eef miseensonni yaamamaa 1ffaa fi waajjirri yaamamaa 2ffaa mata mataa dhaan itti gaafatamtoota akka ta'an murtaa'eera.Hanga beenyaa abukaatoo fi baasii fi kisaaraa iyyattota irra gaheef walumaagalatti miseensonni yaamamaa 1ffaa tokkoon tokkoon isaanii(namoonni 12)fi waajjirri yaamamaa 2ffaan qarshii 2,307.69(kuma lama fi dhibba sadi'ii fi torbaa fi saantima jaatamii sagal)walumaagalatti qarshii 30,000.00(kuma soddoma)iyyattootaaf akka kaffalan ta'ee kana keessaa durgoon abukaatoo qarshii 20,000.00(Kuma diigdama)akka ta'u murtaa'eera.

Akka waliigalaatti iyyattoonni lafa falmiif sababa ta'e yeroodhaaf suuqii akka irratti hojjetatan waajiira yaamamaa 2ffaatiin kennameefi utuu jiruu miseensonni yaamamaa 1ffaa dura bu'oota iyyattootaa ta'ani iyyattoota gara waldaatti akka jijjiiran adaraa itti kenname dagachuudhaan faayidaa mataa isaanii caalsiftanii waajiirra yaamamaa 2ffaa waliin ta'uudhaan lafa iyyattootaa irratti kaartaa fi pilaaniin fudhatanii fi waldaan

dhaabbatan qabiyyee iyyattootaa irratti ta'ee utuu jiruu akkasumas iyyattoonni lafa kanarraatti ragaa abbaa qabiyyummaa ykn kaartaa dhiyeessuudhaaf kan hin dirqamne ta'ee utuu jiruu manneen murtii murtii jalaa sababa yaamamaa 1^{ffaa}n lafa kanarratti kaartaa fi pilaanii qaba iyyattoonni ammo kaartaa hin qaban jechuudhaan kaartaan waldaa yaamamaa 1^{ffaa} tiif kenname hin diigamu jechuudhaan waldaan yaamamaa 1^{ffaa} s hin diigamu jechuudhaan murtiin kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan ta'eef diigamuu qaba jedhamee murtaa'eera.

Ajaja

1. Murtii manni murtii waliigala oromiyaa dhaddacha giddugaleessaa Gal.Lakk 83982 irratti dhaddacha gaafa 01/11/2002 ooleen kenne fi murtii manni murtii ol'aanaa G/ Shawaa Lixa Gal.lakk 17580 irratti dhaddacha gaafa 23/04/2002 ooleen kenne bu'uura S.F.H.H.kewt.348(1)tiin fooyyeessuudhaan kaartaan lakk.BUR/1696/97 yaamamaa 1^{ffaa} tiif yaamamaa 2^{ffaa} irraa kenname haqamuu qaba.waldaan yaamamaa 1^{ffaa} lafa iyyattootaa irratti yaamamaa 1^{ffaa}tiif kenname labsii magalota Oromiyaa lakk.2/88,65/69 fi danbii lakk.4/89 tiin faallaa waan ta'eef diigamuu qaba jedhamee yoo

murtaa'u gaaffiin iyyattoonni yaamamtoonni galii qarshii 860,000.00(Kuma dhibba saddeetii fi kuma jaatama)nu dhabsiisaniiru jedhanii himatan ammo kufaa ta'uun isaa sirriidha jedhameera.

2. Waa'ee abbaa qabiyyummaa lafaa ilaachisee garuu iyyattoonni nama 268 yoo ta'an lafti isaan dhuunfaa dhuunfaadhaan bulchiinsa magaalaa irraa fudhatan kaare meetira sagal sagal waan ta'eef akka walii-galaatti iyyattoonni lafa ballinni isaa kaare meetira 2412 irratti ammayyuu abba qabiyyee ta'uun isaanii fi miseensonni waldaa yaamamaa 1^{ffaa}s lafaa isaaniif kenname kaare meetira sagala sagala yeroo kudha lama yoo baayyifamu karee meetira 108 irratti qofa abbaa qabiyyee ta'uun isaanii hubatamee murtaa'eera.
3. Manneen murtii daka lamman akka beekaniif gargaalchi murtii akka qaqqabu ajajameera.
4. Galmeen xummura waan argateef cufaameera.

Lakk.G.149057

Guyyaa 27/05/2005

Abbootiin Seeraa:

1. Bojaa Taaddasaa
2. Tuulii Baay'isaa
3. Abdusalaam Siraaj
4. Fiixaa Dachaasaa
5. Geetaachoo Taklee

Iyyataan.....Obboo Yooseef G/sillaasee

Waamamtoonni....1- Aaddee Yihitsaggaa G/masqal

2 - Addee Asaffuu G/kidaan

Galmee qorannee murtii kanaa gadii kennineerra

MURTI

Galmeen kun banamee dhaddacha ijibbaataa kanaaf dhiyeechuu kan danda'eef iyyataan iyyannoo guyyyaa 30/09/2004 barreessee dhiyeesseen murtiin manni murtii olaanaa godina walgga bahaa lakk.G.26192 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 26/06/2004 ooleen kenee fi ajajiin manni murtii waliigala oromiyaa dhaddachi dhaabbii Lixaa lakk.G.139223 ta'e irratti dhaddacha

guyyaa 18/08/2004 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaa akka sirra'uuf waan gaafa-teef.

Ka'uumsi dhimmichaa himataan jalaa (iyyataan ammaa) himannaa himatamtoota jalaa (waamamtoota ammaa) irratti mana murtii olaanaa godinichaatti dhiyeesseen yoo ta'uu, himatichis gabaabinaan, "abbaan koo obboo G/sillaasee G/kidaan kan jedhaman gaafa 30/07/1981 kan du'e yoo ta'uu umuriin koo yeroo sana waggaa 5 ture. Dhaaltummaan abbaa kootii karaa himatamtuu 1ffaatiin galmee lakk.163/82 ta'een bara 1982 mana murtii konyaa Gimbiitti naaf mirkanaayee ture. Haa ta'u malee qabeenyaa abbaa kootii kan isa du'ee kanan tarreedhaan dhiyeesse seeraan ala darbaa dabarsuudhaan qabatanii itti fayyadamaa jiu. kanaafuu qabeenyaa dhaalaan na gahu kana tilmaamni isaa qarshii 364,438.00 ta'u akka naaf kanfalan naaf yaa murtaa'u." kan jedhuudha.

Himatamtoonni jalaa himannaa irratti dhiyaateef deebii kennanniin, "ragaa dhaaltummaa himataan dhiyeesse kana ilaachisee mana murtii aanaa Diggaa irratti wal-falminee manni murtichaa dhaddacha guyyaa 07/03/93 g.lakk.66/92 ta'e irratti ragaa dhaltumma isaa kufaa

godhee murtii waan itti kenneef mirgi dhaaltummaa isaa bakka kufaa ta'ee jirutti qabenyaa dhaalaatiin himachuu hin danda'u. Osoo ta'eeyyuu abbaan himataa kan du'e guyyaa 30/07/1981 waan ta'eef waggaa 24 booda himata dhiyeessuuf bu'uura s/s/ .kwt.1000(1) mirgi isaa darbiinsa yerootiin daangeffameera." jechuudhaan falmaniiru.

Manni murtii olaanaa godinichaa falmii fi ragaa bitaa mirgaa erga dhagaheen booda murtiin kenne gabaabumatti, "himataan dhaalaa G/sillaasee G/kidaan ta'uuf mirga hin qabu jedhamee galmee lakka.66/92 ta'e irratti muriin mana murtii aanaa Diggaatiin kennameera. Osoo dhaaladha jedhameeyyu obboo G/sillaasee G/kidaan kan du'e guyyaa 30/07/1981 yoo ta'uu himataan himannaa qabeenyaa dhaalaa kana deebisiifachuuf kan gaafate himannaa guyyaa 29/01/2004 barreeffameeniidha. Kanaafuu himataan himannaa kana dhiyeessuuf mirgi himata isaa bu'uura SS.KWT.1000(1)tiin darbiisa yerootiin daangeffameera." Jechuudhaan himata dhiyaateef mormii sadarkaa duraatiin kufaa godheera.

Iyyataan ammaa murtii manni murtii olaanaa godinichaa kenne komachuudhaan oliyyannoo Mana Murtii Waliigala Oromiyaa dhaaddacha dhaabbii lixaat-

ti kan dhiyeeffate yoo ta'u, Manni murtii waliigalaatis komii dhiyaate bu'uura godhatee galmee erga qorateen booda murtiin mana murtii olaanaa godinichaatiin kenname hanqina hin qabu jechuudhaan bu'uura AFSy.kwt 337tiin akka cimu ajaja kenneera.

Iyyataan iyyanni amma dhaddacha kanaaf dhiyeesse gabaabumatti "himannan koo mana murtii jalaatti dhiyeessee qabeenyaa dhaalaan karaa guddiftuu koo waamamtuu 1 ffaatiin abbaa kiyya irraa aragdhe waamamtuu 2ffaa waliin ta'anii walitti kennanii waan na jalaa qabataniif ammaa umuriin koo gaa'ela waan gaheef tilmaama qabeenyaa na jalaa fudhatanii akka naaf kennan kan jedhuudha malee qabeenyaa dhaalaa haaraa gaafachuu miti. kanaafuu manni murtii jalaa falmii koo osoo hin hubatiin murtii kenne waan ta'eef dogoggorri raawwatame akka naaf sirratu. Ani iyyataan dhaalatummaa koo galmee 163/82 ta'e irratti konyaa Gimbiitti mirkaneeffadhee osoon jiruu murtiin kunis osoo hin haqamne qabeenyaa koo dhaalaan kanan argadhe gaafachuu hin dandeessuu jedhamuun koo dogoggora seeraa isa bu'uuraati." Jechuudhaan murtiin mana murtii jalaa akka sirratuuf gaafateera.

Waamamtoonni deebii guyyaa 10/03/2005 barreessanii

dhiyeessaniin, murtiin mana murtii jalaattiin kenname dogoggora seeraa hin qabu jechuudhaan falmii manneen murtii jalaatti dhiyeessanii turan cimsanii falmuudhaan murtii mana murtii jalaa akka cimuufta gaafataniiru.

Falmiin bitaa fi mirgaan dhiyaate kana yoo ta'uu, nutis galmees qorannee akka ilaalletti ijoon falmii murtii seeraa argachu qabu, darbiisa yeroo ilaalchisee seerri manni murtii jalaa caqasee himata iyyataa kufaa itti godhe roga qabeessaa? Mirgi dhaaltummaa iyyataa ammaa kufaa ta'eeraa Ykn haqameeraa? kan jedhuu fi kkf qabannee dhimmicha seera roga qabu waliin ilaalleera. Darbiinsa yeroo ilaachisee yaada manni murtii olaanaa godinichaa murtii isaa keessatti ibse yoo ilaalu, iyyataan ammaa kun yoom umuriin isaa gaa'ela gahee? Kan jedhu akkuma jirutti ta'ee akka bu'uraatti garuu daa'imni gaa'ela hin geenye tokko qabeenyaa dhaalaa ilaachisee himata guddisaa isaa ykn nama qabeenyaa dhaalaa jalaa qabate irratti dhiyeesuuf darbiinsi yeroo kan lakkaawwamu yeroo daa'imni sun gaa'ela gahee eegalee darbiisa yeroo lakkaawwamuun ta'uu qaba malee guyyaa dhaalchisaan du'ee irraa eegalee darbiisa yeroo lakkaawwamuun miti. kana jechuun, falmiin dhaaltota

gidduutti yoo ta'e bu'uura s/s/ kwt,1000(1)tiin kan herreegamu yoo ta'u, falmiin dhaaltuu fi nama dhaaltuu hin taane tokko gidduutti yoo ta'e immoo bu'uura s/s/ kwt.1845tiin darbinsa yeroo lakkaawamuun ta'uu qabaata. Kanaafuu manni murtii olaanaa godinichaa guyyaa abbaan iyyataa (dhaalchisaan) du'ee (30/07/1981) irraa eegalee darbiisa yeroo lakkaawudhaan mirgi qabeenyaa dhaalaa gaafachuu iyyataa darbisa yerootiin daangeffameera jedhee yaada dhumaarra gahuun isaa hubannoo dogoggora seeraa qabuudha jenneera.

Gama biraatiin garuu falmii kanaaf ijoon murteessaan hiikkaa seeraa argachuu qabu iyyataan mataan isaa calqabumaanuu dhaalaadhaa? ykn mirga dhaaltummaa gonfateeraa? Kan jedhudha. Falmii manneen murtii jalaatti dhagahame irraa akka hubannetti iyyataan galmees lakk. 163/82 ta'e irratti gama guddiftuu isaatiin iyyata dhiyaate bu'uura godhachuudhaan manni murtii Konyaa Gimbii iyyataan dhaaltuu abbaa isaa G/sillsee G/kidaan ta'uu isaa ibsee murtii kennameera. Haa ta'u malee iyyataan ammaa kun erga gaa'ela gaheen booda iyyata mataa isaatiin guyyaa 18/07/1992 barreessee mana murtii aanaa Diggaatti dhiyeesseen dhaaltummaan abbaa isaa G/sillaasee G/kidhaan bu'uura s/s/ kwt.842(1)

tiin mirkanaayee ragaan dhaaltummaa bu'uura s/s/ kwt.996tiin akka kennamuuf gaafateera. Manni murtii aanichaa iyyata dhiyaateef bu'uura godhachuudhaan galmee banee namni dhaaltummaa iyyataa mormu yoo jiraate akka dhiyaatu bu'uura beeksisa gaazexaatiin labseen namni Asaffuu G/kidaan (waamamtuu 2ffaan) dhiyaattee iyyataan ilmoo G/sillaasee G/kidaan akka hin taane ibsitee waan mormiteef manni murtii aanichaa falmii fi mormii dhiyaate ragaadhaan erga qulqulleeseen booda iyyataan ilmoo G/sillaasee G/kidaan ta'uun isaa waan hin mirkanooftneef gaaffiin dhaaltummaa isaa kuffadha jedhee galmee lakk 66/92 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 07/03/93 oleen murtii kenneera. Iyyataan murtii galmee kana irratti kenname oliyyannoodhaan kan diigisisee ta'uu isaa ragaan m/m/ jalaatti dhiyeesse hin jiru. Kananfuu iyyataan iyyata mataa isaatiin dhiyeesseen galmeen banamee dhaaltuu G/sillaasee G/kidaan miti jedhamee mirgi dhaaltummaa isaa bakka haqamee jirutti, akkasumas murtii mirga dhaaltummaa isaa haqsiise kana oliyyannoodhaan hanga hin jijjiirsifnetti ani dhaaltuu G/sillaasee G/kidaaniiti ofiin jedhee qabeenyaa dhaalaa gaafachuuf mirga hin qabu. kanaafuu haala armaan olitti ibsameen sababa isaa jijjiirree murtii mana murtii jalaa cimsineera.

Ajaja

1. Manni Murtii Olaanaa Godina Wallaggaa Bahaa lakk.G.26192 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 26/06/2004 ooleen kennee fi ajajiin manni murtii waliigala oromiyaa dhaddachi dhaabbii Lixaa lakk.G.139223 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 18/08/2004 ooleen kenne sababa isaa haala armaan olitti ibsameen jijjiirree bu'uura AFSS.kwt. 348(1) tiin akka cimurteessineera.
2. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanaa iyyataan waamamtootaaf qarshii 400.00 (dhibba afur) mata mataan akka kanfaluuf jenneera.
3. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaatiif yaa ergamu.
4. Galmeen murtii dhumaa waan argateef cufameera.

Abbootii Seeraa:

1. Bojaa Taaddasaa
2. Tuulii Baayisaa
3. Abdusalaam Sirraaj
4. Geetaachoo Takilee
5. Huseen Kamaal

Iyyattuu...A/e Haragawwayin Alamuu

Yaamamtuu...A/e Araggash Taammiraat

Galmeen qoratamee murtiin itti aanu kennameera.

Murtii

Galmeen kun dhaddacha ijibbaataaf dhiyaachuu kan danda'e sababa manni murtii aanaa Heexosaa dhaddacha gaafa 08/06/2004 ooleen Gal.Lakk. 13488 irratti:

Iyyattuun ammaa mana amma falmiin irratti ka'e abbaan warraa kiyya (Obbo Zarihun Asfaw) yeroo ana fuudhu waliigaltee fuudhaa fi heerumaa gaafa 24/12/1997 ana waliin taasisen naaf lakka'eera yaa jettuu malee manni kun mooraa fi lafa yaamamtuu ammaa irratti kan ijaarame ykn argamu waan ta'eef abbaan warraa ishee

iiyuu mana/lafa kana kara seera qabeessa ta'een argachuu ykn qabaachuu isaa waanti agarsiisu hin jiru. Kanaafuu qabiyyee fi qabeenyaa ofii mirga irraa hin qabne waliigaltee fuudhaa fi heerumaatiin haadha warraaf dabarsuun hin danda'u. Kanaafuu iyyattuun ammaa mana falmiif sababa ta'e kana nama ykn himatamaa duraa (Obbo Shimallis Marshaa) itti kennee keessaa naaf bahuu dide jettee manni murtii aanaas himatamaan mana kana iyyattuu ammaaf akka gadlakkisu jechuudhaan murtii kennee kan ture yoo ta'ellee manni kun kan yaammatuu ammaa ykn mormiin iyyattuu ta'uun waan mirkanaa'eef murtii duraan kenname bu'uura S.F.H.H.Kewt.360(2) tiin diiguudhaan iyyattuun ammaa mana kana irraa mirga hin qabdu jechuudhaan waan murteesseef iyyattuun ammaa komachuudhaan ol'iiyannoo mana murtii ol'aanaa G/Arsiitti yoo dhiyeeffattu manni murtii ol'aanaas bitaa fi mirga falmisii-see "Manni kun lafa yaamamtuu m2 500 keessatti kan argamu yoo ta'u manni/lafti kun haala kamiin waliigaltee kamiin abbaa warraa iyyattuuf akka kenname ragaan agarsiisu hin jiru. Kanaafuu sababa waliigaltee fuudhaa fi heerumaa qofa irratti abbaan warraa iyyattuu mana kana iyyattuuf lakka'eef qofa manni kun qa-

beenyyaa abbaa warraa fi haadha warraa ta'uu waan hin dandeenyeef' jechuudhaan murtii mana murtii aanaa bu'uura S.F.H.H.Kewt.348 (1) tiin waan mirkaneesseef iyyattuun komii iyyannoo gaafa 13/09/2004 barreessiteen murtii manneen murtii jalaa dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan qabuuf diigamee sirreeffamuu qaba jechuudhaan waan iyyatteef yoo ta'u ijoon komii ishees:

1. Abbaan warraa kiyya bara 1990 irraa eegalee abbaa qabeenyaa mana kanaa ta'udhaan hanga bara 1996 itti gabbaraa turee erga ana fuudheen booda ammoo bara 1997 irraa hanga bara 1999 itti gibira maqaa abbaa warraa kiyyaatiin kan itti gabbarruu fi abbaan warraa kiyya waliigaltee fuudhaa fi heerumaa gaafa 24/12/1997 ana waliin mallatteessen mana kana qixxee anaaf gochuu isaa ragaa namaa fi barreeffamaatiin mirkanaa'ee utuu jiruu yaamamtuun bulchiinsa magaalaa waliin walta'uudhaan sobaan gibira bara 1990-1999 lafa m2 500 irratti bara 2003 keessa kaffaltee kan dhiyeessite ta'uun utuu beekamuu fi anis mana kana waggaa 13 guutuu kan itti fayyadamne waan ta'eef mormiin yaamamtuudha darbiinsa yerootiin kufaa ta'uu qaba jechuudhaan utuun falmuu manneen murtii jalaa calli jedhanii bira darbuun isaanii fi

2. Yaamamtuun (akkoo abbaa warraa kiyyaa) sababa anii fi abbaan warraa kiyya waliigaluu dadhabnee adda baaneef qofa yaada badaa fi hammeenya ta'een kakaataa mana maqaa abbaa kiyyaan galmaa'ee jiruu fi abbaan warraa kiyya qixxee naaf lakkaa'e keessaa mirga hin qabdu jechuun kan falmitu ta'uun utuu beekamu manneen murtii jalaa falmii kiyya sababa gahaa malee kufaa gochuudhaan mana kiyya ana dhabisiisuun isaanii dogoggora seeraa isa bu'uura waan ta'eef diigamee bu'uura murtii mana murtii aanaa isa duraatiin akka naaf raawwatamu kan jedhu dha.

Dhaddachi kunis galmee kana qoratee ajaja gaafa 03/12/2004 kenneen "Manni kun waliigaltee fuudhaa fi heerumaa gaafa 24/12/1997 taasifameen abbaa warraa iyyattuutiin iyyattuuf akka qixxee ta'u lakka'amee utuu jiruu fi yaamamtuun mana lafa m2 500 irra jirutti gibira bara 1990-1999 kan kaffalan erga falmiin kun eegalameen booda nagahee tokko irratti gaafa 24/09/2003 ta'ee utuu jiruu manneen murtii jalaa manni kun kan yaamamtuuti malee iyyattuun mirga irraa hin qabdu" jechuudhaan murtiin kennaan sirriidha moo miti kan jedhu iddoo yaamamtuun jirtuttii qulqulleessuuf je-

cha yaamamtuun deebii akka kennitu ajajamtee deebii gaafa 21/01/2005 barressiteen:

1. Manni amma falmiif sababa ta'e lafa m2 500 irratti argamu keessatti kan argamu yoo ta'u qabiyyee fi qaabeenyaan kun bara 1977 irraa eegalee haga bara 2003 itti maqaa kiyyaan galmaa'ee gibirris maquma kiyyaan kan itti kaffalamu ta'uu isaa qaamni mootummaa yeroo adda addaa mana murtiif jalaa ibsa kennee waan jiruuf,
2. Iyyattuun ammaa (Himattuun jalaa) fi himatamaan jalaa ani dhukkubsadhee sireetti galee ciisuu kiyya waan beekaniif ta'e jedhanii sobaan qabeenyaa kiyya irratti walfalmanii himatamaanis manni kun kiyya ta'uu utuu beekuu ta'e jedhee iyyattuuf fayyaduuf jecha manni kun kan abbaa warraa iyyattuuti jechuudhaan deebii kennee falmuun isaa manneen murtii jalaatiin hubatamee murtiin waan kennameef,
3. Iyyattuun murtii badiinsaa abbaa warraa ishee (ilma kiyyaa) irratti kennisiisuudhaan qabeenyaa kiyya kan mirga irraa hin qabne irratti falmii banuun ishee ragaa namaa fi barreeffamaatiin waan mirkanaa'eef akka waliigalaatti manneen murtii jalaa manni kun kan yaamamtuu waan ta'eef iyyattuun mirga irraa hin qa-

bdu jechudhaan murtiin kennan dogoggora seeraa isa bu'uuraa kan qabu waan hin taaneef cimuu qaba jechuudhaan falmiteetti.

Kanumaan dhaddachi kunis irra deebi'ee murtii manneen murtii jalaa, falmii bitaa fi mirgaa fi galmee haadhoo mana murtii aanaa Heexosaa irraa dhiyeessuudhaan seera dhimma kana waliin rogummaa qabu waliin akka itti aanutti qorateera. Bu'uura kanaan falmiin kun murtii baduu abbaa warraa iyyattuu irratti iyyattuun kennisiiftee hordofuudhaan falmii abbaa qabeenyummaa mana amma falmiif sababa ta'e ilaalchisee iyyattuu ammaa fi himatamaa jalaa (Obbo Silashii Marshaa) jidduutti eegalame yoo ta'u falmii iyyattuu ammaa fi himatamaa jalaa jidduutti mana murtii aanaa Heexosaa irratti gaggeeffameen himatamaan mana kana adaraadhaan akka eegu abbaan warraa iyyattuu kan itti kenne ta'uun falmii fi ragaadhaan waan mirkanaa'eef himataman iyyattuu ammaaf akka gadlakkisu murtaa'ee ture. Kana booda yaamamtuun ammaa manni falmiin irratti gaggeeffame kiyya malee kan abbaa warraa fi haadha warraa (Kan iyyatuu ammaa fi Obbo Zarhuun Asfaaw) miti jechuudhaan bu'uura S.F.H.H.Kewt.360 tiin mormii waan dhiyeessiteef akka ta'e falmii fi murtii

manneen murtii jalaa irraa hubatameera. Kanumaan galmee haadhoo keessaa ragaa jiru yoo ilaalamu: abbaan warraa iyyattuu duraanii namni Obbo Zarhuun Asfaaw jedhamuu fi iyyattuun waliigaltee fuudhaa fi heerumaa gaafa 24/12/1997 taasisaniin manni amma falmiin irratti ka'e duriin isaa kan Obbo Zarhuun Asfaaw ta'uu ibsuudhaan guyyaa kana irraa eegalee garuu qabeenyaa waliinii isaanii akka ta'u jechuudhaan kan waliigalan ta'uu isaati. Manni kun duriin isaa kan eenyuu ture isa jedhu ilaalchisee ammoo abbaan qabeenya hin sochoonee kan mirkanaa'u ragaa abbaa qabeenyummaa dhiyeessuudhaan akka ta'e S.H.H.Kewt.1195 fi kanneen itti aanaan jalatti tuma-meera. Yaa ta'uu malee akka waliigalaatti magaalaa manni kun keessatti argamu magaalaa xiqqaa waan ta'eef bara 1990 keessa kaartaa fi pilaanii abbootii qabeenyaa tiif kan hin kenniin ta'uun falmii bitaa fi mirgaa irraa ni hubatama. Kanaafuu bitaa fi mirgi mana kana irratti kaartaa fi pilaanii dhiyeessuu hin dandeenye ykn hin qaban. Garuu ammoo abbaan warraa iyyattuu duraanii bara 1990 irraa eegalee hanga bara 1999 itti mana kanatti maqaa isaatiin gibira itti kaffalaa kan ture ta'uu isaa nagaheen adda addaa dhiyaatee galmee kees-

satti ni argama.

Yaamamtuun ammaas manni kun kiyya jettee kan ishee ta'uu isaatiif ragaan dhiyeessite nagahee gibiraa lafa m2 500 irratti kaffaluu ishee agarsiisu qofa dha. Yaamamtuun kun bara 1990 duras lafa m2 500 irratti gibira kaffalaa kan turte ta'uu ishee nagahee gibiraa bara 1990 fi sana dura cite dhiyeessiteetti. Erga bara 1990 as garuu bara baraan utuu hin taane nagahee tokko Lakk. isaa 3048114 ta'e qofa irratti gibira bara 1990-1999 jiru kaffalluu ishee kan agarsiisu dhiyeessiteetti. Nagaheen kunis kan murame ykn cite ykn kaffaltiitiin ittiin kan raawwatame gaafa 24/09/2003 ta'uun isaa nagaheen kun ni agarsiisa. Kun ammoo kan agarsiisu kaffaltiitiin yaamamtuun nagahee kanaan kaffalte erga iyyattuun himannaa eegalteen booda ta'e jedhamee nagahee tokko irratti kan raawwatame ta'uu isaa dhaddachi kun hubateera (Iyyattuun himannaa kana gaafa 19/07/2003 eegalte). Gama biraatiin himatamaan jalaa manni kun kan abbaa warraa iyyattuu ammaa ta'uu ibsuudhaan, adaraa kan eegaa ture ta'uu isaa ibsee falmaa tureera. Yaamamtuun iyyattuun ammaa fi himatamaan ammaa ta'e jedhanii waliigaluudhaan qabeenyaa kiyya irratti walfalmaa turan yaa jettuu malee jecha ishee kana

ragaadhaan mirkaneessuu hin dandeenye. Kana malees ragaa namaa mana murtii aanaatti dhagahameen mana amma falmiif sababa ta'e abbaan warraa iyyattuu mataa isaatiif kan ijaarrate ta'uu ibsaniiru. Kanaafuu akka waliigalaatti yoo ilaalamu abbaan warraa iyyattuu duraanii akkaataan iddoo manni kun irratti ijaarrate itti argate falmii kana keessatti ifa ta'uu baatullee bara 1990 irraa eegalee mana kana ijaarrate abbaa qabeenyaa itti ta'uudhaan gibira itti kaffalaa turuun isaa mirkanaa'ee utuu jiruu fi innis waliigaltee fuudhaa fi heerumaatiin iyyattuuf qixxee gochuun isaa mirkanaa'ee utuu jiruu; gama biraan ammoo yaamamtuun kun erga iyyattuun manni kun akka gadlakkifamuuf himannaa dhiyeessiteen booda gibira bara 1990-1999 nagahee tokko irratti gaafa 24/09/2003 kaffaltee ragaa dhiyeessite qofa irratti hunda'uudhaan manneen murtii jalaa manni kun kan yaamamtuu ammaati malee iyyattuun mirga irraa hin qabdu jechuudhaan murtiin kennan faallaa ragaa falmii kanaaf dhiyaatee ta'ee argameera. Murtiin faallaa ragaa falmii keessatti dhiyaateen kennamu ammoo murtii doggora seeraa isa bu'uuraa qabu waan ta'eef diigamee sirreeffamuu qaba jechuudhaan murtaa'eera.

Ajaja

1. Murtii manni murtii aanaa Heexosaa Gal.Lakk. 13488 irratti dhaddahca gaafa 08/06/2004 ooleen kennee fi murtii manni murtii ol'aanaa G/Arsii Gal. Lakk.37405 irratti dhaddacha gaafa 10/08/2004 ooleen kennee bu'uura S.F.H.H.Kewt.348 (1) tiin diiguudhaan manni falmiin irratti ka'e kun kan iyyattuu fi abbaa warraa isheeti malee kan yaama-mtuu ammaa miti jechuudhaan murtii manni murtii aanaa Heexosaa Gal.Lakk.13488 ta'e irratti dhaddacha gaafa 17/09/2003 ooleen kenne mirkaneesuudhaan murtaa'eera.
2. Manneen murtii jalaa lamaan akka beekaniif garagalchi murtii yaa qaqqabu.
3. Baasii fi kisaaraa sababa falmii kanaatiin dhaddacha kanatti iyyattuu irra gaheef yaamamtuun qarshii 600.00 (Dhibba ja'a) yaa kaffaltu.
4. Dhorkaan dhaddacha kanarra kennamee tures ka'eera.
5. Galmeen xumura waan argateef cufameera.

Lakk.G.146671

Guyyaa 27/05/2005

Abbootii Seeraa:

1. Bojaa Taaddasaa
2. Tuulii Baay'isaa
3. Abdusalaam Sirraaj
4. Fiixaa Dachaasaa
5. Huseen Kamaal

Iyyataan.....Aaddee Taatee Maammoo

Waamamaan.... “ Badhaattuu Beeksisaa

Galme qorannee murtii kanaa gadii kennineera

MURTII

Galmeen kun banamee dhaddacha ijibbaataa kanaaf dhiyaachuu kan danda'eef iyyattuun iyyannoo guyyyaa 16/06/2004 barreessitee dhiyeessiteen murtiin manni murtii aanaa Ambo lakk.G.26742 ta'e irratti dhaddacha guyyyaa 12/03/2004 ooleen kennee fi murtiin manni murtii olaanaa godina Lixa Shawaa lakk.G.44199 ta'e irratti dhaddacha guyyyaa 13/06/2004 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan akka sirratuuf waan gaafatteef.

Ka'uumsi dhimmichaa himattuun jalaa (iyyattuun ammaa) himannaa himatamtuu jalaa (waamamtuu ammaa) irratti mana murtii aanichaatti dhiyeessiteen yoo ta'uu, himatichis gabaabinaan, "himatamtuu waliin waliigaltee guyyaa 02/10/1975 gooneen mana magaalaa Amboo ganda 01 keessatti aragamu lakk.manaa 01/601 kan ta'e Beergoo kutaa 8 fi mana haaraa (Kushiinaa) tokko waliin ijaarree akka qabeenyaa waliinii ta'u waliigallee walumaan bulchaa turreera. Bu'uuruma kanaan hojii daldalaa itti hojjachuuf waliigaltee maqaa kiyyaan hayyama daldalaa baafnee Hoteela itti bannee itti daldaluudhaan bu'aa aragame qixxeetti qooddachaa turreera. Kana malees qabeenyaa waliinii keenyaa ta'e kana waliigaltee guyyaa 1/10/1999 barreeffameen ani fi himatamtuun nama sadaffaatti kiraa qarshii 24,000.00 kireessinee gatii kiraaa isaa walumaan godhannee itti fayyadamaa turreera. Kun kanaan osoo jiruu qabeenyaa waliinii waggaa 28 guutuu waliin itti fayyadamaa turre kana guyyaa 30/10/2003 irraa eegaltee akkan itti hin fayyadamne na dhoorkiteerti. Kanaafuu bu'uura waliigaltee keenyatiin qabeenyaa waliinii keenya kanatti bu'uura s/s/1258 fi 1259 waliin akka itti fayyadamnuu, kireessinuu, itti hojjannu, wabiin akka qabsiifnuu fi waliin akka bulchinu naaf yaa murtaa'u. yoo kana ta'uu baate im-

moo waliigaltee gidduu keenya jiru kun diigamee, waliigalteen diigamuuf sababa kan taate himatamtuu waan taateef gahee ishee tilmaama fudhattee manicha akka gadi naaf dhiiftu naaf yaa murtaa'u." kan jedhuudha.

Himatamtuun jalaa himannaa irratti dhiyaateef deebii kenniteen, "waliigalteen himattuun gidduu keenyatti godhame jettu kun bu'uura s/s/ kwt. 1723tiin qaama aangoo qabu fuul duratti dhiyaatee waan hin galmoofta'ee bu'uura s/s/ kwt.1720(1)tiin waliigaltee wixinee ta'e kana irratti hundoofta'ee mirga kamiyyuu na gaffachuu hin dandeessu. Gamaa biraatiin mirgi himata dhiyeessuu himattuu bu'uura s/s/ kwt.1845tiin darbiinsa yerootiin daaangeffameera. Gama ijoo dubbii ilaalchisee himattuun hayyama kootiin ala mana kiyya irrattii hojii daldala Foonii fi dhugaatii Daadhii itti bantee dizaayinii manichaa jijjiirtee haala faallaa waliigaltee keenyaa ta'een faayidaa dhuunfaa ishee aragchaa jirti. Kana irraa akka of sirreessitu xalayaa ofeeggannoo yeroo adda addaa barreesuufillee gocha isheerraa of sirreessuu hin dandeenye. Kana malees akkaataa waliigaltee keenyaatiin waan itti hojjachuu dadhabdeef manni nama biraatti kan kireeffameedha. Kanaafuu waliigaltee keenya kan cabsitee qabeenyaa koo irratti miidhaa geessisaa kan jiru isheedha waan ta'eef inumayyuu miidhaa qabeenyaa koo irra gaheef beenyaa naaf kanfaltee jaarmiti

yaa koo keessaa naaf bahuu qabdi malee na hin himachuu hin dandeessuu. Waliigalteen keenya mana Beergoo kutaa 8 fi mana haaraa tokko waliin ijaarree hayyamni daldalaa maqaa himattuuttiin bahee waliin itti daldallee bu'aa argame akka qooddannuuf malee qabeenyichi kan waliinii akka ta'uuf miti. Manni falmii kaase kun lafa karee meetira 314.50 kan ijaarame ta'uu hin agarsiisuu. Beergoon kun lafa karee meetira 30 qofa irratti kan ijaarame waan ta'eef qabeenyaa dhuunfaa koo kan lafa km 314.50 irratti qabu dabalatee kan waliiniiti jettee himanni dhiyeessite kufaa ta'uu qaba." jechuudhaan falmiteerti.

Manni murtii aanichaa falmii fi ragaa bitaa mirgaa erga dhagaheen booda murtiin kenne gabaabumatti, "mormii sadarkaa duraa waa'ee darbiisa yeroo ilaachisee waliigalteen addaan cite qabeenyaa akka itti hin fayyadamne kan dhoorkamte jedhame bara 2003 waan ta'eef bu'uura s/s/ kwt. 1845tiin darbiinsi yeroo hin jiraatu. Kanaafuu mormii himatamtuun waa'ee darbiinsa yeroo ilaalchiftee kaafte kufaa gooneera. Gama biraatiin Waliigaltee irraa kan hubatamu mana beergoo kutaa 8 fi mana fincaanii kutaa tokko kan waliinii akka ta'uu fi gara-fuulduraattis waliin qabeenyaa kana bulchuuf kan waliigalanii mallatteessan ta'uun hubatameera. Waliigalteen kun immoo mirga bulchuu qofa osoo hin taane mirga gahee qabeenyaa falmii

kaase keessaa qabachuu kan dabalatuudha. Bu'uuraa s/s/ kwt.1723tiin qabeenyaa hin sochoone ilaalchisee mirga abbaa qabeenyummaa dabarsuuf, itti fayyadamuu dabarsuu, walumaa galatti mirga qabeenyaa hin sochoonee dabarsuuf ykn hundeessuuf waliigalteen taasifame kamiyyuu barreeffamaan ta'ee qaamaa waliigaltee galmeessuuf aangoo qabu fuula duratti dhiyaatee galmaa'uu akka qabu tumameera. Waliigalteen bitaa mirgaan bara 1975 godhan kun immoo mana murtii ykn qaama waliigatee galmeessuuf aangoo qabu fuula duratti dhiyaatee hin galmooofne. Kanaafuu waliigateen kun bu'uuraa s/s/ kwt. 1720tiin waliigaltee sadarkaa wixineerra jiru waan ta'eef himattuu mirga abbaa qabeenyummaa kan guufachiisuu miti." jechuudhaan himannaa himattuun waliigaltee kana irratti hundoofttee dhiyeessite kufaa taasiseera.

Iyyattuun ammaa murtii manni murtii aanichaa kenne komachuudhaan oliyyannoo mana murtii olaanaa godinichaatti kan dhiyeeffatte yoo ta'uu, Manni murtii olaanaa godinichaatis komii dhiyaate bu'uura godhatee galmee qoratee dhiyeessise falmii bitaa mirgaa erag dhagaheen booda komii iyyattuu ammaa kufaa taasisuudhaan murtiin mana murtii aanichaa hanqina hin qabu jechuudhaan bu'uura AFSy.kwt 348(1)tiin akka cimuu murtii kenneera.

Iyyattuun iyyanni amma dhaddacha kanaaf dhiyeessite gabaabumatti “waamamtuun waliigalteen nu gidduu jiraa-chuu isaa osoo amantee jirtuu waliigaltee amaname irratti tumaan s/s/. kwt.1723 jalatti ibsame raawwatiinsa kan hin qabne ta’uun isaa osoo beekkamuu, sababa waliigatichi qa-ama aangoo qabu biratti hin galmooofne jedhu qofaan wali-igalticha gatii dhabsiisuun dogoggora seeraa isa bu’uuraati. Waliigaltichi kufaadha osoo jedhameeyyuu bu’uura s/s/ kwt, 1815 fi 1818tiin qabeenyaa waliin ijaarame kanaaf baasiin baase mirgi gaafachuu osoo naaf hin eegamiin bira darbamuun dogoggora seeraa isa bu’uuraati.” kan jedhuu fi kkf caqasuudhaan murtiin mana murtii jalaa akka sirratuuf gaafatteerti.

Waamamtuun deebii guyyaa 16/11/2004 barreessitee dhiyeessiteen, “waliigaltee falmiif sababa ta’e kana fed-hii kootiin wantiin amanee murtii jalaattii falme waan hin jirreef murtiin mana murtii jalaatiin kenname dogoggora seeraa hin qabu.” jechuudhaan murtii mana murtii jalaa akka cimuu gaafatteerti.

Falmiin bitaa fi mirgaan dhiyaate kana yoo ta’uu, nutis gal-mee qorannee akka ilaalatti ijoon falmii murtii seeraa arga-chu qabu, waliigalteen guyyaa 02/10/1975 barreeffame kun gidduu isaanitti mallatteeffamuu waamamtuun waakkat-

teertii? Yoo amanteerti ta’e bu’aan isaa maal ta’aa? Murtii manneen murtii jalaa irratti garaagarummaa ni fidaa? kan jedhuu fi kkf qabannee dhimmicha seera roga qabu waliin ilaalleera. Qabiyyee waliigaltee falmii kanaaf sababa ta’ee yoo ilaalluu, iyyattuu fi waamamatuun manni Albeergoo kutaa 8(saddeetii) fi manni fincaanii 1 (tokko) qabeenyaa waliinii isaanii akka ta’uu, hayyamni daldalaa maqaa iyyat-tuu ammaa kanaan ta’ee hojii daldalaa qabeenyaa waliinii isaanii kanatiini hojjachuudhaan bu’aa argame qixxee qooddachuuf kan waliigalan ta’uu kan hubachiisuudha. Waliigalteen shirkinnaa daldalaa kunis ragootaa, iyyattuu fi waamamatuudhaan mallattaayeera. Gama biraatiin waama-matuun deebii mana murtii aanichaatti guyyaa 06/12/2003 barreessitee dhiyeessitee ture fuula 2^{ffaa} fi 3^{ffaa} irratti akka ibsitetti waliigalteen kun gidduu isaaniitti mallattaa’uu amantee garuu sababa waliigateen cabeeff kaasittee kan fal-mite ta’uun hubatameera. Waliigalteen kun waliigaltee qa-beenyaa hin sochoonee kan walii taasisu ykn mirga dabarsu yoo ta’uu, akka s/s/ kwt. 1723(1) jalatti tumameen walii-galtichi barreeffamaan ta’ee mana murtii ykn qaama walii-galtee galmeessuuf fuunduratti dhiyaatee raawwatamuu akka qabu ibsameera. Kanaan walqabatee bu’uura s/s/ kwt.2878 jalatti tumameen gurgurtaa qabeenyaa hin so-choonee yoo ta’e waliigaltichi garee sadaffaa dirqisiisuu

kan danda'u, qaama waliigatee galmeessuuf aangoo qabu fuula duratti yoo dhiyaate galmaa'e qofaadha. Keewwatoota Seera waliigaltee armaan olitti ibsaman kana irraa kan hubatamu, akkawaliigalatti waliigalteen qabeenyaa hin sochoone ilaachisee godhamu barreeffamaan ta'ee qaama waliigaltee raggaasisu fuula duratti ta'uu akka qabu yoo ibsamu garuu waliigalteen qabeenya dabarsuu kan akka gurgurtaatiin walqabatu galmaa'uun isaa barabaachisaa kan ta'uuf mormii namni sadaffaan kaasuuf qofa akka ta'e hubatameera. Waliigalteen foormii waliigalteen tokko barbaadu osoo hin guunne hafe wixineedha jedhamee s/s/ kwt. 1720 jalatti tumame mormii ykn falmii garee sadaffaan kaasuuf yoo ta'e malee falmii ykn mormii gareewwan waliigalticha raawwatan gidduutti ka'uuf miti. Waliigalteen qabeenyaa hin sochoone dabarsuuf godhame garee waliigalticha mallatteessan gidduutti hanga hin haalamnetti sababa hin galmoofta qofaaf kufaa ta'uu akka hin qabaanne murtiiwwaan manni murtii waliigala federaalaa dhaddachi ijibbaataa galmeewwaan adda addaa irratti murteesse irraa kan hubatamuudha. Ejjennoo dhaddacha keenyaatis kanarraa kan fagaatee miti. Waliigateen mana falmii kaase kana kan waliinii taasissuuf iyyattuu fi waamamtuu gidduutti guyyaa 2/10/1975 mallatteeffame kunis haaluma kanaan hiikkaa aragchuu qaba. Waliigalteen falmii kaase kun barreeffaman

kan raawwatame yoo ta'uu, waliigalticha irratti waamamtuu mallatteessu ishee hin waakkanne. Akkuma armaan olitti ibsame waliigateen falamsiisan kun qaama aangoo qabu fuuladuratti dhiyaatee galmaa'uu dhabuu isaati. Haa ta'u malee waliigaltichi iyyattuu fi waamamtuu gidduutti mallattaa'uu hanga hin waakkatamnetti sababa hin galmoofta qofaaf bu'uura s/s/ kwt. 1720tiin wixineedha jedhamee kufaa taasifamuun dogoogra seeraa isa bu'uraati jennera. Kanaafuu waliigalteen seeraan dirqisiisaa ta'e, kan mana falmii kaase kana iyyattuu fi waamamtuf kan waliinii taasise ni jira jennee murteessineera.

Gama biraatiin manni murtii jalaa waliigalteen seeraan dirqisiisaa ta'e hin jiru jechuudhaan akka mormii sadarkaa duraatti himata iyyattuu ammaa kufaa gochuudhaan alatti ijoo falmichaa keessa seenee qabeenyii waliinii iyyattuu fi waamamtuu kun maala ta'uu qabaa? Jedhee qulqulleessee murtiin gaaffii abbaa seerummaa gaafatame irratti hundaa'ee kenne hin jiru. Kanaafuu manni murtii aanichaa waliigateen iyyattuu fi waamamtuu gidduutti mallatteeffame kanan manni kan waliinii ta'e kun haala kamiin waliin itti fayyadamuu danda'uu? Waliin itti fayyadamuun kan hin dandaa'ane yoo ta'e immoo qabeenyaa waliinii kanarraa gahee gahee qaban haala kamiin qooddatuu? Ijoo

jedhu qabachuudhaan falmii ijoo keessa seenee qulqullees-suudhaan gaaffii abbaa seerummaa iyyattuun ammaa himata ishee keessaatti gaafatteef murtii dhumaa akka kennu bu'uura AFSS.KWT.431(1)tiin falmiin mana murtii aanaa Ambootti akka deebi'uu jenneera.

Ajaja

1. Murtiin manni murtii aanaa Ambo lakk.G.26742 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 12/03/2004 ooleen kennee fi murtiin manni murtii olaanaa godina Lixaa Shawaa lakk.G.44199 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 13/06/2004 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan qabuuf diignee manni murtii aanaa Amboo akkaataa armaan olitti ibsameen ijoo falmichaa keessa seenee qulqulleessee ijoo gaaffii abbaa seerummaa iyyattuun ammaa gaafattee turte irratti murtii akka kennu bu'uura ASSF.KWT.341(1)tiin ajajameera.
2. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanaa kan ofi yaa dandaa'an jenneera.
3. Garagalchi murtii kanaa iyyataa fi manneen murtii jalatiif yaa ergamu.
4. Galmeen murtii dhumaa waan argateef cufameera.

Abbootii Seeraa:

1. Bojaa Taaddasaa
2. Tuulii Baayisaa
3. Abdusalaam Sirraaj
4. Fiixaa Dachaasaa
5. Geetaachoo Takilee

Iyyattuu...Adde. Asmarat Mokonnin

Yaamamaa...Obbo Kifluu G/Maariyaam

Galmeen qoratamee murtiin itti aanu kennameera.

Murtii

Galmeen kun dhaddacha ijibbaataaf dhiyaachuu kan danda'e sababa manni murtii aanaa Bulee Horaa dhaddacha gaafa 18/10/2002 ooleen Gal.Lakk. 06782 irratti: Iyyattuun ammaa mana falmiif sababa ta'e kana yaamaan ammaa abbaa warraa kiyyaaf kennaadhaan waan dabarseef abbaa qabeenyaa itti taaneerra yaa jettuu malee kennaan qabeenyaa hin sochoone irratti taasifamu ulaagalee dhaamoo ifatti taasifamuun ta'uu akka

qabu S.H.H.Kewt.2444 jalatti tumameera. Ulaagaan kunis seeruma kana Kewt.881-883 jalatti ta'aniiru. Maqaa ofiitiinis gibira mootummaa waggaa 15f walitti aansuudhaan kaffalamuu jechuun seeruma kana Kewt.1168 (1) jalatti tumameera. Iyyattuun mana kana yaamamaan abbaa warraa kiyyaaf kennaadhaan dabarse yaa jettuu malee waliigalteen kenna bulchiinsa magaalatti dhiyaatee kan galmaa'ee miti. Ragoonni yaamaama akkaatuma himannaa isaatti yoo ragaan ragoonni iyyattuu garuu dursa haala kamiin inni akka itti argate waanti ibsan hin jiru. Mana keessa jiraachuu fi maqaa ofiitiin gibira itti gabbaruun ammoo abbaa qabeenyaa nama hin taasisu. Seera dhaalaatiinis yoo ilaallu ragoonni bitaa fi mirgaa lafti manni kun irratti ijaarame duriin isaa kan abbaa yaamamaa ta'uu waan mirkanees-saniif dhaalaan sadarkaa duraa yaamamaa ammaa akka ta'e S.H.H.Kewt.842(1) jalatti tumameera. Waa'ee mormii darbiinsa yeroo iyyattuun kaaftee ilaalchisees keewwatni rogummaa qabu S.H.H.Kewt.1000(2) waan ta'eef falmiin ishee fudhatama hin qabu. Kanaafuu akka waliigalaatti akkaataa seeraa dhaalaatiin utuu ilmi jiruu ilmi ilmaa (akaakayyuun) dhaaluuf iyyattuun gaafachuun sirrii waan hin taaneef mana falmiif sababa ta'e kan magaalaa Bulee Horaa keessatti lafa m2 900

irratti argamu maqaan abbaa qabeenyummaa isaa gara iyyattuutti jijjiiramuun isaa sirrii waan hin taaneef himatamaa 2^{ma}n jalaa maqaa abbaa qabeenyummaa mana kanaa iyyattuu irraa gara yaamamaa ammaatti akka jijjiiruu, akkasumas iyyattuun mana kana yaamamaadhaaf akka gadlakkiftu jechuudhaan waan murteesseef iyyattuun ammaa komachuudhaan ol'iiyannoo mana murtii ol'aanaa G/Booranaatti yoo dhiyeeffattu manni murtii ol'aanaa ammoo bitaa fi mirga falmisiisee ijoo "Yaamamaan mana amma falmiif sababa ta'e kana abbaa kiyyarraan dhaalan naaf darbe jedhu kana irra yeroo ammaa mirga abbaa qabeenyummaa qaba? Kan jedhu qabachuudhan:

Iyyattuun ammaa falmii kana keessatti mana amma falmiif sababa ta'e keessa jiraachaa kan jirtuu fi mana kana keessaa mana kutaa torba abbaa warraa ishee ykn ilma yaamamaa nama Obbo Daanyee Kifiluu jedhamu waliin kan ijaarratte ta'uu fi kutaaleen kaan utuu isheen abbaa warraa ishee kanatti hin heerumiin kan ijaraman ta'uu hin waakkanne. Iyyattuun falmiin dhiyees-saa jirtu mana kana abbaan warraa ishee bara 1981 yaamamaa irraa kennaadhaan argatee kennaanis seeraan mirkanaa'ee kan jiruu fi isheen ammoo bara 1994 abbaa warraa isheetti heerumuudhaan daa'ima lama

walirraa argatanii kan keessatti guddisaa jirtu waan ta'eef himannaan yaamamaa bu'uura S.H.H.Kewt.1000 (1) tiin darbiinsa yerootiin hafaa ta'eera kan jedhu fi servisoota 7 anaa fi abbaa warraa kiyyatu ijaare kan jedhudha. Servisoota kutaa 7n walqabatee ragaan bar-ruu Lakk.12/6/M-24/2003 gaafa 16/02/2003 bulchiinsa magaalaa Bulee Horaa irraa barreeffame gaa'elaan dura bara 1989-1990 kan ijaaraman ta'uu kan agarsiisu dha. Kenna ilaalchisee qabeenyaa hin sochoone irratti kennaan taasifamu ulaagaa S.H.H.Kewt.881-883 haal guutuun ta'uu akka qabu seeruma kana Kewt.2443 jalatti tumameera. Falmiin bitaa fi mirga jidduu jirus manni kun waliigaltee kennaatiin yaamamaa irraa gara abbaa warraa iyyattuutti darbeera moo miti kan jedhu yoo ta'u ragaa kana agarsiisu dhiyeessuudhaan mana murtii amansiisuu kan qabu iyyattuu akka ta'e S.H.H.Kewt.2447(1) jalatti tumameera. Yaa ta'uu malee iyyattuun barruu ulaagaa kana guute hin dhiyeessine. Gama biraatiin ammoo ragaa barreeffamaa kana dhiyeessuu yoo dhabde illee ragaa qabatamaa beekisisa yaamamaan ammaa manaa fi iddoo bifa bittaatiin haadha fi obboleewwaan kiyya irraa argadhe jedhu kennaadhaan abbaa manaa iyyattuuf kan dabarse waan ta'eef namni mormu hanga guyyaa 20 yoo hin dhiyaan-

nee kennaan kun ragga'ee kan galmaa'u ta'uun ibsuun qaamni mirga abbaa qabeenyummaa yaamamaan dura manicha irraa qabu haquun gara nama mirga abbaa qabeenyummaa kennaan argateetti jijjiiruuf seeraan aangoo qabu bulchinsi magaalaa Bulee Horaa xalayaa Lakk.489/81 gaafa 04/03/1981 barreeffameen beeksisuu fi nageewwaan manni kun bara 1988 eegalee maqaa du'aa Daanyee Kifiluutiin hanga bara 1996 itti akkasumas bahra 1996-2002 itti immoo maqaa iyyattuutiin itti gabbaramuu agarsiisu dhiyaateera. Yaamaanis ragaa iyyattuun dhiyeessite kana kan sobsiisu ragaan dhiyeesse hin jiru. Gama tokkoon iyyattuu fi yaamamaan magaalaa fi ganda tokko keessa osoo waliin jiraatanii fi bara 1988 irraa eegalee manni kun maqaa ilma isaatiin utuu gabbaramuu fi gama biraatiin ammoo iyyattuun haala firoomaatiin utuu hin taane gaa'ila ilma isaa waliin raawwatee irratti hunda'uudhaan mana kana keessaa jiraachaa kan jirtu ta'ee utuu jiruu yaamamaan haala kana kanan dhagahe gaafa 15/06/2002 jechuun isaa falmii yaamamaa amanamummaa kan dhabsiisuu fi sammuu gaariidhaan falmii kan hin dhiyeessine ta'uu agarsiisa. Utuu kennaan jedhame kun hin jiru ta'eellee manni falmiif ka'umsa ta'e qabamuu isaa kan beeku waan ta'eef yeroo iyyattuun qabatte bara 1994 calqa-

bee waggaa 3 keessatti himannaa kana dhiyeessuun iyyattuu gad osoo hin lakkisiisiin waan hafeef bu'uura S.H.H.Kewt.1000(1) tiin himannaan yaamamaa darbiinsa yeroo tiin hafaa ta'uu qaba. Walumaagalatti yaamamaan mirga abbaa qabeenyummaa mana kana irraa qabu kennaadhaan dabarsuun isaa ragaan kan mirkanaa'e fi mirgi kunis akkaataa S.H.H.Kewt.1190 tiin qaama aangoo qabu bulchiinsa magaalatiin haqamee gara nama mirga kana argateetti jijjiiramuun kan hubatamu waan ta'eef yaamamaan himannaa kana dhiyeessuuf mirga hin qabu. Mana kana ilmi yaamamaa ykn abbaan warraa iyyattuu kennaadhaan kan argatee fi dhaaltota sadarkaa lffaa ijoollee lama iyyattuu irraa kan uummate ta'ee utuu jiruu manni murtii aanaa manni kan yaamamaati jechuudhaan murtiin kenne mirga dhaalaa daa'iman kanaa haala dhiibuun waan ta'eef sirrii miti jechuudhaan bu'uura S.F.H.H.Kewt.348 (1) tiin diiguudhaan murteesseera.

Kanumaan yaamamaan ammaa murtii mana murtii ol'aanaa kana komachuudhaan ol'iyyannoo mana murtii waliigala Oromiyaa dhaddacha dhaabbii Kibbaatti yoo dhiyeeffatu manni murtii waliigalaas bitaa fi mirga falmisiisee ijoo "Falmii kanaaf S.H.H.Kewt.1000(1) raawwatiinsa qaba moo miti?" kan jedhuu fi "Manni

falmiif sababa ta'e abbaa warraa iyyattuuf kennaan kennamuu isaa mirkanaa'eera? kan jedhu qabachuudhaan: Falmiin ykn gaaffiin yaamamaa mana abbaa isaa irraa dhaalaan isa gahe haala hin beekneen iyyattuun gara maqaa isheetti jijjirte kan jedhu malee falmii dhaaltoota jidduutti qabeenyaa dhaalaa akka qooddamuuf gaafatame waan hin taaneef manni murtii ol'aanaa S.H.H.Kewt.1000 (1) eeruudhaan himannaan yaamamaa darbiinsa yeroodhaan kan daangeeffamu jechuun isaa deeggarsa seeraa kan qabu miti. Keewwatichis bakka malee kan caqafame dha. Ijoo kennaa ilaalchise; iyyattuun falmii ishee keessatti manni falmiidhaaf sababa ta'e kun yaamamaa ammaatiin abbaa warraa kiyya isa du'eef kennadhaan naaf darbeera kan jedhu yoo ta'u yaamamaan ammaa ammoo kennaan ani kenne hin jiru jechuduhaan kan falmedha. Iyyattuun ammaa abbaa warraa isheetiif kennaan kan taasifame ta'uu isaatiif bu'uura S.H.H.Kewt.2443 tiin wanti mirkaneessite hin jiru. Qabeenyaan kun ammoo qabeenyaa dhaabbata waan ta'ef kennaan qabeenyaa kana irratti taasifamu ammoo ulaagaa dhaamoo ifaa (Public will) hordofuu akka qabu seeruma kana irraa ni hubatama. Iyyattuun qabeenyaan kun gaa'ela keessati horatamuu isaatiif

falmiin dhiyeessite hin jiru. Iyyatuun kennaa qabna kan jettu yoo ta'u ragaa kennaa kana argariisu dhiyeessuuf dirqama kan qabdu ta'uu seeruma kana Kewt.2447 (1) jalatti tumameera. Ragaan galmee keessa jiru ammoo beeksisa bulchiinsa magaalaatiin namni mormu yoo jiraate akka dhiyaatu bahe xalayaa Lakk.489/91 gaafa 04/05/1981 of irraa qabu dha. Xalayaan kun waa'ee mana falmiif sababa ta'e ilaalchisee kan bahe ta'uu isaa hin ibsu. Beeksisni bahes fedhii yaamamaa ammaa kan of keessaa qabu ta'uu isaas hin agarsiisu. Kennaan barreffamaan taasifame akka jalaa bade ibsuun falmiin iyyattuun dhiyeessites hin jiru. Walumaagalatti manni murtii ol'aanaa kennaan seera duratti fudhatama qabuu jiraachuu isaaf ragaan gahaa utuu hin dhiyaatiin manni falmiif sababa ta'e kan kennaadnaan darbeedha jechuudhaan murtiin kenne dogogora seeraa qaba jechuudhaan murtii mana murtii ol'aanaa diiguudhaan murtii mana murtii aanaa mirkaneesseera.

Kanumaan iyyattuun ammaa murtii mana murtii waliigalaa kana komachuudhaan komii iyyannoo gaafa 12/09/2003 barreesitee waan dhiyeessiteef yoo ta'uu ijoo komii ishees gabaabinaan:

1. Abbaan yaamamaa bara 1972 kan du'e waan ta'eef

himannaan yaamamaa bu'uura S.H.H.Kewt.1000 tiin darbiinsa yerootiin daangeffama jedhee utuun mormuu manni murtii waliigalaa mormii kana kufaa gochuun,

2. Yaamamaan mana kana bara 1981 abbaa warraa kiyyaaf kennaa waan kenneef maqaan abbaa qabeenyummaa mana kanaa naanne'eefii waggaa 15 caalaa maqaa abbaa warraa kiyyaan gibirri itti gabbaramee/kaffalamee utuu jiruu fi yaamamaan erga 1975 as maqaa ofitiin ta'ee maqaa abbaa isaatiin mana kanatti gibira kaffalee kan hin beekne ta'ee utuu jiruu,

3. Yeroo abbaan qabeenyummaa mana kana gara maqaa abbaa warraa kiyyatti naanna'uuf beeksiifni bahu yaamamaan dhiyaatee kan hin mormine ta'ee utuu jiruu fi erga maqaa abbaa warraa kiyyatti jijjiiramees yaamaan magaalaadhuma kana keessa utuu waliin jiruu calli jedhee ilaaluuun isaa fi

4. Mana kana keessaa mana kutaa 7 abbaan warraa kiyya kan ijaare ta'uu isaa yaamamaan mataan isaa amanee utuu jiruu manni murtii waliigalaa mana kana guutuu isaa akkan gadlakkisu murtiin kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan ta'eef diigamee murtiin mana murtii ol'aanaa cimuu qaba kan jedhudha.

Dhaddachi kunis galmee kana qoratee ajaja gaafa

25/09/2003 kenneen “Yaamamaan mana kana dhaalaan abbaa isaa irraa argachuun isaa fi iyyattuun ammaa haala yaamaman hin beekneen abbaa qabeenyummaa mana kana gara maqaa isheetti jijjiirsifachuun mirkanaa’eera moo miti kan jedhuu fi bara 1988 irraa eegalee hanga 2002 itti mana kanatti gibirri maqaa abbaa warraa iyyattu fi iyyattuutiin gabbaramuun isaa S.H.H.Kewt.1168 waliin akkamitti akka ilaalamuu qabu iddoo yaamamaan jirutti qulqulleessuuf jecha yaamamaan deebii akka kennu ajajamee deebii gaafa 27/10/2003 barresseen:

Falmii waa’ee darbiinsa yeroo ilaalchisee, falmiin kun falmii dhaaltota lamaan jidduutti gaggeeffamaa jiru waan hin taaneef S.H.H.Kewt.1000 falmii kanaaf rogummaa hin qabu.

Waa’ee kennaa ilaalchisees maqaan abbaa qabeenyummaa mana kanaa bara 1981 maqaa abbaa kiyyaa kan ta’an nama Obbo G/Maariyaam Daanyeetiin kan jiru waan ta’eef ani yeroo kanatti mana kana irratti kennaa raawwachuu hin danda’u. Waliigalteen kennaa ulaagaa seerri barbaadu guutee mana kana irratti godhames hin jiru.

Kaffalitti gibiraa ilaalchisee ammoo nagaheen

Lakk.381274 kan bara 1993 fi Lakk.380541 kan bara 1992 kan mootummaa dargii yoo ta’u bara 1993 keessa mootummaa naannoo Oromiyaa nagahee mataa isaa-tiin kan hojjetu waan ta’eef akkasumas nagaheewwaan kaanis amanamumma kan hin qabne ykn sobaan kan muraman (sababa ibsuudhaan) waan ta’aniif fudhata-ma kan hin qabnee dha. Bara 1994 irraa eegalee hanga 2001 itti ammoo waggaa 15 kan guutuu waan hin taaneef akka waliigalaatti iyyattuun kun qabeenyaa kana to’annoo fi bulchiinsa ishee jala oolchitee irratti ajajjee kan hin beekne waan ta’eef akka waliigalaatti murtiin mana murtii waliigala Oromiyaa dogoggora seeraa isa bu’uuraa kan qabu waan hin taaneef cimuu qaba jechuudhaan falmeera.

Kanumaan dhaddachi kunis irra deebi’ee murtii manneen murtii jalaa, falmii bitaa fi mirgaa fi kuusaa gal-mee mana kanaa guutuu isaa bulchiinsa magaalaa Bulee Horaa irraa dhiyeesissuudhaan seera dhimma kana waliin rogummaa qabu waliin akka itti aanutti qorateera. Bu’uura kanaan falmiin kun waa’ee abbaa qabeenyummaa mana magaalaa keessatti argamu irratti kan ka’e ta’uun falmii bitaa fi mirgaa fi murtii manneen murtii jalaa irraa hubatameera.

Kanumaan kallattiidhaan gara ijoo qabameetti utuu hin

seeniin dura ka'umsa falmii kanaaf sababa kan ta'e himanni yaamamaa fi deebiin iyyattuu maal ture kan jedhu gababinaan ilaaluun barbaachisaa ta'ee argameera. Bu'uura kanaan yaamamaan ammaa himannaa gaafa 24/06/2002 barreessee mana murtii aanaatiif dhiyeesseen "Mana amma falmiif sababa ta'e magaalaa Bulee Horaa ganda 01 keessatti argamu lafa m2 900 irratti kan argamu abbaa kiyya Obbo G/Maariyaam Daanyee irraa dhaalaan kanan argadhe iyyattuun ammaa hayyama kennaa abbaa qabeenyaa malee maqaa abbaa qabeenyummaa ofii isheef deebifattee akkasumas ragaa barreeffamaa qabatamaa tokko malee mana galmeen isaa beekamu irratti ragaa abba qabeenyummaa himatamaa 2^{ffaa} jalaa jijjiiree iyyattuu ammaaf kennuun isaa gaafa 15/06/2002 waanan dhagaheef dalagaan seeraan ala raawwatame kun akka haqamee iyyattuun mana kana akka gadlakkiftu" jechuudhaan himannaa waan dhiyeesseef dha.

Iyyattuun ammaa ammoo gama isheetiin deebii mana murtii aanaatti dhiyeesseen "Yaamamaan mana kana haadha isaa fi obbolaan isaa irraa bifa bittaatiin kan argate ta'uu ibsee kennaadhaan ilma isaa ykn abbaa warraa iyyattuu kan ture nama Obbo Daanyee Kifiluu-

tiif waan kenneef innis qaama dhimmi ilaallatu biratti dhiyeessee galmeessisee ana waliin mana kutaa torba qabu irratti ijaarrannee utuu waliin jiraannuu bara 1996 waan du'eef anis maqaa isaarraa gara maqaa kiyyatti jijjiirsisuun kiyya sirriidha. Kennaan kunis bara 1981 kan taaisfame waan ta'eef himannaan yaamamaa darbiinsa yerootiin hafaa ta'uu qaba. Mana kanattis maqaa abbaa warraa kiyyaa fi maqaa kiyyaan gabbaraa yeroo dheeraa waan turreef abbaa qabeenyaa mana kanaa taaneerra waan ta'eef himannaan yaamamaa kufaa ta'uu qaba" jechuudhaan falmii adda addaa dhiyeessiteetti.

Kanumaan gara ijoo qabameetti yoo deebinu falmiin kun waa'ee qabeenyaa ykn mana kana dhaalaan argachuun qaba kan jedhu akka hin taane himannaa yaamamaa irraa ifatti ni hubatama. Deebiin iyyattuus mana kana dhaalaan anati argachuu qaba kan jedhu miti. Kanaafuu falmii kanaaf S.H.H.Kewt.1000 gara kamiin iyyuu rogummaa kan qabu ta'ee hin argamu. Kana jechuun ammoo manneen murtii aanaa fi ol'aanaan keewwata kanarratti hunda'uudhaan himannaan yaamamaa darbiinsa yerootiin hafaa ta'eera ykn hin taane jechuudhaan murtiin kannan dogoggora yoo ta'u manni murtii waliigalaa ijoo kana ilaalchisee dhimmi kun dhimma

dhaalaa waan hin taaneef keewwatni S.H.H.Kewt.1000 falmii kanaaf rogummaa hin qabu jechuudhaan murtiin kenne dogoggora kan qabu miti jedhameera. Bu'uura kanaan komiin iyyattuun ammaa S.H.H.Kewt.1000 bu'uura godhachuudhaan dhaddacha kanaaf dhiyeessites fudhatama hin qabu jedhamee bira darbameera.

Gara biraatiin akka waliigalaatti kuusaa galmee seenaa mana kana kan bulchiinsa magaalaa Bulee Horaa irraa dhiyaate irraa hubachuun akka danda'ametti manni kun duriin isaa kan abbaa yaamamaa ammaa nama Obbo G/Maariyaam Daanyee akka ta'e ifa dha. Obbo G/Maariyaam Daanyees bara 1972 keessa du'uu isaa ragaan ni agarsiisa. Kana booda yaamamaan ammaa mana kana dhaalaan abbaa kiyya irraa argadhee jechuu malee waa'ee mana kanaa waliin yaamamaa kan walitti fidu waliigaltee guyyaa hin qabneen yaamamaan kun mana kana haadha isaa fi obbolaan isaa namoota sagal irraa qarshii 600.00 (dhibba ja'aan) bitachuu isaa kan agarsiisu qofati galmee keessatti argama. Ragaa kana irra kan hafe yaamamaan mana kana irratti kaartaa fi pilaanii kan hin qabne ykn baafatee beeku ta'uu ykn maqaa isaatiin gibira kaffalee kan beeku ta'uu ragaan agarsiisu tokkollee hin jiru.

Gama kenna iyyattuun abbaa warraa kiyyaaf kenna-

meera jettuus ilaalchisee akkuma manneen murtii Aanaa fi Waliigala Oromiyaa murtii isaanii keessatti sirriitti ibsan waliigalteen kenna barreeffamaan taasifame galmee kana keessatti hin mul'atu ykn iyyattuunis hin dhiyeessine. Gama biraatiin garuu Bulchiinsi magaalaa Bulee Horaa beeksisa xalayaa Lakk.489/81 gaafa 04/03/1981 baaseen "Obbo Kifiluu G/Maariyaam manna fi lafa magaalaa Bulee Horaa ganda 01 keessatti argamu haadhaa fi obbolaan kiyya irraa bifa bittaatiin kanan argadhe ilma kiyya dargaggoo Daanyee Kifiluutiif kenneera. Namni mormu yoo jiraate hanga guyyaa 20 itti yoo hin dhiyaanne kennaan sun mirkanaa'ee kan galmaa'uuf ta'uu ni beeksifna" kan jedhu galmee keessatti ni argama. Yaa ta'uu malee beekisisa kanatti aansuudhaan maqaan abbaa qabeenyummaa mana kana kara seera qabeessa ta'een nama Daanyee Kifiluu jedhamutti darbuu isaa ragaan agarsiisu hin jiru. Kana booda garuu namni Obbo Daanyee Kifiluu jedhamu bara 1988 irraa eegalee hanga bara 1996 itti gibira maqaa isaatiin kaffalaa kan ture ta'uu nagaheen gibiraa galmee keessatti ni argama. Bara 1997 haga 2002 itti ammoo mana kanatti maqaa iyyattuu ammaatiin gibirri mootummaa kan itti kaffalaa turte ta'uun hubatameera. Kaartaan maqaa Obbo Daanyee Kifiluutiin hojjetame galmee

kana keessa kan jiru yoo ta'ellee kaartaan kun guyyaa fi lakkoofsa kan hin qabnee fi mallattoo abbootii aangoo barbaachisaa ta'e waan of irraa hin qabneef ragaa rogummaa qabu ta'ee hin argamu.

Kanumaan gara ijoo qabameetti yoo deebinu yaamaan ammaa mana kana dhaalaan abbaa kiyya irraa argadhee utuun itti fayyadamaa jiruu haala hin beekneen iyyattuun gara maqaa isheetti jijjiirsifatteetti kan jedhu falmii ragaadhaan mirkanaa'ee miti. Sababiin isaas yaamamaan mana kana dhaalaan argatee abbaa isaa irraa gara maqaa isaatti kan hin deebifnee ta'uu innuu amma amanaa kan jiru ta'uu caalaa dhaalee maqaa isaatti naanneeffatee itti fayyadamaa kan ture ta'uu ragaan dhiyeesse ykn galmee keessatti argamu hin jiru. Akkasumas yaamamaan iyyattuun haala ani hin beekneen mana kana qabatee maqaa abbaa qabeenyummaa gara maqaa isheetti jijjiirsifte kan jedhus jecha ragaa bitaa fi mirgaa irraa hubachuun akka danda'ametti iyyattuun haadha warraa ilma yaamamaa sababa taateef bara 1994 ilma yaamamaatti heerumtee mana kana keessa sababa kanaan kan seentee ta'uu fi yaamamaanis magaaluma Bulee Horaa keessa kan jiraatu ta'uu waan mirkanesaniif dha. Gama biraatiin abbaan warraa iyyattuu ykn

ilmi yaamamaa (Obbo Daanyee Kifiluu) mana kana kennaadhaan yaamamaa irraa argateera moo miti kan jedhu yoo ilaallu ammoo akkuma aramaan olitti ibsuuf yaalame waliigalteen kenna barreeffamaan taasifame kan hin jire ta'uun hubatameera. Garuu ammoo bulchiinsi magaalaa qaama mootummaa kan ta'ee fi mana kana bulchuuf aangoon kan kennameef yaamamaan mana kana kennaadhaan ilma isaatti waan dabarseef namni mormu yoo jiraate dhiyaatee akka mormii dhiyeeffatu jechuudhan beekisa baaseera. Yaa ta'uu malee bulchiinsi magaalaa kun beeksisa kana baasuuf ka'umsa wanti isaaf ta'e maal akka ta'e ifa hin goone. Garuu ammoo qaamni mootummaa tokko lafumaa ka'ee beeksisa kana baasa jedhanii yaaduunifi tilmaamuun rakkisaa ta'a. Gama biraatiin ammoo beekisa kana hordofees mormiin nama kamirraayyuu dhiyaate hin jiru. Bulchiinsi magaalaa beekisa kana hordofee maqaa gara abbaa warraa iyyattuutti hin jijjiirre.

Maqaan gara abbaa warraa iyyattuutti jijjiiramuu yaa dhabuu malee qabatamatti ammoo abbaan warraa iyyattuu bara 1988 irraa eegalee hanga bara 1996 itti gibira kan kaffalaa ture ta'uu ragaan agarsiisu galmee keessatti ni argama. Waa'ee nagahee gibira abbaan warraa

iiyattuun ittiin kaffalee ilaachisee mormii yaamamaan dhaddacha kanatti dhiyeesse yoo ilaallu gama tokkoon falmiin kun manneen murtii jalaatti kan hin kaane waan ta'eef bu'uura S.F.H.H.Kew.328 (2) tiin dhaddacha kanatti dhiyeessuun kan danda'amu miti. Gama biraatiin ammoo nagaheewwaan abbaan warraa iyyattuu bara 1988 hanga bara 1993 itti gibira kaffalan kan yeroo mootummaa Dargii maxxanfaman ta'uun isaanii ifa yoo ta'ellee nagaheen kana jijjiiruun gahee mootummaa ture malee balleessaa ykn gahee abbaa warraa iyyattuu hin turre. Akkasumas akka yaamamaan jedhu nagaheewwaan kun amanamummaan qabxiin dhowwu dhaddacha kanatti hin mull'anne. Kanaafuu akka waliigalaatti abbaan warraa iyyattuu ykn Obbo Daanyee Kifiluu manaa fi lafa kana kennaadhaan argataniiru moo hin arganne kan jedhu akkuma jirutti ta'ee Obbo Daanyee Kifiluu fi iyyattuun ammaa bara 1988 irraa eegalanii hanga bara 2002 itti utuu addaan hin kutiin ykn walitti fufiinsaan mana kanatti gibira mootummaa maqaa isaaniitiin kan kaffalan ykn gabbaran ta'uun ragaa rogummaa qabuun mirkanaa'eera. Kun ammoo yoo ilaalamu iyyattuu fi abbaan warraa ishee mana kanatti walitti aansuudhaan waggaa 15 maqaa isaaniitiin sammuu abbaa qabeenyummaatiin gibira mootummaa kan kaffalan ta'uu

isaanii waan agarsiisuuf bu'uura S.H.H.Kewt.1168 tiin abbaa qabeenyaa mana kanaa ta'uu isaanii agarsiisa.

Kanaafuu iyyattuu fi Obbo Daanyee Kifiluu manaa fi lafa kana kennaadhaan hin arganne utuu jedhamee illee waggaa 15 walitti aansuudhaan maqaa isaaniitiin gibira waan itti kaffalaniif abbaa qabeenyaa ta'anii utuu jiraanii manneen murtii aanaa fi waliigala Oromiyaa sababa waliigalteen kennaa barreeffamaan hin jiru jedhu qofaan falmii iyyattuu gara tokko utuu hin ilaaliin ykn cinaatti dhiisuudhaan ragaa abbaa qabeenyummaa maqaa iyyattutiin hojjetame haqamee iyyattuun mana falmiif sababa ta'e akka gadlakkistu jechuudhaan murtiin kennan faallaa hiikoo S.H.H.Kewt.1168 ta'ee waan argameef dogoggora seeraa isa bu'uura kan qabu jechuudhaan murtaa'eera.

Ajaja

1. Murtii manni murtii aanaa Bulee Horaa Gal.Lakk. 06782 irratti dhaddahca gaafa 18/10/2002 ooleen kennee fi murtii manni murtii waliigala Oromiyaa dhaddachi dhaabbii Kibbaa Gal.Lakk.118200 irratti dhaddacha gaafa 19/08/2003 ooleen kenne bu'uura S.F.H.H.Kewt.348 (1) tiin diiguud-

haan murtii manni murtii ol'aanaa G/Booraa Gal. Lakk.05586 irratti dhaddacha gaafa 04/04/2003 ooleen kenne sababa isaa jijjiiruudhaan iyyattuu fi abbaan warraa ishee mana kanatti waggaa 15f maqaa isaaniitiin walitti aansuudhaan gibira waan kaffalaniif manni kun kan iyyattuu fi ijoollee iyyattuuti malee kan yaamamaa waan hin taaneef himannaan yaamamaa kufaa ta'uu qaba jechuudhaan murtaa'eera.

2. Manneen murtii jalaa sadan akka beekaniif garagalchi murtii yaa qaqqabu.
3. Baasii fi kisaaraa sababa falmii kanaatiin dhaddacha kanatti iyyattuu irra gaheef yaamamaan qarshii 800.00 (dhibba saddeeti) akka kaffalu murta'eera.
4. Dhorkaan dhaddacha kanarra kennamee tures ka'eera.
5. Galmeen xumura waan argateef cufameera.

Lakk.G.148653

Guyyaa 13/05/2005

Abbootiin Seeraa

1. Bojaa Taaddasaa
2. Tuulii Baay'isaa
3. Abdusalaam Sirraaj
4. Fiixaa Dachaasaa
5. Geetaachoo Taklee

Iyyataan.....Obboo Seefuu Wadaajoo

Waamamaan.... Obboo Mahaammad Abdusalaam

Galmee qorannee murtii kanaa gadii kennineera

MURTII

Galmeen kun banamee dhaddacha ijibbaataa kanaaf dhiyeechuu kan danda'eef iyyataan iyyannoo guyyyaa 11/09/2004 barreessee dhiyeesseen murtiin manni murtii aanaa Masalaa lakk.G.01431 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 10/05/2004 ooleen kenne fi ajajin manni murtii olaanaa godina Harargee Lixaa Lakk.G. 23505 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 22/06/2004 ooleen kenne doggora seeraa isa bu'uura qaba jechuudhaan akka sirratuuf waan gaafateef.

Ka'uumsi dhimmichaa himata himataan jalaa (iyyataan ammaa) himatamaa jalaa (waamamaa ammaa) irratti mana murtii aanichaatti dhiyeesseen yoo ta'uu, himatichis gabaabinaan "himatamaatti lafa hundee bunaa bara 1985 itti kireessee bara 1986 hanga bara 1992tti kiraadhaan osoo itti fayyadamuu bara 1992 hanga bara 1999tti amaanaadhaan itti kennadhee osoon jiruu bara 1999 akka naaf deebisu gaafannaan waan na dideef lafa hundee bunaa koo akka gadi naaf lakkisu naaf yaa murtaa'u." kan jedhuudha.

Himatamaan himannaa irratti dhiyaateef deebii kenneen "himataan lafa bara 1986 harkaa bahe nagaafachuuf mirgi himata dhiyeessuu isaa darbiinsa yerootiin daangeffameera." Jechuudhaan deebii kenneera.

Manni murtii aanichaa falmii fi ragaa bitaa mirgaa erga dhagaheen booda mormii sadarkaa duraa irratti murtiin kenne gabaabumatti "ragoonni gama himataatiin dhiyaatan lafa hundee bunaa kataaraa 8 ta'u bara 1986 himataan himatamaatti waggaa 6 itti kireessuu fi egasi itti fufee dachiin bunaa kun harkuma himataa jiraachuu garuu haala kamiin yeroo kana hundaa harka himatamaa akka itti ture kan hin beekne ta'uu ibsaniiru. Ragaan gama himatamaatiin dhiyaatan immoo lafti falmii

kaaste kun bara 1985 hanga bara 2004tti harka himatamaa kan jiru ta'uu dubbataniiru. Kanaafu falmii bitaa fi mirga irraa akka hubatamutti ashaakiltii bunaa falmiif sababa ta'e himatamaan haala harka isaa itti gale yoo ibsu ni bitadhe yoo jedhu himataan immoo kiraadhaan akka harka isaatii bahe ibsa. Kanas ta'e sana ashaakiltiin kun bara 1986 kaasee waggaa 18f harka himatamaa turuu isaa waan mirkanaa'eef mirgi himata dhiyeessuu himataa bu'uura s/s/ kwt.1845tiin darbiisa yerootiin daangeffameera." Jechuudhaan murtii kenneera.

Iyyataan ammaa murtii manni murtii aanichaa kenne komachuudhaan oliyyannoo mana murtii olaanaa godinaachaatti kan dhiyeeffate yoo ta'uu, Manni murtii olaanaa godinaatis komii oliyyannoo dhiyaateef bu'uura godhatee galmeera erga qorateen booda murtiin mana murtii aanichaatiin kenname hanqina hin qabu jechuudhaan bu'uura AFSS.kwt 337tiin akka cimu ajaja kenneera.

Iyyataan iyyanni aamma dhaddacha kanaaf dhiyeesse gabaabumatti "ashaakiltii bunaa falmiif sababa ta'e kana waliigaltee bara 1986-1992 turuun harka waamamaa kan gale ta'uu ragaan koo mirkaneessee osoo jiruu, wamamaan bara 1985 kaasee akka qabiyyeetti bita-

dheen qabadhe jechuuu malee ragaan kenname bittaa gurgurtaa kana mirkaneessu osoo hin jiraatin, ani abbaa qabiyyee dachii falmii kaasee kana ta'uu koo ragaa abbaa qabiyyee WLEN irraa naaf kenname osoo jiruu, bara 1996 keessaa yeroo lafti safaramus anaaf safaramee osoo jiruu manni murtii jalaa darbiisa yerootiin mirga himannaa dhiyeessuu koo kufaa gochuun isaa dogoggora seeraa isa bu'uuraati." Jechuudhaan murtiin mana murtii jalaa akka diigamuuf gaafateera.

Waamamaan deebii guyyaa 23/02/2005 barreessee dhiyeesseen, lafti fi" bunni falmii kaase kun bara 1985 kaasee hanga ammaatti ana harka waan jiruuf manni murtii jalaa himata iyyataa ammaa darbiisa yerootiin kufaa gochuun isaa kan komachiisuu miti." jechuudhaan murtii mana murtii jalaa akka cimuuuf gaafateera.

Falmiin bitaa fi mirgaan dhiyaate kana yoo ta'uu, nutis galmee qorannee akka ilaalletti ijoo falmii murtii seeraa argachu qabu, dachiin ashaakiltii bunaa ofirraa qabu kun haala kamiin iyyataa harkaa baatee waamamaa harka galtee? Darbiisa yerootiin mirgi abbaa qabiyyummaa dachii ashaakltii falmii kaasee hafuu danda'aa? kan jedhuu fi kkf qabannee dhimmicha seera roga qabu waliin ilaalleera. Farii mana murtii jalaatti dhiyaate irraa

akka hubatamutti dachiin ashaakltii buna falmii kaasee hanga bara 1985tti harka iyyataa ammaa akka ture fi bara 1986 kaasee sababa bittaatiin harka waamamaa galtee hanga ammaatti waamamaa harka jiraachuun hin haalamu. Akka waliigalaatti deebii waamamaan mana murtii aanichaatti dhiyeessee fi falmii amma iyyataan dhaddacha kanatti dhiyeessee irraa akka hubatamutti dachiin hundeen buna falmii kaase kun irra jiru gurgurtaadhaan waamamaa harka kan galeedha. Haa ta'u malee bara 1967 kaasee erga labsiin "lafa qonnaan bulaaf" jedhu bahee asitti labsiin ykn seerri kamiyyuu gurgurtaa lafaa hayyame hin bane. Heera mootummaa federaalaa bara 1987 bahes lafti kan hin gurguramnee fi hin bitamne qabeenyaa mootummaa fi ummataa akka ta'e kwt.40(3) jalatti tumameera. Labsiileen lafaa mootummaa federaalaa fi naannoo oromiyaatiin ergasii bahanillee gurgurataa lafaa hin hayyamani. Shaakiltii lafa waliin gurguruunis lafuma gurguruu akka ta'etti kan lakkaawamuudha. Kanaafuu dachii Ashaakltii bunaa kana gurgurataadhaan iyyataarraa waamamaatti darbuu hin danda'u. Bu'uura heera mootummaa kwt.9(1) jalatti tumameen waliigalteen ykn seerri ykn gochaan namootaa heera mootummaatiin wal-faalleessu kami-

yyuu raawwatiinsa waan hin qabneef waliigalteen bit-
taa gurgurtaa isaan gidduutti raawwatames faallaa heera
mootummaa waan ta'eef waliigaltee diigamaa (void
contract) dha. Waliigaltee diigamaa ykn faallaa heera
mootummaa ta'e immoo bu'uura s/s/ kwt.1845tiin
darbiinsa yeroo hin qabaatu. Darbiinsi yeroo erga hin
jiraannee, qabiyyeen kun sababa waliigaltee seeraan
alaa kanaan harka waamamaa hin galiin dura qabiyyee
iyyataa ta'uun waan hin mormsiifneef waamamaan qa-
biyyee falmii kaase kana iyyataaf gadi dhiisuu qabaata.
Kanaafuu manneen murtii jalaa haala kanaan osoo hin
hubanne waliigaltee diigamaa ta'ee fi heeraa mootum-
maatiin faallaa ta'e irratti hundaa'uudhaan mirgi hi-
mata dhiyeessuu iyyataa darbiinsa yeerootiin daangef-
faameera jedhanii murtiin kennan dogoggora seeraa isa
bu'uuraati jennee diigneera.

Ajaja

1. Murtiin manni murtii aanaa Masalaa lakk.G.01431
ta'e irratti dhaddacha guyyaa 10/05/2004 ooleen
kennee fi ajajin manni murtii olaanaa godina ha-
rargee Lixaa lakk.G. 23505 ta'e irratti dhaddacha
guyyaa 22/06/2004 ooleen kenne dogoggora seer-

aa isa bu'uuraa waan qabuuf bu'uura AFSS.kwt.
348(1)tiin diigameera.

2. Darbiinsi yeroo haala armaan olitti ibsameen waan
hin jirreef, gama biraatii dachii fi hundeen bu-
naa falmii kaase kun harka waamamaa osoo hin
galiin dura qabiyyee iyyataa akka ture waan hin
haalamneef,waamamaan qabiyyee falmii kaase
kan daangaa fi hangi isaa falmii mana murtichaa
keessatti ibsame kana iyyataaf akka gadi dhiisu
murteessineera.
3. baasii fi kisaaraa dhaddacha kanaa waamamaan
iyyataaf qarshii 400 (afur) akka kanfalu jenneera
4. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaatiif
yaa ergamu.
5. Galmeen cufameera.